



*Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee
Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa*

Seera Eegumsa Naannoo

Qopheessitoonni:-

1. *Obbo Kabbaw Birhaanu*
2. *Obbo Geetuu Gaddafaa*

Gulaaltoonni :-

1. *Dr. Dajanee Girmaa*
2. *Obbo Addaamuu Dhufseeraa*
3. *Obbo Waaqgaarii Dullumee*

Caamsaa, 2012

Adaamaa

Baafata

Mata Duree	Fuula
SEENSA WALIIGALAA	6
BOQONNAA TOKKODHIMMOOTA WALIIGALAA.....	7
1.1. Maalummaa fi Barbaachisummaa Naannoo fi Egumsa Naannoo	8
1.1.1. Maalummaa Naannoo fi Eegumsa Naannoo	8
1.1.2. Amaloota Rakkolee, fi Manca'a Naannoo	10
1.2. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Seerota Naannoo	18
1.2.1. Qajeeltoo Ittisu /Prevention/	19
1.2.2. Qajeeltoo Tarkaanfilee of Eggannoo /Precaution/	19
1.2.3. Qajeeltoo Qaamni Naannoo Miidhe Kanfaluu Akka Qabu Akeeku / Polluter Pays /	22
1.2.4. Qajeeltoo Haqummaa fi Walqixxummaa Naannoo /Environmental Justice and Equity/	23
1.2.5. Qajeeltoo Hammattummaa/The Integration Principle/	25
1.2.6. Qajeeltoo Hirmaachisummaa Ummataa /The Public Participation Principle/	25
1.2.7. Dirqama Naannoo Daangaa Isaaniin Alaa Balfuu Irraa Dhorkamuu Biyyootaa (No Harm Rule)	26
1.2.8. Dirqama Waliwaliin Tumsuu, Wal Beeksisuu fi Waliin Mari'achuu Biyyootaa	27
1.2.9. Qabeenya Uummamaa Waliinii, Qabeenya Uummamaa Daangaa Biyyootan Alaa fi Qabeenyota Seenaa Dhala Namaa	29
1.2.10. Qajeeltoo Guddina Itti Fufiinsaa / The Principle of Sustainable Development/	31
1.3. Modeelota Misooma Itti Fufiinsaa fi Eegumsa Naannoo	32

1.3.1.	Modeela Guddina Ittifufiinsaa Mankaraarsaa /The Ideal Sustainability Model /	33
1.3.2.	Modeela Guddina Ittifufiinsaa Jabaa /The Strong Sustainability Model to Enveromental Protection /	34
1.3.3.	Modeela Guddinaa Diinagdaawaa /The Pure Economic Devevelepmet Model to Enveromental Protection/	35
	BOQONNAA LAMA.....	40
	SEERA fi MIRGOOTA NAANNOO.....	40
3.1.	Mirgoota Naannoo fi Heera Mootummaa RDFI, Imaammata Egumsa Naannoo fi Karoora GTP II.....	41
3.1.1.	Heera Mootummaa	41
3.1.2.	Imaammata Eegumsa Naannoo Itiyoophiyaa	45
3.2.	Karoora Guddinaa fi Traansfoormeeshinii I fi II.....	46
3.3.	Mirgoota Naannoo Mirgoota Naannoo Konveenshinootaa fi Waliigaltewwan Adda Addaa Keessatti.....	47
3.3.1.	Mirga Odeeffannoo Argachuu /The Right to Information/	47
3.3.2.	Hirmaannaa uummataa	49
3.3.3.	Mirga Haqa Argachuu.....	50
3.3.4.	Mirga Naannoo Fayya Qabeessaa Keessa Jiraachuu / Environmental Quality /	51
	BOQONNAA SADI.....	52
	MALOOTA HOJII EEGUMSA NAANNOO MIRKANEESSUUF HOJIIRRA OOLUU QABAN	52
3.1.	Gochootaa fi Wantoota Dhoowwuu fi Daangessuu	53
3.1.1.	Gochoota Naannoo Faalan	53
3.1.2.	Itti Fayyadama Qabeenya Baayolojikaalawaa.....	54
3.2.	Oomishaa fi Ulaagaa Adeemsaa Oomishaa	54

3.2.1.	Ulaagaalee Deemsa Oomishaa	55
3.2.2.	Ulaagaalee Oomishaa	55
3.2.3.	Ulaagaalee Balfa Gadi Lakkifamanii	56
3.3.	Waraqaa Ragaa fi Hayyama Dursaa	57
3.4.	Dursa Beeksisuun Hayyama Argachuu	58
3.5.	Sakatta'iinsa Dhiibbaa Haala Naannoo fi Horddoffii	58
	BOQONNAA AFUR	60
	SEERA FALMIIWWAN DHIMMA NAANNOON WALQABATAN BULCHAN	60
4.1.	Qaama Namummaa Seeraa fi Angoo Himachuu Dhimma Naannoo	61
4.1.1.	Qaama Namummaa Seeraa fi Angoo Himachuu Dhimma Naannoo :~ Naannoo akka Qaama Of danda'eetti	61
4.1.2.	Qaama Seerummaa, Mana Murtiitti Diyaachuu fi Dhaloota Boruu	64
4.2.	Falmii Dhimma Naannoo Irratti Dhiyaatu: Haala Namni Faayidaan Uummataa Tuqame Jedhu Kamuu Dhaabbachuu Danda'uun Bilisa Taasisuu	67
4.3.	Himata Mootummaan Yommuu Naannoo Miidhu ykn Hin Ittisin Hafu Dhiyaatu: Himata Keessa Deebii Murtii Mootummaa	68
4.4.	Falmii Seerri Naannoo Bahe Heeraan Walitti Bu'a Jechuun Dhiyaatu	68
4.5.	Himata Mana Murtii Fi Dhaabbilee Amala Mana Murtii Qaban Biroo Addunyaa Biratti Dhiyaatu	70
	Gaaffilee Marii	78
	BOQONNAA SHAN	80
	FALOOTA FALMII NAANNOO KEESSATTI KENNAMAN	80
5.1.	Qajeeltoowwan Tarkaanfiwwan Falmii Naannoo Keessatti Fudhataman	81
5.2.	Fala Heera Mootummaa RDFI'n Kaa'ame	82
5.3.	Fala Bulchiinsaa	83
5.4.	Itti Gaafatamummaa Siivilii	85

5.5. Itti Gaafatamummaa Yakkaa.....	88
Gaaffii Marii	94
BOQONNAA JAHA	96
SEEROTA EEGUMSA NAANNOO BULCHIINSA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA	96
6.1. Sirna Gadaa Oromoo fi Eegumsa Naannoo	98
6.2. Heera Naannoo Oromiyaa fi Eegumsa Naannoo.....	101
6.3. Seerota Naannoo Oromiyaa fi Eegumsa Naannoo	103
6.3.1. Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Labsii Lakk. 213/2011.....	103
6.3.2. Labsii Sakata'iinsa Dhiibbaa Haala Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii lakk.176/2012.....	104
6.3.3. Labsii Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk 138/2008 ...	113
6.3.4. Labsii To'annoo Faalama Naannoo 177/2012.....	116
6.3.5. Labsii Bosonaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 72/1995	129
6.4. Eegumsa Naannoofi Gahee Qaamolee Garaagaraa.....	134
6.4.1. Komishinii Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Federaalaa 136	
6.4.2. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Naannoo Oromiyaa	139
6.4.3. Gahee Abbaa Alangaafi Poolisii	142
6.4.4. Eegumsa Naannoof keessatti Gahee Mana Murtii.....	146
Gaaffii Marii	148
MADDOOTA BARREEFFAMICHAA.....	149

SEENSA WALIIGALAA

Biyyoонни adunyaa hojiiwwan diinagdeen of guddisuu hojjataa turanii fi jiraniin rakkoo miidhama naannoo guddaa bifaa jijiirrama qilleensa naannoon (Climate Change (GW)), manca'a bosonaa fi dhiqama biyyoon (Deforestation and land degradation), faalama qilleensaa, bishaanii fi biyyoon (Pollution (air, water, soil)), haphachuu ozoniin (Ozone layer depletion), fi badiinsa sanyi lubbu qabeeyyii adda addaan (Loss of biodiversity and species extinction) ifu geessisaa jiru.

Kun immoo lubbuu dhala namaa karaa hedduun miidhaa jira. Faalamuma qilleensaa qofa fudhannee hoo ilaalle akka addunyatti dhibeewwan akka miidhama sirna hargansuu (respiratory infections), dhibeewwan onnee (heart disease), kansarii sonbaa (lung cancer), busaa, koleeraa fi kkf fiduun rakkoowwan akka hongee, lolaa, fi kkf fiduun,...waggaan du'aatii namoota miliyoona lamaa oliif sababa ta'a.

Kana irraa ka'uun addunyaan dhimmi eegumsa naannoo dhimma iddo jirenya dhala namaa kan taate dachee baraaruun itti fufiinsa jirenya sanyii dhala namaa baraaruuti yaadama jedhuun hojii gurguddaa hojjachaa jirti. Kanaaf immoo akka gargaaran seeronni, imaammatoonni fi walii galteewwan adda addaa sadarkaa adunyaa, ardii, biyyaa fi naannootti bahanii hojiitti hiikkachaa jiru. Modeelonni guddinaa adda addaa filatamanii hojiitti hiikkachaa jiru. Biyyi teenyas akkasuma naannoon teenya dhugaa kana irraa waan adda ta'e hin qaban.

Kanaafuu barreffamni kun dhugaa kana gabaabbinaan agarsiisuun ogeessonni seeraa leenjii hojiin duraa fudhachuun gara sirna haqaa naannoo keenyaatti makaman dhimma eegumsa naannoo irratti hubannoo gahaa fi haala qabatamaa lafa irra jiru

irratti odeeffannoo guutuu akka argatani gochuuf dandeessisuuf tattaafata. Bu'uruma kanaan xummura leenjii kanaan booda leenjifamtoonni :

- Maalummaa fi barbaachisummaa naannoo fi eegumsa naannoo irratti hubannoo qaban ni gabbifatu;
- Gosoota modeelota eegumsa naannoo fi guddinaa adda addaa adda baasuun ni ibsu;
- Gosa modeela eegumsa naannoo biyyaa fi naannoo keenyaan fudhatame adda baasuun ni hubatu;
- Gahee qaamoleen haqaa eegumsa naannoo keessatti qaban ni hubatu;
- Iddoo eegumsi naannoo seerata adunyaa, ardii, heera mootummaa, fi seerota federaalaa keessatti kennameef adda baasuun ni hubatu;
- Iddoo eegumsi naannoo Sirna Gadaa Oromoo, Heeraa fi Seerota Naannoo Oromiyaa keessatti kennameef adda baasuun ni hubatu jedhameeti eeggama.

1. BOQONNAA TOKKODHIMMOOTA WALIIGALAA

Seensa

Naannoon isaa dhala namaaf waa hunda. Naannoon haala fiizikaalaa, keemikaalaifi baayotikii hunda lubbu-qabeeyyi marsanii argamanifi dhiibaa irratti geessisuu

danda'anii dha. Kutaan barreeffama kanaa dhimmoota walii galaa, garuu immoo kutaa barreeffamichaa itti aananiif akka dhakaa bu'uraatti fayyadan irratti kan xiyyeffatuu dha. Bu'uruma kanaan xummura leenjii kanaa irratti leenjifamtoonni ;

- Maalummaa fi barbaachisummaa naannoo fi eegumsa naannoo gadi fageenyan ni beeku;
- Qajeeltoowwan bu'uraa seerota naannoo ilaallatan addaan ni baafatu;
- Modeelota eegumsa naannoo beekkamoo ta'an adda baasanii ni xiinxalu

jedhameeti eeggama .

1.1. Maalummaa fi Barbaachisummaa Naannoo fi Egumsa Naannoo

1.1.1. Maalummaa Naannoo fi Eegumsa Naannoo

Maalummaa naannoo adda baasuun kaa'uun daangaa dhimmichaa adda baasuuf, seerota dhimmicha irratti raawwii qaban adda baasuu fi hamma itti gaafatamummaa miidhaan gaafa gahu dhufuu maluu adda baasuuf faayidaa ol aanaa qaba. Jechi naannoo jedhu jecha afaan faransaay 'environner' jedhu irraa kan argame yoo ta'u, hiikni isaas waan daangessee jiru (encircle) jechuu dha. Kana irraa ka'uun nannoo jechi jedhu ida'ama wantoota uummama, dhimmoota hawaasummaa fi aadaa jiruu namootaa ykn hawaasaa akka walii galaatti kallattii adda addaan miidhan hammata. Kanaaf rakkoon naannoo cinqama traafikii, yakka, fi faalama sagalee hammachuu danda'a. Akka ji'oograafiin jedhutti immoo naannoон pilaaneetii teenya lafa guutuu ishee hammata jechuu dha. Afaan biraan naannoон haala fiizikaalaa, keemikaalaa fi baayotikii hunda lubbu-qabeeyyii marsanii argamanii fi dhiibaa irratti geessisuу danda'aniidha jechuu dha.¹

Barreeffamoонni adda addaa akka agarsiisanitti akkuma ijoo dubbii saayinsii hawaasaa kan biroo kamitiifuu dhugaa ta'e jecha naannoo jedhuuf hiika tokkoo fi kan hunda biratti fudhatamummaa qabu argachuun nama rakkisa. Walii galteewan, ibsoonni, qajeelfamoонni, fi kkf'n dhimmicha ilaachisee bahan kallattiin ijoo dubbii kanaaf hiika

¹ Judicial Handbook on Environmental Law (UNEP, 2005).

kennuurra wantoota inni hammatu fi hin hammanne, tuquu fi hin tuqne fi kkf kaa'uu irra darbuu filatu.

Ibsoonni akka 'The 1992 Rio Declaration on Environment and Development' jecha kana osoo hiika hin kenniin darbu. Kana irraa ka'uun barreessitoonni hedduun naannoon ijoo dubbii hunduu beeku garuu immoo namuu hiikuu hin dandeenye jechuun kaa'u.²

Walii galteewwanii fi sanadoonni biroo immoo 'naannoo' jecha jedhu ijoo dubbii isaan galmaan gahuuf barbaadan qofa haala giddu galeessa taasifateen akka itti aanu kanatti hiiku. Kanneen keessaa fakkeenyuma fudhachuuuf 'the Declaration of the 1972 Stockholm Conference on the Human Environment (UNCHE)' naanoo jechuun akka wantoota ilmi namaa akka jiraatuu fi mirga namoomaa isaatti qixa barbaachisaa ta'een fayyadamuu akka danda'uuf barbaachisan kanneen uummamaan jiranii fi namni hojjate akka hammatutti kaa'a. Koomishiniin eegumsa naannoo fi guddina addunyaa 'The world commission on environment and development (WCED)' immoo naannoo jechuun iddo nuti jiraannudha jechuun hiika.

Ibsi naannoo fi misooma addunyaa Riyoo bara 1992 taasifama dhimmoota naannoof barbaachisan, eegumsa naannoo ilaallattanii, waa'ee manca'a naannoo fi kkf hedduu kaasu illee naannoo jechuun garuu ifatti maal jechuu akka ta'ee fi maal akka hammatu hin kaa'u. Kana dhiisuun ibsichi qajeeltoo 1ffaa keessatti ilmi namaa mirga jirenya fayyummaa qabu haala uummamaan wal hubateen jiraachuu akka qabu kaa'a.

Konveenshiniin kaawuunsilii awurooppaan dhimmoota itti gaafatamummaa siivilii miidhama naannoo irraa madduu ilaachisee baase naannoo jechuun qabeenya uummamaa naannoo nu jiraannuu hunda lubbu qabeeyyiis ta'ee lubbu dhabeeyyii akka qilleensaa, bishaanii, biyyoo, fi kkf akkasumas walitti dhufeenya kanneen hunda jidduu jiruu, aadaa fi haala teessuma lafaa illee akka hammatu kaa'a.³

² Caldwell, International environmental Policy and Law (1st edn. Durham, NC, 1980), 170.

³ The Council of Europe Convention on Civil Liability for Damage Resulting from Activities Dangerous to the Environment which was done at Lugano, 21 June 1998, Art.2.10

Gara seeraa biyya keenyatti yommuu deebinu labsiin koomishinii eegumsa naannoo federaalaa hundeessuuf bahe⁴ jecha naannoo jedhu

The totality of all materials whether in their natural state or modified or changed by human, their external spaces and interactions which affected their quality or quantity and the welfare of human or other living beings, including but not restricted to, land, atmosphere, weather and climate, water, living things, sound, odor, taste, social factors, and aesthetics.

jechuun hiikee jira.

Dhimmi biraa sadarkaa kanatti ifa ta'uu qabu gaalee eegumsa naannoo jedhuu dha. Kunuunsa naannoo jechuun taatee namoonni dhuunfaa, dhaabbileenii fi mootummaan naannoo uummammaa eeguuf taasisanii dha.⁵ Kaayyoon taatee kanaa qabeenya uummamaa fi naannoo uummamaan jiru eeguu, fi hanga danda'ametti naannoo manca'ee fi miidhame iddootti deebisuu fi haala jiru boodatti deebisuu hammata.⁶ Kana jechuun, kunuunsa naannoo jechuun kunuunsaa fi eegumsa naannoo keessa jiraannuuf nageenyummaan isaa sadarkaa fayyummaa kaa'amee gadi akka hin buuneef oomisha wantoota naannoo falanii gadi buusuun taasifamuu dha.⁷

1.1.2. Amaloota Rakkoolee, fi Manca'a Naannoo

⁴ Tsegai Berhane and Merhatbeb Teklemedhn Mekelle University Faculty of Law, April 2008. Page of 189

⁵ "Environmental-protection dictionary definition | environmental-protection defined". yourdictionary.com. Retrieved 2018-11-21.

⁶ "What is ENVIRONMENTAL PROTECTION? definition of ENVIRONMENTAL PROTECTION (Black's Law Dictionary)". The Law Dictionary. 2012-10-19. Retrieved 2018-11-21.

⁷ According to Glossary of Environment Statistics the term “environmental protection” can be defined as the prevention to conserve and preserve the standard healthy level of environmental media by reducing the production of pollutants or polluting substances in environmental media (1997, internet).

1.1.2.1. Amaloota Rakkolee Naannoo

Eegumsii fi fooyya'iinsi naannoo jirenyaa dhala namaa kutaa addunyaa iddoo kamittiyyu dhufu haala jirenyaa fi guddina dhala namaa guutuu addunyaa kanaa hunda irratti miidhaa guddaa qaba. Kana irraa kan ka'e seenaa dhala namaa keessatti yeroon itti hundi keenya akka addunyaatti gocha keenya too'achuun naannoona keessa jiraannu deemsa seera uummamaan akka of toohattee itti fuftu taasisuuf dirqamnu gahee jira.⁸

Kun sababni jedhamuuf naannoo keessa jiraannu keessatti walitti dhufeenyi wantoota lubbu dhabeeyyi fi lubbu qabeeyyi jiduu jiru guddaa fi jijijiirramaa dha. Walitti dhufeenyi kun geengoo uummamaa walirratti hirkataa uumuun lubbuun akka itti fuftu taasia. Geengoon walitti dhufeenyi akka kanaa kun kan jiraachuu danda'u naannoo uummamaa hin jeeqamne keessatti qofa; akka carraa ta'ee geengoon walitti dhufeenyaa madaalawaa uumaan jiru kun lafa irra jiraannu kana irratti akka lubbuun itti fuftuuf ulaagaa isa jalqabaati.⁹ Kana irraa kan ka'e dhalli namaa gochi inni raawwatu kan madaallii fi seera uummamaan walitti hin buune ta'uu isaa mirkaneeffatuu qaba. Ta'uu baannan ilmi namaa gocha uummama miidhu raawwatuuf hojii harka isaa argachuun hin ooluuf.¹⁰

Chaartariin addunyaan uummama eeguuf mallateessites dhuguma kana irra deebi'uun kaasa. Chaartarri kun dhalli namaa akka qaama uummamaa ta'ee fi jirenyi lubbu qabeeyyii lafa kana irraa immoo sirna irra deddeebii adda hin cinne kan anniisaa fi soorata maddisiisu irratti akka rarra'e ibsa.¹¹ Kana jechuun uummama irraa dhalli

⁸ H.M. Dix, Environmental Pollution, (Published in Chricheter New York Bribana Toronto, 1981), P.8.

⁹ Kanuma

¹⁰ Environment and Heritage, Professional and Topical Issues I and II, Module 1, Distance Education Division, St. Mary's College, 2005, P.81.

¹¹ The World Charter for Nature, Adopted and Solemnly Proclaimed by the United Nations General Assembly, On 28 Oct. 1982.

namaa qanani'ee jiraachuu kan danda'u sirni uummamaa lubbuuf bu'uura ta'e fi garaagarummaan lubbu qabeeyyii amma sababa dhalli namaa uumaa amma isheen baachuu dandeessuu ol fayyadamuurra kan ka'e rakkoo hamaaf saaxilame kun yoo jiraate qofa dha.

Dhalli namaa qaama sirna uummamaati; qaama naannooti. Gochi keenya naannoo ni miidha; nus immoo darbiin ittiin miidhamna.¹² Kun ta'uun isaa immoo sirni dursee miidhaa naannoo irra gahuu danda'u ittiin beeknu fi miidhaawwan dhaqqabaniif hamma danda'ameen dursi kennameefii srrachaa deemuun itti danda'amu akka hojiirra oolu dirqama taasisa. Kun hin ta'u taanan miidhaan dhaqqabu sadarkaa of booddeetti deebi'uu hin dandeenye, deebi'as yoo ta'e gatii xiqqaan hin yaallamne irra gahuu danda'a.¹³ Waan kana ta'eef naannoon uummamaa keessa jiraannu gochoota dhala nama ishee miidhuu danda'aniin akka hin mancaane eeguu hin dandeenyu ta'a taanaan naannoon uummamaa gocha dhala namaan yeroo dhihoo keessatti manca'uun sadaarkaa jireenyi lubbuu pilaanetii teenya irraa gaafii keessa galuu danda'u irra gahama jedhameet sodaattama.¹⁴

Kana irraa kan hubatamu miidhamni naannoo irra gahu jirenyi dhaloota ammaas ta'ee dhufaa gaafii keessa akka garchuu dha. Dhugaa kana seensi Ibsa Tokiyoo Haala Faaynaansii Naannoo Addunyaarratti bahee akka itti aanu kanatti kaa'ee argama:¹⁵

Human future is at risk due to wasteful pattern of production and consumption in industrialized countries and pervasive poverty and population growth in

¹² J. Weiss, Environmental Change and International Law: New Challenges and Dimensions, (United Nations University Press, 1988), P.15.

¹³ J. Weiss, Environmental Change and International Law: New Challenges and Dimensions, (United Nations University Press, 1988), P.15.

¹⁴ Lawrence John, The Global Environment, (Published in Mangrove Law Institution, 1971), P.33.

¹⁵ Tokyo Declaration on Financing Global Environment and Development, Held in Tokyo from 15 to 17 April 1992.

developing countries which are primarily leading to the destruction of the earth's ecological base.

Ibsi Tookiyoo kun miidhamni naannoo irra gahaa jiru qabeenya uummamaa haala itti fufiinsa hin qabneen itti fayyadamuu irraa fi guddina uummataan akka dhufaa jiruu, fi miidhamni kun immoo jireenyaa fi itti fufiinsa dhala nmaa biyya lafaa kanaa hunda qofa osoo hin taane lubbu qabeeyyi mara kan gaaffii keessa galchu akka ta'ee dha.¹⁶

Dhugaawwan kunnin akka agarsiisanitti dhalli nmaa naannoo uummamaa keessa itti fufiinsaan jiraachuu kan danda'u wanti inni naannoo uummamaarraa fudhatu kan isheen kennuu dandeessuu ol hanga hin taanetti qofaa dha.¹⁷ Bara jijiirrama industirii irraa qabee fedhiin dhalli nmaa qabeenya uummamaa fayyadamuuf qabu guddachaa dhufeera; guddinni teekinolojii biyya lafaa kana irratti uummamaa dhufes akkaata dhalli nmaa qabeenya uummamaa itti fayyadamu salphisuun fedhiin qabeenya uummamaaf jiru akka ol ka'u taasisaa dhufee jira. Kun immoo naannoon uummamaa hanga kennuu dandeessuu ol kennuuf akka dirqamtu taasisaa jira.¹⁸

Bara kana keessa dorgommiin biyyoonni qabeenya uummamaa hojii misoomaa gaggeessaniif fayyadamuuf taasisan naannoo uummamaa akka malee akka miidhamtu taasiseera. Gochi biyyootaa kun naannoo uummamaa madaallii dhoowwaa jira.¹⁹ Kana irraa kan ka'e yeeroon itti beekkumsii fi gaarummaan dhaloota har'aa itti qoram gahee jira.²⁰

¹⁶ Mekete Tekle, The Right to a Healthy Environment: International and National Perspectives, Nairobi, April 1995, P.68.

¹⁷ Henderson, supra note 8, P. 430.

¹⁸ Peter S. Menell and Richard B. Stewart, Environmental Law and Policy, (Published by Little, Brown and Company, 1994). P.11.

¹⁹ P.D. Sharma, Ecology and Environment, (Published by Rakesh Kumar Rastogi, 1998). P.415.

²⁰ P.D. Sharma., P. 389.

Kanaaf, dhala namaa badiinsarrraa oolchuuf, ilmi namaa mala hojiin misoomaa guddinaaf hojjatamu naannoo uummamamaa osoo hin miidhiin haala naannoo uummamamaa kabajeen itti hojjatamu hordofuu qaba. Sababni isaas dhalli nmaa kan jiraachuu danda'u haala naannoo amala murtaa'aa qabu keessa qofaa dha. Kanaaf karoorri misoomaa fi guddinaa kamiyyuu taanan dhimma eegumsa naannoo ilaalcha keessa kan galche ta'uu qaba.²¹ Dhimmi eegumsa naannoo qaama karoora guddinaa ta'ee laallamuu qaba malee akka waan addatti ilaallamee addatti hojjatamuun hin qabu.

Mala misoomaa kana hojiirra oolchuuf hojiin guddinaa/misoomaa fi kunuunsa naannoo adda baasuun ilaaluun hin danda'amu hubanno jedhu gabbifachuun murteessaa dha.²² Kun hin ta'u taanaan misoomni hawaasummaa fi diinagdee hojjatamu kamiyyuu taanaan yoo xiqqaate sababoota lamaaf itti fufiinsa hin horatu.²³ Jalqaba irratti naannoon uummamamaa manca'a yoo ta'e itti fufiinsaan hojii misoomaa hojjachuuf galteen barbaachisu ni rakkisa. Lammata irratti mancaatiin naannoo uummamamaa irra sababa hojii maqaa misoomaan akka feeteen hojjatamuun gahu fayyaa fi lubbuu nmaa akka malee miidhuun walitti dhufeenyaa hawaasummaa, nageenyaa fi jirenyaa baramaa dhala nmaa jeeqa.

Iddoo kanatti miidhama naannoo irra gahu haala guutuu ta'een hubachuuf mancaatii naannoo uummamamaa irra gochoota dhalli nmaa hojii misoomaaaf jecha raawwatuun ala gahu kaasuun ilaaluun gaarii dha. Gochoonni itti yaaddamanii raawwataman kanneen akka kanaa keessa inni tokko mancaatii naannoo irra sababa lolaan dhaqqabuu dha.²⁴ Lolli guutuu naannoo uummamamaa mancaasuu danda'a.²⁵

²¹ Id

²² P.D. Sharma, P.331

²³ Ethiopian Wildlife and Natural History Society, Addis Ababa Environmental Education Project Training Manual, March 2002, P. 124.

²⁴ Arthur Westing, Environmental Warfare in Environmental Law, (Bol.15, 1985), P. 645

Kanaan dura gochoonni naannoo uummamaa faalan idduma itti raawwataman sanatti bu'aan isaas mul'ata ture. Amma amma garuu miidhaan naannoo irra gahu guddachaa fi dabalaan dhufuu isaa irraa kan ka'e wantoonni alagaa naannoo faalan heddumminaan naannoo uummamaa seenaa jiru. Bu'aan isaan hordofsiisanis akkasuma guddachuun sadarkaa addunyaa fi ardiitti dhagahamuu qabee jira.²⁶Kana irraa kan ka'e miidhaan sababa manca'iinsa naannoo uummamaan dhufu bal'ina , guddina fi iydolojii isaan hordofan irratti osoo hin hundaahiin biyya hunda dhimma ilaallatu ta'aa dhufee jira. Rakkichi rakkoo dhala namaa hundaati; falli isaas kan jiru dhala namaa huda harka malee biyya kana ykn sana, dhaabbata kana ykn sana qofa harkaa miti.²⁷

1.1.2.2. Barbaachisummaa Eegumsa Naannoo

Gaaffiin eegumsa naannoo bal'inaan kan kahuu eggalee bara 1960'n keessa. Yeroo kanaa eggalee dhimmichi dhimma ijoo ta'aa dhufee jira. Bara kana biyyoonni, dhaabbileen addunyalessaa, fi namoonni dhuunfaa kamiyyuu taanan naannoo uummamaa fi dhala namaa kunuunsuun ykn caalaa manca'aa akka hin deemne eeguun barbaachisaa akka ta'e sirritti amanu. Dura garuu rakkichi sababoota sadiif hin hubatamne ture:²⁸

Inni calqabaa guddini warshaa hanga kana baay'ee waan hin turreef naannoo irra balaa guddaa hin geessisne ture. Inni lammataa biyyoonni rakkicha dafanii hubachuun fala kaa'uuf deemuu irra rakkoo addunyaawaa ta'e kanaaf fala baramaa kaa'uuf yaalaa turuu isaaniti. Faalama naannoof fala kennuu irra mirga birmadummaa biyyootaa

²⁵ Brown Weiss, The Contribution of Human Rights Law to Environmental Protection with special Reference to Global Environmental Change, (Published in Cancado Tridade, 1988), P. 261.

²⁶ Raymond F. Dashman, Environmental Conservation, (Third Edition, Printed in the United States of America, 1998), P.3.

²⁷ P.S. Jaswal and Nishtha Jaswal, Environmental Law: Environmental Protection, Sustainable Development and the Law, (Published by Allahabad law agency, 1999) p.101

²⁸ Antonio Cassese, International Law (Oxford: Oxford University Press, 2001), at 375.

kaasuu, biyyooni hundi hedduun fedha dhuunfaa isaanii ari'uurratti xiyyeffachuu, biyyooni dhimma diinagdee, siyaasaa fi ayidolojii dhuunfaa dhuunfaa isaaniif iddo guddaa kennuun isaaf hojjachuu, haala biyyooni qabeenya uummamaa fi waan daangaa isaanii keessa jiru itti bulchan biyyuma sanaaf dhiisuun rakkoo dhala namaa hundaaf iddo guddaa kennuun dhiisuun mul'achaa ture. Inni sadaffaan hawaasni addunyaa guddinni industrii fi waraanaa naannoodhaaf balaafamaa akka ta'e hin hubanne ture.

Kanas ta'ee sana gaaffii naannoo eeguun maaf barbaachise jedhuuf deebii gahaa argachuun dhimma salphaa miti. Deebiin isaa haala isaa irratti hundaa'a. Naanna'ee naanna'ee garuu sababni naannoo eeguun barbaachiseef sanyuma dhala namaa mataa isaa miidhaa irraa oolchufiidha (anthropocentric) dhimma jedhuun wal qabata. Dhugaan kun ifatti Koonfaransii Stockholmitti bara 1972 gaggeeffame irratti haala kanaan ka'ee jira:²⁹

Man is both creature and molder of his environment, which gives him physical sustenance and affords him the opportunity for intellectual, Spiritual, moral and social growth.

Haaluma wal fakkaatuun Ibsi Naannoo fi Guddinaa Rio bara 1992 gaggeeffame '*Human beings are at the center of concerns for sustainable development*' jechuun ibsee jira. Seensa Konveenshini luubu qabeeyyii addunyaa eeguuf bara 1992 bahe 'the 1992 Convention on Biological Diversity' barbaachisummaa eegumsa naannoo akka itti aanutti ibsee jira:

Conscious of the intrinsic value of biodiversity and of the ecological, social, economic, scientific, educational, cultural, recreational and aesthetic value of biological diversity and its components, conscious also of the importance of biological diversity for evolution and for maintaining life-sustaining systems of the biosphere (holistic approach to environment protection).

²⁹ The Preamble of the United Nations Declaration on Human Environment, Adopted in Stockholm in June 1972

Dhufaatiin mirga naannoo namoota dhuunfaa sababa guddaa naannoo eeguun barbaachiseef keessaanisa duraati. Bara kana keessa rakkoon naannoo keessa jiraannu irra gahaa jiruu fi jijiirramni mul'achaa jiru gocha dhalli namaa naannoo irratti raawwataa jiruu fi akkaataan itti fayyadama teekinoljii hammayyaa sirrii ta'uu dhabuu irraa kan ka'e baay'achaa fi saffisa guddaan dabala jira. Kanaaf gama tokkoon fedhiin naannoo keessa jiraannu kunuunsuu fi tursuuf jiruu fi gama biraan immoo naannoo keessa jiraannu irraan miidhaa gahuun fedhii dhala namaa guutuu jidduutti wal dhabbi guddaatu mul'achaa jira.

Gochoonni dhala namaan naannoo uummamaa irratti raawwatamaa jiraniin naannoo irra miidhaawan ciccimoon kanneen akka jijiirramuu haala qilleensaa baramaa fi hoo'uu addunyaa, cirama bosonaa fi dhiqama biyyoo, faalama (qilleensaa, bishaanii, biyyoo), haphachuu ozoonii, fi dhabiinsa lubbu qabeeyyii fi badiinsa sanyii fi kanneen kana fakkaatan geessisaa jira. Sababni miidhamuu naannoo dhalli namaa keessa jiraatu kana irra gahan kanneenii gochuma dhalli namaa mataan isaa fedhii diinagdee isaa guuttachuuf nannoo keessa jiraatu irratti raawwatu dha. Dhalli namaa fedhii diingdee isaa guuttachuuf gochawan adda addaa gaafa raawwatu gama tokkoon hojii hojjatuun faalama naannoo kana hin jedhamne fiduun gama biroon immoo qabeenya uummamaa akka malee duguguun itti fayyadamee mancaasuun naannoo irra miidhama gahaa jiruuf sababa ta'aa tureera; ta'aas jira.

Kun immoo naanna'ee naanna'ee dhaluma namaa mataa isaa karaa bal'ina qabuun miidha. Waan ta'eef dhimmi eegumsa nannoo dhimma of baasuuti. Dhimma kana caalatti ifa taasisuuf sababoota barbaachiseef tokkoo tokkoon kaasnee gabaabbinaan haa ilaallu. Miidhaawan naannoo irra sababa gocha namaan dhaqabuu fi jirenyaa dhala namaa miidhu keessaan inni jalqabaa faalama naannooti. Faalamni naannoo qophaan isaa wagga tokkotti qofa du'aatii namootaa yeroo isaa malee uummammu tilmaaman miliyoona lama ta'uuf sababa. Faalamni qilleensaa dhiveewwan sirna hargansuu miidhan, Onnee miidhan, fi kaansarii sombaa fiduun du'aatii miliyonotaaf sababa ta'a. Jijiirramni qilleensa baramaa gogiinsaaf, uummama lolaaf fi kan kana fakkaatuuf sababa ta'uun badiinsa qabeenya fi lubbuu hedduuf sababa ta'a. Kana malees jijiirramni haala qilleensa baramaa uummamuu dhiveewwan akka koleeraa fi

busaaf sababa ta'uun du'aatii lubbuu hedduuf sababa ta'aa jira. Kanaaf dhimma eegumsa naannoo irratti hojjachuun dhimma hojii hojjachuuf qofa hojjatamu qofaa miti. Dhimmichi dhimma itti fufiinsa pilaaneetii tanaan wal qabatuu dha. Dhimma jiraachuu fi dhiisuu dhala namaati.³⁰

Haala qabatamaa biyya keenyaas yoo ilaalle, uwvisni bosonaa biyyattii jalqaba jaarraa 2Offaa lafa biyyattiin qabdu keessaa parsantaa 40 hanga jaatamaa akka gahu ragaawan ni agarsiisu. Uwwisni bosonaa biyyattiin amma qabdu immoo hanga 15 qofa. Gogiinsa, jijiirramaa haala qilleensaa baramaa, dhiveewwan faalama naannoo fi sababoota biroon uummamaa jiran, dhiveewwa bishaan fayyadamnu irraa kan ka'e uummamaa jiran kanneen akka koleeraa fa'a ilaaluun barbaachisummaan eegumsa naannoo hammam murteessaa akka ta'e agarsiisa.

1.2. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Seerota Naannoo

Akka addunyaatti sirnoota seeraa naannoo ilaachisee jiru ilaalla yoo ta'e qajeeltoowwan bu'uraa akka walii galaatti seerotaa fi sirnoota dhimmicha ilaallatan abbooman adda baasuun kaa'uun ni danda'a.³¹ Akka addunyaatti qajeeltoowwan bu'uraa gosa lamatu jira.³² Gosti jalqabaa qajeeltoowwan walii galaa seera addunyaa yoo ta'an isaaniis qajeeltoowwan walii galteewanii fi seerota aadaa addunyaa irraa maddanii dha. Gosti inni lammataa immoo qajeeltoowwan addaa addatti seerota addunyaa dhimma addaa ilaallatan (seera galaanaa, seera namoomaa, seera itti gaafatatummaa biyyootaa fi kkf) irratti raawwatatummaa qabanii dha.

³⁰ Essays, UK. (November 2018). Importance Of Environmental Protection Essay. Retrieved from <https://www.ukessays.com/essays/environmental-sciences/the-importance-of-environmental-protection-environmental-sciences-essay.php?vref=1>

³¹ Antonio Cassese, International Law, (Oxford University Press, 2001) at 151.

³² Ibid

1.2.1. Qajeeltoo Ittisu /Prevention/

Muuxxannoo fi qorannoowwan saayinsaawaa jiranii fi gaggeeffaman akka agarsiisnitti naannoon osoo hin miidhamin dura dursanii ittisuun qajeeltoo naannoo isa ijoo dha. Al alii takkaa miidhaan naannoo irra gahee jennaan iddootti deebisuun gonkuma hin danda'amu. Badiinsi sanyii lubbu qabeeyyii, dhiqamni biyyoo, fi balfa galaana keessatti gataman rakkoo walxaxaa fi ofbooda deebisuun rakkisu uuma. Rakkoon dhaqqabu ni of booda deebi'a osoo ta'eeyyuu gatii guddaa gaafata. Yeroo hedduu balaa dhufuu dandahu hunda hambisuun hin dandahamu. Yeroo haalli akka kanaa kun quunnamutti ta'uu kan qabu balaa gahuu danda'u hamma danda'ameen akka xiqlaatu taasisuuf tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban haala mirga namoota biraa fi naannoo hin miineen fudhachuu dha.³³

Ittisuun hojiiwwan faalama naannoo hambisuuf ykn hir'isuuf yaadamee meeshaalee dheedhii, mala ykn teekinolojii oomishaa jijiiruun idduma gochi naannoo miidhu itti raawwatutti hojjatamuu dha. Ittisuun yeroo tokko tokko bu'aa qabeessummaa warshaa dabaluun, balfa hir'isuun fi itti gaafatamummaa xiqlaatuun warshaaleef / industiriif bu'aa diinagdee ol aanaa fiduu danda'a. Mootummaan illee hojii seerota fi qajeelfamoota dirqisiisoo faalama naannoo ilaallatan hojirra oolchuun dabalata tarsiimoo fi sagantaawwan barnootaa fi hojii dursaan faalama naannoo ittisuun ilaallatan irratti hojjachuu qaba.

1.2.2. Qajeeltoo Tarkaanfilee of Eeggannoo /Precaution/

Qajeeltoon kun qajeeltoo boyyoonni hojii misoomaa hojjatan kamuu tarkaanfilee of eeggannoo miidhama naannoo hambaniin deegaramanii akka hojjachuu qaban lafa kaahuu dha. Keessumaayyuu qajeeltoon tarkaanfilee of eeggannoo yaadamoota itti aanan kanneen waliin hidhata guddaa qajeeltoo qabuu dha: 1) miidhaan gochi ta'e tokko naannoo irratti fiduu danda'u bifaa saayinsaawaa ta'een adda hin baane;

³³ *Solothurn v. Aargau*, Switzerland Bundesgericht (Federal Tribunal), 1 Nov. 2000.

mamsiisaa dha sababoonti jedhan tarkaanfii naannoo ilaachisee fudhatamuu qabu tokko fudhachuu dhiisuuf akka sababaatti dhiyaachuu akka hin qabne; 2) tarkaanfileen eegumsa naannoof fudhataman kamuu yaada sammuu gaarii ta'een ilaallamee fudhatamuu akka qabu; 3) qaamoleen hojiiwwan carraa naannoo miidhui ol aanaa qabu hojjatan dirqama gochi isaanii kan naannoo hin miine ta'uun agarsiisuu qabu; fi 4) biyyoonti oomishni tokko naannoo irraan miidhaa ni gaha jedhanii yoo amanan biyya keessa akka hin galle dhorkuu ni danda'u kanneen jedhanii dha.³⁴

Qajeeltoon kun gochi kamiyyuu dhiibbaan inni naannoo irratti qabu karaa saayinsaawaa ta'een ilaallamee tarkaanfiin of eegganno dursa fudhatamuu akka qabu kaa'a. Seenaan isaa yoo ilaalle qajeeltoon kun bara 1980 irraa qabeeti hojiirra ooluu eeggale. Ibsi Rio dhimma kana akka itti aanutti kaa'eera:³⁵

In order to protect the environment, the precautionary approach shall be widely applied by States according to their capabilities. Where there are threats of serious or irreversible damage, lack of full scientific certainty shall not be used as a reason for postponing cost effective measures to prevent environmental degradation.

Qajeeltoo kana ilaachisee ijannoona adda addaa jiraatu illee, manneen murtii biyyoota hedduu qajeeltoo tarkaanfilee of eegganno seerota naannoo sadarkaa addunyaa keessatti calaqqisan bu'ura godhachuun murteewan yoo kennan mul'atu. Fakkeenyuma kaasnee ilaaluuf Manni Murtii Arjantiinaa sararri human ifaa diriiraa ture hatatamaan akka dhaabbatuu; hojichi hanga himatamaan gabaasa miidhaa 'electromagnetic field'n projekticharraa dhufu qabu fi tarkaanfilee miidhaa kana maqsan ykn hir'isan hammate qaama dhimmi isa ilaallatu faana ta'uun qopheesee dhiheessutti akka adda citu ajajee jira. Manni Murtichaa kun ifatti qajeeltoo

³⁴

³⁵ The 1992 Rio Declaration, Principle 15

tarkaanfilee of eeggannoo seerota biyyattii fi addunyaa dhimmicha ilaallatan keessa jiru hojiirra oolchaa akka jiru ibseera.³⁶

Haaluma wal fakkaatuun ‘The European Court of Justice’n murteewwaan miidhaa naannoo irraa gahan akka fayyaa namaa irraan miidhaa hin geenyे ittisuuf kaayyeffate yoo dabarsu qajeeltoo kanaan kan hoogganame akka ta’e argina. Murteewan akka kanaa keessaa murteen Manni Murtichaa Gamtaan Awuroopaa foon loonii fayyaa namaa irraan miidhaa gahuu dandahu akka alatti hin ergamne jechuun dhorkuun isaa sirriidha jedhee murteesse isa duraati. ³⁷ Murteen Mana Murtichaa akka itti aanu kanatti dhimma beekkamaa ‘the NFU case³⁸’ jedhanamu irraa dubbifama:-

At the time when the contested decision was adopted, there was great uncertainty as to the risks posed by live animals, bovine meat and derived products. Where there is uncertainty as to the existence or extent of risks to human health, the institutions may take protective measures without having to await the reality and seriousness of those risks to become fully apparent

Dhimma Waldaa Daldala Bilisaa Awurooppaa irratti Manni Murtichaa miidhaan gahuu dandaha waan taheef of eeggannoон dursaa fudhatamuu qaba jechuun murteessuuf dirqama beekumsa saayinsaawaa kan yeroo kamuu dhugaa ta’e qabaachuun hin barbaachisu. Raga saayinsii fi beekumsa yeroo dhuma sana jiru irra dhaabbachuun wanti shakkamu jira taanaan tarkaanfii of eeggannoo fudhachuun akka danda’amu manni murtichaa agarsiisee jira. Manni murtichaa ijoо dubbii kana gaafa kaahu haala itti aanuun sababeesse:³⁹

³⁶ Asociacion Coordinadora de Usuarios, Consumidores y Contribuyentes v. ENRE-EDESUR, Federal Appellate Tribunal of La Plata (2003).

³⁷ Case C 180/96, *United Kingdom v. Commission*, [1996] ECR I-3903, para. 83; Case T-76/96 R, *National Farmers' Union* (NFU) [1996] ECR II-815, para. 88.

³⁸ Id, para, 63.

³⁹ Case E-3/00, *EFTA Surveillance Authority v. Norway*, paras.16, 21.

Such restrictive measures must be non-discriminatory and objective, and must be applied within the framework of a policy based on the best available scientific knowledge at any given time. The precautionary principle can never justify the adoption of arbitrary decisions, and the pursuit of the objective of ‘zero risk’ only in the most exceptional circumstances.

1.2.3. Qajeeltoo Qaamni Naannoo Miidhe Kanfaluu Akka Qabu Akeeku / Polluter Pays /

Qajeeltoon kun qajeeltoo dhaabbata ‘the Organization for Economic Cooperation and Development (OECD)’ jedhamuun tarkaanfachuu eeggale yoo ta’u, qajeeltoon kun qaamoleen mootummaa gatii miidhama naannoo irra dhaabbilee dhuunfaan dhaqqabe deebisanii misoomsuu fi too’achuuf barbaachisu kanfaluu akka hin qabne akeekuu dha. Qajeeltichi gatii miidhama naannoo irraa dhaabbilee misoomaa dhuunfaan dhaqqabu kan kanfaluu dhaabbiluma dhuunfaa kana ta’uu akka qabu akeekuu dha.⁴⁰

Haala qabatamaa tureen, gatiin miidhaa naannoo irra faalmaan dhaqqabu kan haguuggamu warra faaleen osoo hin taane hawaasa bal'aadhan ture. Haala itti gatiin faalamni nannoo fidu hawaasa bal'aa irratti itti kufu agarsiisuuuf warshaa balfa laga keessatti gad lakkisu fudhannee haa ilaallu. Yoo xiqaate hawaasni bal'aan gatii faalama naannoo karaalee sadiin kaffala; 1) lagni xuraa'ee hawaasa gara jalaa jiru irraan miidhaa bal'aa gaha; 2) hawaasni gara gadii jiru laga faalame quleessuuuf gatii baasuu mala; 3) balfaan hojii naannoo balfu akka too'atuuf hawaasa irraa deeggarsa argachuu danda'a waan ta'eef isaan kunniin gatii hawaasni baasuu dha.

Tokkoon tokkoon gocha naannoo balfuun hawaasni balfamuu naannootiini fi naannoo balfameen miidhaa dhufuu malu hambisuuf ykn akka hir'atuuf mala dandeessisu diriirsuuf jecha gatii baasa. Qajeeltoon kan balfet kanfaluu qabaa gatii sababa balfamuu naannoona dhufu hunda qaamni balfet akka kaffalu taasisuun /internalize/ hawaasa

⁴⁰

gatii baasuu irraa oolchuuf tattaafata. Yeroo ammaa kana iddo hedduutti dhaabbileen gatii sababa balfama naannoona dhaqqabu too'achuuf barbaachisu gatii meeshaa oomishanii ykn tajaajila kennanii irratti dabaluun gara fayyadamtoota dhumaatti dabarsu.⁴¹

1.2.4. Qajeeltoo Haqummaa fi Walqixxummaa Naannoo⁴² /Environmental Justice and Equity/

1.2.4.1. Qajeeltoo Haqummaa Naannoo (Environmental Justice)

Qajeeltoon haqummaa qajeeltoo abbootiin aangoo gaafa hojii naannoona wal qabtu hojjatanii fi bulchan haala bu'aan isaas dhiibbaan isaan (all the benefits and burdens) lammilee hunda haala wal fakkaatuun dhaqqabuun hojjachuu akka qaban akeekuu dha.

Qajeeltoo kana ilaalchisee murtii manni murtii ol'aanaa biyya Indiyaa murteesse fakkeenya gaarii dha:⁴³

Public nuisance because of pollutants being discharged by big factories to the detriment of the poorer sections is a challenge to the social justice component of the rule of law. Likewise, the grievous failure of local authorities to provide the basic amenity of public conveniences drives the miserable slum-dwellers to ease in the streets, on the sly for a time, and openly thereafter, because under nature's pressure, bashfulness becomes a luxury and dignity a difficult art. A responsible Municipal Council constituted for the precise purpose of preserving public health and providing better facilities cannot run away from its principal duty by pleading

⁴¹ *Indian Council for Environmental Legal Action v. Union of India*, AIR 1996 SC 1446 (1996), 2 SCR 503, 3 SCC 212 (1996).

⁴² Judicial Handbook on Environmental Law (UNEP Publication, 2005) at 23.

⁴³ Supreme Court of India, *Ratlam Municipality v. Vardhichand*, AIR 1980 SC 1622.

financial inability. Decency and dignity are non-negotiable facets of human rights and are a first charge on local self-governing bodies.

1.2.4.2. Qajeeltoo Imaanaa Faayidaa Walii Galaa/Public Trust/

Qajeeltoon imaanaa qajeeltoo dhaloonti har'aa qabeenya uummamaa har'a of harkaa qaban kana imaanaan dhaloota boriif qabani akka jiran qajeeltoo hubachiisuu dha. Qajeeltoon kun akka qajeeltoo seeratti yommuu hojiitti hiikkamu wantoonni akka qabeenya uummamaa fi aangoo uummataa mootummaan kan qabaman faayidaa walii gala lammii biyya sanaaf akka ta'e ibsa. ⁴⁴

Seera Roomaa keessatti wantoonni /res/ akka lageenii, karaaleen bishaanii, qarqara galaanaa, akka wantoota abbaa hin qabnee/res nullius/ ykn qabeenya waliinii/ res communes/ tti ilaallamuun namni hundi bilisaan akka itti fayyadamu fi nama dhuunfaan hin qabamne taasifama. Sirna seeraa kooman loo keessatti immoo qabeenya uummamaa akka lageenii fi kalaa deemsa bishaanii irratti mirga abbaa qabeenyummaa kan horachuu danda'u mootolii ykn biyya malee dhuunfaan qaama dhuunfaaf hin kennamu. Mootooliin ykn biyyis qabeenya kana imaanaan faayidaa walii galaaf qaba.

Seera addunyaa keessatti illee qajeeltoon kun akkaataan itti hojiirra oole ni jira. Dhimma beekkamaa ‘Behring Sea Fur Seals Case’⁴⁵ jedhamu irratti mootummaan US haala itti aanu kanaan yaada isaa dhiheessee ture:

No possessor of property has an absolute title to it – his title is coupled with a trust for the benefit of mankind. . . . Things themselves are not given him, but only the usufruct or increase – he holds the thing in trust for the present and future generations of man.

⁴⁴ Gunaratne v. Ceylon Petroleum Corporation, (1996) 1 Sri L R 315 (Sri Lanka) and Premachandra and Dodangoda v. Jayawickreme and Bakeer Markar, (1993) 2 Sri L R 294 (Sri Lanka).

⁴⁵ J.B. Moore, History and Digest of the International Arbitrations to which the United States has been a Party (1989), Vol I, p. 833

Iddoowwan daldalaan paarkii biyoyolessaa keessa jiran illee ilaachisee barreessaan, Stein J. jedhamu kan itti aanu kana jedhee jira.⁴⁶

National parks are held by the State in trust for the enjoyment and benefit of its citizens, including future generations. In this instance the public trust is reposed in the Minister, the director and the service. These public officers have a duty to protect and preserve national parks and exercise their functions and powers within the law in order to achieve the objects of the National Parks and Wildlife Act.

1.2.5. Qajeeltoo Hammattummaa/The Integration Principle/

Dhimmi eegumsa naannoo murteewan dhumni isaa dhaqee dhaqee naanno wal qabatu hunda gaafa murteessinu dhimma naannoo haala gahaa ta'een kan ilaalcha keessa galche ta'uu isaa of eeggannoobarbaachisaa gochuu illee gaafata. Sirnoonni seeraa tokko tokko (fakkeenyaaaf US fi EU) fi dhaabbileen daldalaan tokko tokko (fkn'f the U.S. Chamber of Commerce) yoo ilaalle dhimmoota naannoo seerota qorannoo haala dhiibbaa naannoo gaafatanii fi seerota biroon sirna murteen dabarsa kamuu dhiibbaa inni naannoo irratti qabu ittiin ilaalan qabu.

Gara seeraa biyya keenyatti yoo deebinu imaammanni naannoo bara 1997 lakk. 4.1. (a) jalatti imaammata baayyina uummataa, bulchiinsi qabeenya uummamaa, fi hojii dandamachiisaa fi eegumsa naannoo wal faana deemsiisuun haala jirenyaa itti fufiinsa qabu mirkaneessuun kaayyoo isaa keessaa tokko ta'uu isaa ifatti ibsee jira. Dabalataanis seensa labsii sakatta'iinsa haala dhibbaa naannoo keessatti murteewan murtaawan dhimmoota naannoo, aadaa, fi hawaasummaa kan wal simsiisee deemu ta'uu qaba kan jedhu dhimma ijoo dha.

1.2.6. Qajeeltoo Hirmaachisummaa Ummataa /The Public Participation Principle/

⁴⁶ *Willoughby City Council v. the Minister*, (1992) 78 LGERA 19, at 27

Qajeeltoon kun murteewwan dhimma naannoo ilaallatanii fi naannoo irratti dhiibbaa qaban hundi darbuun dura uummanni bal'aan yaada irratti kennuu akka qabu gaafata. Mootumman gaafa seera, qajeelfama, imaammata fi kkf hojiwwan naannoo irraan dhiibbaa gahan hayyamu, ykn qabeenya ta'e tokko akka hin tuqamne murteessu dhimmichi ifa ta'ee uummataaf beeksifamee erga uummanni yaada isaa irratti kenneen booda hojiitti hiikkamuu qaba. Biyyoota hedduu keessatti lammileen murteewwan mootummaa naannoo irraan dhiibbaa gahu mana murtiitti ykn qaamolee bulchiinsaa fulduratti dhiyaachuun akka sirratu gaafachuu danda'u. Seena dhalli namaa dabarse keessatti himanni haala kanaan lammileen dhiyaatu kun guddina sirna seeraa addunyaa fi biyyootaaf gahee guddaa taphatee jira.

Biyyoota Awurooppaa fi Ameerikaa Kaabaa keessatti seeronni mootummaan wanti hojjatu lamiileef ifa akka ta'an dirqisiisan waan jiranii fi aadeffameef hirmaannaan lamiileen murteewwan dhimma naanno wal qabatu irratti dabarsu irratti qaban ol ka'aa dha. Haaluma wal fakkaatuun waliigalteewwan idil addunyaa kanneen akka 'Rio Declaration' fi 'Arhus Convention' bara 1998 bahee fi biyyoota awurooppaa 40'n itti walii galame biyyoonni hojii naanno walqabtee hojjatanii fi ragaa jiru lammileef ifa akka taasisan akkasumas lammileen adeemsa murtee dhimma naanno walqabatuu irratti akka hirmaatan akka jajjabeessan gaafatu. Bara 1990'nii asi meeshaaleen akka Interneetii maloota ittiin ragaaleen naanon wal qabatan ittiin tatamsa'an keessaa isa ijoo fi jalqabaa ta'ee fayyadaa jira.

1.2.7. Dirqama Naannoo Daangaa Isaaniin Alaa Balfuu Irraa Dhorkamuu Biyyootaa (No Harm Rule)

Kaayyon guddaan qajeeltoo kanaa faalama naannoo daangaa ce'an /addunyaawaa/ dhorkuu, hir'isuu fi too'achuu dha. Qajeeltoon kun waliigalteewwan idil addunyaa adda addaa keessatti calaqqisee argama. Fakkeeny jalqabaa walii galtee galaanaa

mootummoota gamtoomanii bara 1982 taasifamee dha. Sanadni kun qabiyyee itti aanu kana qaba⁴⁷ :

States shall take all measures necessary to ensure that activities under their jurisdiction or control are so conducted as not to cause damage by pollution to other States and their environment, and that pollution arising from incidents or activities under their jurisdiction or control does not spread beyond the areas where they exercise sovereign rights in accordance with this Convention.

Akka keewwata kana irraa hubatamu dirqamni biyyootaa ofii isaaniif gocha naannoo daangaa isaaniin ala jiru faaluu irraa ofi qosachuu qofa oso hin taane dirqama gocha qaamolee daangaa isaanii keessa jiran kanneen biro (citizens, companies, municipalities etc) illee too'achuu akka qaban agarsiisa. Dirqamni akka kanaa biyyoonni qaban kunniin dhimma beekkamaa 'the Trail Smelter case' jedhamu keessatti illee haalan ibsamee jira. Biyyoonni gocha daangaa isaanii keessaa biyya biro irraan miidhaa gahu too'achuuf dirqama qabu. Kana waan ta'eef biyyoonni kana galmaan gahuuf seera baasuu, qajeelfama dabarsuu, too'annoogaggeessuu, seerri gaafa cabe moo adabuu fi kkf qabu.

1.2.8. Dirqama Waliwaliin Tumsuu, Wal Beeksisuu fi Waliin Mari'achuu Biyyootaa

Seerri baratamaa addunyaa dirqama qajeeltoowwan deemsaa biyyoonni dhimma naannoo waliin wal qabatee hordofuu qaban hedduu hammatee jira. Qajeeltoon kun calaqqee qajeeltoo ollummaa gaarii fi nama biraafis yaaduu yoo ta'u amma amma qaama seeraa sirna seeraa hedduu ta'ee jira. Rakkoowwan naannoo kanneen akka faalama naannoo daangaa qaxaamuran ilaachisee fedhiwwan biyyootaa adda addummaa kan qabaatu yoo ta'e biyyoonni rakkichaaf fala waliin ta'anii barbaaduuf dirqama walii galaa qabu; barbaachisaa ta'ee yoo argame immoo haala haqummaa qabuun dhimmicha mariin fi araaraan fixuu qabu. Qajeeltoon kun walii galteewan idil addunyaa hedduu keessatti ibsamee jira. Fakkeenyaaaf '*Rio Declaration*' (principle 7)

⁴⁷ The 1982 UN Convention on the Law of the Sea (UNCLOS), Article 194, para. 2.

fi ‘the Law of the Sea Convention (article 197)’ ilaaluun ni danda’ama. Akkasumas hojiwwan dhaabbilee addunyaawoo dhimma naannoo irratti hojjatan keessattis bal’inaan mul’ata.

Biyyoонни gochoонни daangaa isaanii keessatti raawwatan kan bu’aan isaanii daangaa ce’u yoo ta’e dirqama beeksuu fi waliin mari’achuus ni qabu. Bara as dhihoo kana keessa dirqamni beeksuu gara seerota sakatta’iinsa dhiibbaa haala naannotti guddateera. Kun jalqaba akka seeratti bara 1987 walii galtee idil adunyaa ‘Goals and Principles of Environmental Impact Assessment’ keessatti haala itti aanu kanaan calaqqise:⁴⁸

When information provided as part of an EIA indicates that the environment within another State is likely to be significantly affected by a proposed activity, the State in which the activity is being planned should, to the extent possible:

- a. Notify the potentially affected State of the proposed activity,*
- b. Transmit to the potentially affected State any relevant information from the EIA, the transmission of which is not prohibited by national laws or regulations; and*
- c. When it is agreed between the States concerned, enter into timely consultations.*

Asuma dhiyeenya kana qajeeltoon kun bara 1991 ‘Convention on Environmental Impact Assessment in a Trans-boundary Context (known as the Espoo Convention)’ keessatti haala ifa ta’een kaa’amee jira. Asirratti wanti hubatamuu qabu biyyoонни naannoo eessayyu jiruuf, kan daangaa isaanii keessaas jiru ta’ee kan idda biroof xiyyeffanna wal fakkaataa kennuu akka qabanii dha. Qajeeltoon kun ‘Nordic Environmental Convention’ keessattis bara 1974 qabee calaqqisee jira. Qajeeltoon kun lammileen biyya naannoonaalame keessa jiraatani mirga lammileen wanti naannoo faalu irraa ka’e keessa jiraniin mirga akka seeraan gaafachuu fi beenyeffamuu wal fakkaataa qabu. Mirgoонни akkasi kun mirage bara 1974 ‘Nordic Environmental Convention’ fidee dha.

⁴⁸ UNEP’s 1987 Goals and Principles of Environmental Impact Assessment, Principle 12.

Gochi faalama naannoo daangaa ce'u sababa dirqisiisaa ta'een ykn balaadhan kan uummame yoo ta'e biyyooni dirqama tarkaanfiwwan barbaachisaa fudhachuu fi biyyoota biro haala gahaa ta'een akeekkachiisuu qabu. Qajeeltoon kun dhimma beekamaa 'the Chernobyl case' jedhamu keessatti bara 1986 ibsame. Bara sana 'Soviet Union' balaa nikularaa gahee ture biyyoota ollaa osoo hin geessisin waan hafteef akka gocha faallaa seera baramaa Idil Addunyaatti ilaallamee ture.

1.2.9. Qabeenya Uummamaa Waliinii, Qabeenya Uummamaa Daangaa Biyyootan Alaa fi Qabeenyota Seenaa Dhala Namaa

Rakkoon biroo rakkoo bulchiinsa qabeenya uummamaa biyyooni waliin abooman, ykn sababa daangaa biyyootaan ala waan ta'eef kan biyyooni hundi wal qixa irratti mirga qabaniin wal qabatuu dha. Qajeeltoon walii galaa biyyooni naannoo daanagaa isaaniin ala jiru irraan miidhaa gahuu hin qaban jedhu kallattiin iddo daangaa biyyootaa jala hin jirre illee kana ilaallatuu dha. Ta'us seeronni addunyaa dhimma kana ilaalan dubbicha adda baasuun akka itti aanu kanatti bulchanii jiru waan ta'eef akka itti aanu kanatti gabaabbinaan dhiyeessuuf yaalla.

A. Qabeenya Uummamaa Waliinii /Shared Natural Resources/

Barreeffama kana keessatti jechi qabeenya uummamaa waliinii jedhu kun qabeenya daangaa biyyoota hedduu keessatti kufu ibsuuf oole. Fakkeeny gaariin haroo biyyoota tokkoo oliin daangahu fi laga daangaa biyyoota hedduu qaxaamuruu dha. Qajeeltoon kun qajeeltoo waliigaltee galaanaa addunyaa keewwata 63 kan qabeenyi qurxummii daangaa diinagdee biyya tokkoo ykn biyya hedduu keessa jiru akka qabeenya waliiniitti ilaallama jedhu irraa madda.

Haala akkasii kana keessatti gochi biyya tokkoon ykn tokkoo oliin qabeenya akka kanaa kana irratti raawwatamu biyyi inni biraan beekuu fi mari'achuu akka qabu qajeeltoon waltumsuu fi raga waliin gahuu olitti ilaalle ni dirqisiisa. Ijoon kun dhimma beekamaa 'the Lac Lanoux case (arbitration 1957)' jedhamu irratti gaafa 'France' laga daangaa ishee fi 'Spain' kutee deemu beekumsa Spain'niin al kallattii yaa'insa isaa gaafa jijiirtu biyyi Spain dhimmicharraa fedhii seera qabeessa waan qabduuf

marisiisamuu qabdi ture jedhameera. Mirga biyyoonti qabeenya akkasii kanatti fayyadamuuf qaban ilaachisee haala haqa qabeessaa fi mirga biyya isa kan biraa haala hin miineen ta'uu akka qabu qajeeltoo eegumsa naannoo biyyoota gamtoomanii bara 1978'n / UNEP Principles / akka itti aanu kanatti ibsameera:⁴⁹

What is meant by “equitable utilization”? It indicates the need to evaluate and to balance the various interests of the states concerned. An appraisal must take place in each individual case. Relevant issues are –probably– geographical and historical conditions, social and economic needs for the states involved, effects of different activities, and potential and alternative uses.

B. Qabeenya Uummamaa Daangaa Biyyootan Alaa / Common Property /

Qabeenyota daangaa biyyootaan al galaana fagoo /high seas/ keessa jiran kanneen akka qabeenya qurxummii, fi qabeenyota lubbuu qaban kanneen biroo ilaallata. Qabeenyonni kunniin akka qajeeltootti haala seera qabeessaa fi haqa qabeessa ta'een biyyi kamuu bilisaan fayyadamuu danda'u. Kun egaa dirqama kunuunsuu fi haala itti fufiinsa qabeenya kanaa gaafii keessa hin galchineen ta'uu akka qabu hubatamaa dha. Walii Galteen Galaanaa Addunyaa dirqama biyyoonti qabeenya uummamaa daangaa galaana fagoo keessa jiru kanneen kunuunsuun itti fayyadamuuf qaban ifatti kaa'a.⁵⁰

Qabeenyichi xiqqaa fi biyyoonti hedduun baasanii itti fayyadamuuf kan wal irratti dorgoman ta'e qajeeltoon haala haqa qabeessa ta'een itti fayyadamuu hojiirra oola. Haqa qabeessummaan hangam dhimma jedhuuf haaldureewwan akka mirga seenaa fi aadaa fa'a irratti kan hundaa'uu dha. Inni biraa barbaachisummaa qabeenyichi biyyattiif qabuu dha. Itti fayyadama qabeenya qurxummiin wal qabatee dursi biyyoota daangaa galaanaa irra jiraniif kennama. Qajeeltoon kun fakkeenyaaf dhimma beekkamaa 'Icelandic Fisheries case' (ICJ 1974) irratti Iceland fi United Kingdom jidduutti hojiirra oolee jira.

⁴⁹ The 1978 UNEP Principles on Conservation and Harmonious Utilization of natural Resources Shared by two or more states

⁵⁰ The Law of the Sea Convention, *Articles 117-119*

C. Qabeenya Waliinii Dhala Namaa Hundaaf / Common Heritage of Mankind /

Akkaataa itti fayyadama barameen gaaleen kun naannoo addunyaawaa kanneen akka lubbu qabeeyyiwwan addunyaa, bosona tirooppikaalii, ykn atomosfeeraa ibsuuf faayidaa irra oola. Qabeenya kana haala dhala namaa hundaaf fayyaduuun bulchuu fi haala itti fayyadamni isaanii sadarkaa addunyaan itti too'atamuu danda'u ilaallata.

Haata'uuti garuu seera addunyatiin gaaleen kun akkaataan itti ilaallame adda; haala dhiphina qabuun hojiirra oole. Qabeenya lubbu dhabeeyyii daangaa biyyootaan alaa lama: qabeenya albudaa galaana jalaa fi addeessa ilaallata. Akka qajeeltootti bu'aa qabeenya kana irraa argamu biyyoonni hundi argachuu qabu; yoo hojii baasuu keessatti illee kallattiin hirmaachuu baatan. Haala kanaan qabeenyi akka kanaa kun qabeenya daangaa biyyootaan alaa irraa adda.

Seerri galaanaa addunyaa haala itti fayyadama qabeenya albudaa galaana jala jiru bulchu qabeenya kanaan ‘the Area’ jedheet yaama. Haala itti aanu kanaan dhimmichas ibsa: ‘*The Area and its resources are the common heritage of mankind.*’⁵¹

Qabeenyi akka kanaa kun kan dhala namaa hundaati. Qabeenya kana irrtti biyyi kamuu abbaa aangoo birmadummaa qabaachuus ta'ee qabaachuufis gaafachuu hin danda'u. Abbaa taayitaa addunyaa qabeenya galaana jalaa qabeenya kana faayidaa walii galaa dhala namaaf akka bulchuuf angeffamee jira.

1.2.10. Qajeeltoo Guddina Itti Fufiinsaa / The Principle of Sustainable Development/

Yaadamni guddina itti fufiinsaa kan eeggale walgahii dhabbanni mootummoota gamtoomanii bara 1992 dhimma naannoo fi guddinaa irratti taasiseen dura ta'u illee yaadamni kun kan akka qajeeltoo addunyatti kan fudhatame Riyottti. Erga walgahii Riyoo kanaan booda qajeeltoon guddina itti fufiinsaa akka imaammata biyyootaa fi ardiilee hedduutti fudhatamuun hojiirra ooluu eegale. Guddinaa fi hojiirra oolmaa

⁵¹ The Sea Convention, art 136.

seeraa fi imaammata dhaabbilee idil addunyaa kanneen akka FAO, IMO, ‘the World Bank’, ‘the WTO’; fi UNDP akkasumas dhaabbilee waliigaltee Idil addunyaan dhaabbatanii kanneen akka ‘Tropical Timber Organization’ fi ‘the European Energy Charter’ irraan dhiibbaa guddaa gahee jira.⁵² Bu’ura kanaan yaadamni hojiin misooma diinagdee, hawaasummaa, aadaa fi eegumsa naannoo wal faana oofuun ni danda’ama waan ta’eef isa tokkoof isa bira a irra xiyyeffannoo kenuufin ykn isa tokkoo jecha isa bira a gatii kanfaluun hin barbaachisu jedhu fudhatamummaa bal’aa argachaa dhufee jira.

As indicated in the table of contents part, there are more principles which need your attention.

1.3. Modeelota Misooma Itti Fufiinsaa fi Eegumsa Naannoo

Akkuma kutaa barreeffama kanaa gara olii keessatti ilaalle naannoon kunuunfamuu akka qabu shakkiin tokko illee hin jiru. Haa ta’utii garuu wanti akka gaafitti ka’uu malu haala kamiin dhimmichatti yoo deemmame bu’aan quubsaa ta’e argamuu danda’aa dhimma jedhuun wal qabateeti. Gaaffii kana deebisuuf immoo dhimmoonni murteessaa ta’an kanneen itti aanan kunniin waan ilaallamu qabanuu dha. Jalqaba irratti faalamni naannoo irra jireessi isaa gochoota dhala namaa lama naannoo faaluu fi qabeenya uummamaatti akka malee fayyadamuun kan dhufu ta’uu isaati. Lammata irratti immoo gochoota dhala namaa faalama naannoof sababa ta’an kanneenif sababni isaa bu’aa diinagdee barbaacha akka ta’e hubatamuu qaba. Kana waan ta’eef waa’ee eegumsa naannoo yommuu kaasnu haala itti nuy hojii misoomaa hojjannu irra deebiin ilaaluun barbaachisaa akka ta’e agarsiisa.

Qabxiin asitti jala muramee hubatamuu qabu wanti asitti ka’aa jiru hojiin misoomaa guddina diinagdeef barbaachisan hojjatamuu hin qaban jechuu akka hin taanee dha. Hawaasa tokkoof guddinni diinagdee barbaachisaa dha. Kana waan ta’eef haala itti hojiin misoomaa hojjatamu irra deebiin ilaaluun barbaachisa jechuun hojiin misoomaa

⁵²

hojjatamuu hin qabu jechuu miti. Karaa ittiin hojiin misoomaa hojjatamu kan fooyya'iinsa qabuu fi naannoo hin miine dhimma filachuuti malee.

Kana irraa kan ka'e haala kamiin hojiin misoomaa goddina diinagdee fiduuf kaayyeffate yoo hojjatame osoo naannoo hin miidhiin fedhii diinagdee illee dhala namaaf guutuu danda'a dhimma jedhu irratti haayyonni modeelota ijannoo adda addaa tarkaanfachiisu garuu immoo iddo gurguddoo sadu jechuunis dursi eegumsa naannoof kennamuu qaba, dursi guddina diinagdeef kennamuu qaba, fi guddina diinagdee fi eegumsa naannoof beekkamtii wal madaalu kennuu qaba kanneen jedhanii dha.⁵³

1.3.1. Modeela Guddina Ittififiinsaa Mankaraarsaa /The Ideal Sustainability Model /

Modeelli kun modeela naannoon guddina diinagdee ykn arganna diinagdee hojii misoomaa gaggeeffamu kam irraayyuu eeggamu caalaa dursi kennamee eeggamuu qaba ijannoo jedhu tarkaanfachiisudha. Modeelli kun naannoon kan eeggamu namaaf ykn qaama biraaf halli jiruu mijataa akka tahu taasisuuf qofa miti. Naannoof ofiisaaf of danda'ee akka waan jiraataa fi eegumsi taasifamuufii qabu tokkotti ilaallamuu qaba. Kanaaf isumaaf kophaatti mirgi eeggamuu ni mala; eeggamuu qaba; itti fufiinsaan jiraachuu qaba.⁵⁴

Dhalli namaadunyaa kana irra gaafa jiraatu mirga uummamatti fayyadamuun jirenya isaa gaggeeffachuu ni qaba. Mirgi kun mirga uummaan mataan ishee kenniteef. Kana jechuun garuu namni uummamaa fi miseensota uumaa kanneen biro faana haala wal hin miineen mirga jiraachuu qaba jechuuf barbaaddameeti malee mirga uummama balleessuu qaba jechuu miti. Dhalli namaadun qabu mirga fedhiwwan isaa bu'uraa guuttachuun jiraachuuti.⁵⁵

⁵³ Neil Carter, *The Politics of the Environment: Ideas, Activism, Policy*, Cambridge University Press, 2001

⁵⁴ Jackie Venning and John Higgins (editors) *Towards Sustainability: Emerging Systems for Informing Sustainable Development*, UNSW Press, 2001

⁵⁵ Ibid

Uummamni akka walii galaatti yommuu ilaallamu wantoota isheen irraa uummamte kamiiyuu oli. Dhala namaas dabalatee jechuu dha. Kana irraa kan ka'e qabeenya uummamaa qabeenya kamiinuu bakka buusuun akka modeela kanaatti dhorkaadha. Kana waan ta'eef, akka modeela kanaatti, duniyan uummamaan jiru akkuma jirutti turuu qaba.⁵⁶

1.3.2. Modeela Guddina Ittififiinsaa Jabaa /The Strong Sustainability Model to Environmental Protection /

Modeelli kunis modeela ajandaan eegumsa naannoo hojii misoomaa arganna faayidaa diinagdee gosa kamiifiyyuu gaggeeffamu irra dursa argachuun hojjatamuun akka qabu balbaloomsudha. Haa tahuutii garuu duniyaawwan uummamaa fayyadamuu irraa dhala nmaa hin dhoksu. Dhalli nmaa hojii misoomaa gaggeessuuf dunyaawwan uummamaatti fayyadamuu akka danda'u ni akeeka. Gaafa fayyadamu garuu haala haala sona isaa ol kaasuun ykn haala dunyaa uummamaa biraan bakka buusuun danda'amuun ta'uu akka qabu jajjabeessa.⁵⁷

Kana taasisuun modeelli kun ida'amni walii galaa uummamaa akka hin hir'anne taasifamuun akka qabuuf karaa agarsiisa. Duniya uummamaa murteessoo ta'an takkaa manca'anii jennaan bakka buusuuf kan hin danda'amne yoo tahe garuu dhalli nmaa itti fayyadamuu akka hin qabne cimsee kaasa.⁵⁸

Modeelli kun duniyan hundi (nam-tolfeen, qabeenyi nmaa, fi duniyan uummamaa) ammuma yeroon fulduratti deemu dabala deemuun akka qabu akeeka. Naannooin hin eeggamu taanaan akka guddinni hin jirretti ilaala. Hawaasni tokko diinagdeedhan guddate jechuuf akkuma qixa biroon guddinni jiru kallattii eegumsa naannootiinis jijiirramni akka jiraachuu qabu akkeeka. Kana waan ta'eef modeelli kun jiraachuun

⁵⁶ Ibid

⁵⁷ Mostafa Kamal Tolba, *Arab Environment: Future Challenges, Chapter 2: Integrating Environment in Development Planning* (available online)

⁵⁸ Ibid

eegumsa naannoo akka agarsiistuu ykn safartuu guddina diinagdee tokkotti fudhatamuu akka qabu akeeka waan ta'eef guddinni jira jechuuf hojiin eegumsa naannoo hojjatamuu qaba jechuu dha.⁵⁹

1.3.3. Modeela Guddinaa Diinagdaawaa /The Pure Economic Development Model to Environmental Protection/

Gosti modeelota gartuu kana jaalatti kufanii eegumsa naannoo caalaa guddina diinagdeef dursa kenu. Akka deeggartoota ijjan noo kanaatti duniyaan uummamaa faayidaa irra ooluu qaba. Malli guddinaa kun itti fayyadama qabeenya uummamaa, gabaaf ooluu isaa fi muxuxanii itti fayyadamanii gara waan bu'aa diinagdee qabu birootti jijiiruu ni hayyama. Modeela kanaaf hojii misoomaa fi eegumsa naannoo hanga kana wal faana oofuun barbaachisaa miti. ⁶⁰

Kana yoo jedhamu garuu modeelichi eegumsi naannoo hin barbaachisu jedha gara jedhutti fudhatamuu hin qabu. Modeelichi eegumsi naannoo barbaachisaa akka ta'e ni fudhata; Ulaagaa guddinaa keessaa akka tokkoottis ni ilaallama. Garuu eegumsa naannoof jedhamee huijin misoomaa dhaabbachuu hin qabu; hojii eegumsa naannoo hojii misoomaa bu'aa diingdee qabu irra dursa illee argachuu hin qabu ijjan noo jedhu tarkaanfachiisa. Deeggartoonni ijjan noo kanaa dhalli namaa qabeenya uummamaatti daangaa malee akka fayyadamu hayyamamuufii qaba. Dhalli namaa yoo bilisummaan isaa kennamaaf ta'e rakkoo faalama naannoof fala waan ta'u ni uumu; keessattu teekinolojii ammayyaatiin deeggaramanii rakkicha salphaan hiikuu danda'u ijjan noo jedhu qaba.⁶¹

Kanaaf ijjan noon kun sababa eegumsa naannoof jecha misooma diingdee/guddina irra daangaa kaahuun barbaachisaa akka hin taanee fi hojii misoomaa bu'aa diinagdee

⁵⁹ Ibid

⁶⁰ Lyuba Zarsky (editor), *International Investment for Sustainable Development: Balancing Rights and Rewards*, Earthscan, 2005

⁶¹ Ibid

qabu kanneen biroo irra illee eegumsi naannoo dursa argachuu akka hin qabne kaaha. Kana irra gaafa faalamni naannoo sadarkaa fudhatamummaa hin qabne irra gahu imaammatoota faalama naannoo too'atan hojiirra olchuun akka barbaachisu gorsa. Imaammatichi mataan isaa faalama naannoo ni too'ata; lammilenis maloota akka balfa deebisanii faayidaaf oolchuu fi bakka buusuu illee hojiirra oolchuu akka eeggalan jajjabeessuun ni danda'ama yaada jedhu tarkaanfachiisa.⁶²

Rakkoon guddaan modeela kanaa inni jalqabaa, akkuma beekkamu rakkoon faalama naannoona dhufu daangaa hin qabu. Bu'aan faalama naannoo biyya tokko keessatti gahu daangaa biyyota biroo ce'uun kutaa addunyaa biraa isa kamiyyuu keessatti miidhaa fiduu danda'a. Imaammanni eegumsa naannoof biyya ta'e tokko keessatti bahu garuu achuma daangaa biyyattii sanaa keessatti qofa hojii irra oola. Gama biraan biyyoonni guddatan gocha naannoo faalu iddo imammanni eegumsa naannoo isaanii isaan hin dhoowwine fakkeenyaaaf biyyoota hiyyeeyyi keessatti raawwachuu dandahu.

⁶³

1.4. Modeela Guddinaa Guddina Ittififiinsaa fi Eegumsa Naannoo /The Sustainable Development Model to Development and Environmental Protection/

Modeelli kun modeela diinagdeefis ta'ee eegumsa naannoof dursa kennuun sirrii akka hin taane, garuu immoo hojiin misooma diinagdee fi eegumsa naannoo wal faana xiyyeffannoona wal qixa ta'e kennameefii hojjatamuun akka qabu gorsuu dha. Akkaataa ijjanoo modeela kanaatiin hojii misooma diinagdee fi eegumsa naannoo wal faana ofuuun ni danda'ama. Lamaanifiyyuu aal walfakkaatatti xiyyeffanno kennuun isa tokkoof isa biraa dhabuun osoo hin barbaachisin hojjachuun ni danda'ama.⁶⁴

⁶² *Integrating Environment And Development*. 1972–2002, UNEP, (available online)

⁶³ Ibid

⁶⁴ Jackie Venning and John Higgins (editors) *Towards Sustainability: Emerging Systems for Informing Sustainable Development*, UNSW Press, 2001

Modeelli kun hojiin misooma diinagdee kamuu gaafa hojjatamu xiyyeffannoonaan kan kennamuu qabu guddina diinagdee fi eegumsa naannoo qofaaf osoo hin taane haala wal fakkaatuun xiyyeffannoonaan barbaachisaa ta'e fedhiwwan hawaasummaa kanneen biroo kan akka siyaasaa fi aadaaf illee xiyyeffannoonaan malu kennamuufii akka qabu gorsa. Kanaaf modeela kana haayyoni modeela guddinaa hunda galeessaa fi hunda hammatee dha jechuun jaju. Guddinni biyya tokkoo fedhiwwan kanneen keessaa isa tokko kan hin guunne hoo tahe akka modeela kanaatti guddinni kun akka guddina hunda galeessa, hammataa fi itti fufiinsa qabuutti hin ilaallamu.⁶⁵

Modeelli kun guddinni tokko hund galeessa jedhamuuf fedhiwwan guddina diinagdee, eegumsa naannoo fi guddina hawaasummaa hunda wal faana guutuu qaba. Fedhiwwan kanneen keessaa inni tokko osoo hin guutin hafa yoo ta'e ykn isa biraaf dursi kennamee inni biraa immoo hirkataa ta'eera yoo ta'e guddinni dhufe guddina itti fufiinsa qabuu miti.⁶⁶

Kana irraa haala salphaa ta'een kan hubatamu akka yaadama kanaatti eegumsi naannoo guddina itti fufiinsa qabu fiduuf hangam akka barbaachisaa ta'ee dha. Bakka eegumsi naannoo gahaa fi bu'aa qabeessa ta'e hin jirretti guddinni itti fufiinsa qabu jiraachuu hin danda'u. Kun immoo kan agarsiisu modeelli guddina itti fufiinsaa akka mala guddinaatti fudhatama taanaan eegumsi nannoo kan mirkanaa'u ta'uu isaati.⁶⁷

Haa ta'uutii garuu wanti asitti ka'uu qabu modeela kana ilaachisee qeqnii fi hanqinoonni adda addaa akka irratti ka'an tahuu isaati. Modeelli kun akkuma ciminni hedduun ka'uuf hanqinoonni itti aanan kunniin yoo irratti ka'antu mul'ata. Hanqinoota modeelota kana irratti ka'an keessaa inni calqabaa modeelli kun akkuma warra kaanii uummamaaf jedhee osoo hin taane kan waa'ee eegumsa naannoo tarkaanfachiisu, toliinsa jiruu dhala namaaf jedheeti kan jedhuu dha. Inni lammataa

⁶⁵ Tom Bigg (editor), *Survival for a Small Planet: The Sustainable Development Agenda*, Earthscan, 2004

⁶⁶ Ibid

⁶⁷ Ibid

immoo jechicha hubachuuf rakkisaa ta'uu isaati; bifaa adda addaan hiikkamee hojiirra ooluu danda'a. Dabalataan moodeelli kun qabatamaan gaafa hojiitti hiikkamu yoo sakatta'amu diinagdeef yoo iddo guddaa kennutu mul'ata. Hanqinoota modeelicha irratti mul'atan kanneen ilaaluun hayyooni hedduun modeelli kun kaan irra feeyya'aa dha malee mooduu hin qabu nama hin jechisiisu jedhu.⁶⁸

Kanas ta'e sana bara kana modeelli kun ajandaa guddaa imaammata biyyootaa fi dhaabbilee biroo hedduu ta'ee jira. Haala amma irra jiruun modeelli kun yaada qofa osoo hin taane akka addunyaatti akka ulaagaawwan seeraa, fi qajeeltoowwan bu'uraa ittiin hojiwwan diinagdee fi eegumsa naannoo hojjatamu ta'eera. Har'a har'a gaafa imammanni naannoo bahu diinagdeen, aadaan, hawaasummaan yaadatamuu qaba; gaafa imaammanni diinagdee bahu naannoon, hawaasummaan, aadaan yaadatamuu qaba. Kanaaf rakkooowwan naannoon wal qabataniif fala kaahuuf modeelli kun warra kaan irra isa filatamaa dha.⁶⁹

Gaaffilee Marii

1. Naannoo jechuun maal jechuu dha? Deebii keessan akkaataa itti naannoon bu'ura seerota idil addunyaa fi biyyolessaa dhimmi ilaallatuun itti ilaallame kaasatii irratti mari'adha.
2. Tumaaleewwan Heeraa, walii galteewwan idil addunyaa biyyi teenya mallatteessitee, seerota federaalaa fi naannoo dhimma eegumsa naannoo ilaallatan hunda adda baasuun irratti mari'a dha.
3. Takkaa mee tumaa Heeraa DRFI ilaala! Lammileen mootummaan dirqama isaa keewwata kana jalatti kaawwame kana akka bahatu dirqisiisuu danda'uu? Warshaaleen biyya keenyaa tokko tokko bishaan lagaa, dhugaatii, yoo faalan mul'ata. Lammileen mootummaa fi warshaalee kanneen akka gocha kana dhaaban gaafachuu danda'uu? eenyutu Mana Murtiitti himata dhiyeessuu danda'a?

⁶⁸ Ibid

⁶⁹ Ibid

4. Naannoo jiraattanitti mootummaan dhimma karoora fi raawwii imaammata eegumsa naannoo irratti yommuu uummata abbaa qa'ee waliin mari'atu argitanii beektuu ? Mee gaaffii kana (gaffii hirmaanna) cita barreeffamaa kana dubbisuun wal bir aqabaa ilaalaati itti mari'adha.

“Indigenous peoples are the base of what I guess could be called the environmental security system. We are the gatekeepers, of success or failure to husband our resources. For many of us, however, the last few centuries have meant a major loss of control over our lands and waters. We are still the first to know about changes in the environment, but we are now the last to be asked or consulted. We are the first to detect when the forests are being threatened, as they are under the slash and grab economics of this country. And we are the last to be asked about the future of our forests. We are the first to feel the pollution of our waters, as the Ojibway peoples of my own homelands in northern Ontario will attest. And, of course, we are the last to be consulted about how, when, and where developments should take place in order to assure continuing harmony for the seventh generation. The most we have learned to expect is to be compensated, always too late and too little. We are seldom asked to help avoid the need for compensation by lending our expertise and our consent to development.”⁷⁰

5. Eegumsa naannoo ilaachisee gaheen mootummaa federaalaa fi naannoo maal akka ta'e fi haala ittiin mootummaa federaalaa fi naannoo itti waliin hojjatan fakkeeny kaasuun irratti mari'adha.
6. Imaammata Eegumsa Naannoo biyya keenyaa leenjisaan sinii kennu dubbisaa. Erga xiyyeffannoon dubbistanii booda imaammanni kun qofaan isaa rakkoo naannoon wal qabatee biyya keenya keessa jiru hiikuu danda'uu fi dhiisuu isaa, yoo deebin

⁷⁰ Louis Bruyere, President, Native Council of Canada, WCED Public Hearing, Ottawa, 26-27 May 1986.

- keessan immoo lakkii ta'e maaltu akka itti dabalamuu akka qabu irratti mari'adha. Qajeeltoowwan bu'uraa, kaayyoon fi galmi imaammatichaa hoo maal?
7. Qajeeltoowwan bu'uraa seera naannoo erga adda baastanii ibsitaniibooda bifa kamiin akka sirna seeraa Itiyoophiyaa keessatti calaqqisan ibsaa.
 8. Naannoo fi misooma (envirnoment and development) jidduu walitti dhufeenya akkamittu jira? Wantoota wal dorgoman moo wal deeggarani wal cinaa dhaabbachuu danda'anidha? Are they competing or complementary issues?
 9. Qabatamaa naannoo keessan jiru irratti hundaa'uun hojiwwan misoomaa hojjetaman hangam eegumsa naannoof xiyyeffannoo akka kennanii jiran, qaamoleen eegumsa naannoo hangam eegumsaaf bakka akka kennan, ogeessotni qaamolee haqaa dhimmi eegumsa naannoo akka dhimma hundumaa ta'etti ilaalanii hojjetaa akka jiran marii taasisaa.

2. BOQONNAA LAMA:~SEERA fi MIRGOOTA NAANNOO

Seensa

Eegumsi naannoo kan booca argachaa fi guddachaa akkasumas hojiirra oolaa deemu yoo mirgoonni dhimmichaan wal qabatan uummaman, jiraatanii fi mirgoonni kunniin immoo haalli itti mana murtiitti dhiyaatanii hojiirra akka oolu itti dirqisiisuun danda'amu yoo jiraatee dha. Bu'uruma kanaan seeronni addunyaa, tumaaleen heeraa fi seerota adda addaa mirgoota eegumsa naannoof rogummaa qabani fi eegumsa naannoo gaafatan hundeessan dabala guddachaa jiru. Iddoo tokko tokkotti seeronni kunniin mirgoota deemsaa iftoominaa fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuun lammileen ittiin yaada isaanii dhimmoota naanno wal qabatee mootummaan hojjatu keessatti yaada isaanii itti kennan, ragaa ittiin argatanii fi yoo miidhan gahee argame ittiin beenyeffaman kennu.

Mirgoonni kunniin murteewwan naanno walqabatan sirnaa fi seera bu'ura godhachuu akka murtaa'aniif gumaacha guddaa qabu. Ijjannoo kana qajeeltoo 10ffaa Ibsa Naannoo fi Guddinaa 'Rio' irratti haala itti aanu kanaan kaa'amee jira:

Environmental issues are best handled with the participation of all concerned citizens, at the relevant level. At the national level, each individual shall have appropriate access to information concerning the environment that is held by public authorities, including information on hazardous materials and activities in their communities, and the opportunity to participate in decision-making processes. States shall facilitate and encourage public awareness and participation by making information widely available. Effective access to judicial and administrative proceedings, including redress and remedy, shall be provided.

Tumaaleen heeraa illee mirgoota naannoo kennuu danda'u. Akkasuma seeronni biyoyolessaa biroo mirga kana laachuu danda'u. Kutaan barreeffamaa kun seerota addunyaa fi biyoyolessaa mirgoota naannoona wal qabatan hamma danda'ametti dhimmoota fakkeenyta ta'u danda'aniin deeggaruun dhiyeessuuf yaalla.

Bu'uruma kanaan xummura boqonnaa kanaa irratti leenjifamtoonni

- Iddoo eegumsi naannoo heera RDFI, imaammata naannoo fi karoora guddinaa fi tiraasfoormeeshinii I fi II fi seerota federaalaa biroo jalatti qabu gabaabbinaan ni xiinxalu
- Mirgoota naannoo gurguddoo seeraan beekkamtiin kennameef adda baasuun ni beeku

jedhameet eeggama.

2.1. Mirgoota Naannoo fi Heera Mootummaa RDFI, Imaammata Egumsa Naannoo fi Karoora GTP II

2.1.1. Heera Mootummaa

Heerri mootummaa walii galtee ummataa fi ummata jidduutti taasifamu dha. Waadaa waliin jirenya ummataa kan waa mara ummata sanaa ol aantummaan qajeelchuu dha. Seera ol anaa biyya keenyaati. Kutaaleen heerichaa adda addaa yoo ilaallamu

karaa sirrii fi keessa beekkamtiin naannoo fi eegumsa naannoo tumaalee ilaallatan hammatee jira.

Kana waan ta'eef tumaalee heerichaa kana irraa ka'uun heerichi naannoo fi eegumsa naannoo akka dhimma ijoo tokkotti ilaaluun beekkamtii kennee jira jechuun ni danda'ama

Kun immoo waan naamatti agarsiisu qaba. Jalqaba irratti dhimmi naannoo hangam akka murteessaa ta'e agarsiisa. Lammata irratti dhimmi naannoo dhimmoota biroo heerichaan beekkamtii argatan kanneen biroon haala wal madaaluun murteessaa fi dhimma xiyyeffannoo barbaachisu akka ta'e namatti agarsiisa. Sadeessa irratti dhimmi naannoo dhimmoota biro heerichaan haala ifa taheen osoo hin ka'in hafe caalaa dhimma murteessaa ta'e ta'uu namatti agarsiisa. Kana irraa kan ka'e dhimmi naannoo heeraan beekkamtii argachuun isaa waa hedduu agarsiisa.

Kana immoo kutaalee heerichaa seensa isaa irraa ka'uun sakata'uun ilaaluun ni danda'ama. Seensa Heerichaa keessatti wanti jedhamu bitaa ta'uu baatus, tumaalee heerichaa kanneen biroo hubachuuf nama gargaara. Haala addaan immoo seensi seera kamiiyuu heeras dabalatee seeri tokko maalif akka tumame ykn maaltu seerichaan galma gahuuf akka yaaddame hubachuuf kutaa murteessaa dha. Kana waan ta'eef seensi heerichaa iddoon akkamii akka naannoof heerichaan kennname hubachuuf kutaa murteessaa dha.

Akka carraa ta'ee garuu seensa heerichaa keessatti naannoo ykn qabeenyaa ummamaa ilaalchisee ifatti wanti jedhame hin jiru. Barbaachisummaa guddina diinagdee fi hawaasummaa mirkaneessuu ilaalchisee garuu ifaan kaa'amee jira. Waan ta'eef seensa heerichaa irraa naannoo ilaalchisee wanti guddaan hubatamu hin jiru.

Tumaalee heerichaa garuu tokko tokkoon yoo sakataane tumaalee wa'ee eegumsa naannoo fi naannoo ilaallatan hedduu argina. Isaan keessaa heerri mootummaa

keewwanni 43 isa duraati. Tumaan kun 43/1/ mirga guddina itti fufiinsaaf beekkamtii kenna.

Article 43

The Right to Development

- i. *The Peoples of Ethiopia as a whole, and each Nation, Nationality and People in Ethiopia in particular have the right to improved living standards and to sustainable development.*

Tumaa kana irraa dhimmoonni sadid ifaan hubatamu. Isaaniis i) Guddina itti fufiinsa qabu eegumsa naannoo mirkaneessuun aala fiduun akka hin danda'amne; kana waan ta'eef haala yaaddameen hojiirra oola yoo ta'e eegumsa naannoo mirkaneessuuf gahee guddaa qaba; ii) Mirgi kun mirga diimokiraasiiti; kana waan ta'eef tumaa kana irraa ka'uun mirgi kun mirga namoomaa akka heericha kwt 10 jalatti tumame mulqamuu fi sarbuun hin danda'amneedha hin jechisiisu. iii) Mirgi itti fufiinsaan guddachuu heerichaan beekkamtii argate mirga gareeti malee mirga nama dhuunfaan gaafatamuu miti. Kana jechuun kwt'n 43 kallattiin mirga itti fufiinsan guddachuu nama dhuunfaa mirkaneessuuf hin oolu.

Haa ta'uutii garuu namni dhuunfaan mirgoota biroo kanneen akka mirga naannoo qulqulluu fi fayya qabeessa keessa jiraachu, mirga hojjachu, mirga qabeenyaa, mirga barnootaa fi kkf gaafachuun mirga itti fufiinsaan guddachuu mirkaneeffachuu ni danda'a. Mirgoota kanneen ykn muraasa isaanii hojiirra oolfachuun namoonni dhuunfaa egumsa naannoo mirkaneessuu keessatti gahee isaanii bahachu ni danda'u. Kana irraa kan ka'e biyya teenya keessatti waan faallaa guddina itti fufiinsaa ta'e gochuun hin hayyamamu. Karaa biraan ibsuuf biyya keenyatti malli guddina itti fufiinsaa mala ykn modeela bu'ura heeraa qabuu dha. Yoo xiqqaate sadarkaa amma irra jirru kanatti kun mataan isaa naannoo fi eegumsa naannoof gahaa dha.

Tumaan heerichaa inni biroo dhimma kanaaf rogummaa qabu kwt 44 dha. Tumaan kun akka itti aanutti dubbifama

Article 44

Environmental Rights

1. All persons have the right to a clean and healthy environment.

Tumaan heerichaa kun mirga naannoo qulqulluu fi fayyaaf mijataa ta'e keessa jiraachuu kenna. Mootummaa irra immoo heerichi akka tumaa kwt 13/1 irraa hubatamu dirqama mirga kana hojii irra oolchuu fi kabajuu kaa'a. Kanaaf mootummaan ofii isaaf mirga kana sarbuu hin qabu. Qaamoleen biroos mirga kana akka kabajan mirkaneessuu qaba. Tarkaanfilee barbaachisoo kanneen akka hojiilee naanoo faalan keessatti hirmaachuu irraa of quachuuun, qaamolee biro gocha mirga kana sarbu raawwatan irratti tarkaanfii fudhachuun, hojiwwan naannoo faallame deebisuun dandamachiisu hojjachuun fi kkf raawwachuuun mirgi kun akka kabajamu taasisuu qaba.

Tumaa heerichaa kanas ilaalchisee dhimmooni sadidilaallamuu qabu. Isaaniis:- jalqaba irratti mirgi tumaa heerichaa kanaan kenname kun mirga namoomaa akka hin taane dha. Heericha irraa akka hubatamutti mirga kanaan heerichi mirga dimokiraasi jedheenii jira. Kana waan ta'eef mirgichi amaloota mirgooni namoomaa kanneen biroo qaban kan tumaa heerichaa kwt 10 jalatti kaa'aman hin qabu jechuu dha. Inni lammataa mirgi kun akka mirga tumaa heericha kwt 43 jalatti laatamee mirga garee osoo hin taane mirga nama dhuunfaaf laatamee dha. Inni sadeessaan mirgi kun mirga eegumsa naannoo namoonni keessa jiraatan keessatti qofa mirkaneessuuf gargaaru ta'uu isaati. Iddoo namni hin qubannetti tumaa heerichaa kana fayyadamuun eegumsa naannoo mirkaneessuun ni danda'ama jechuuf nama rakkisa.

Tumaaleen heerichaa dhimma kanaan walqabatee xiinxalamuu qaban kanneen biro kwt'n 91 fi 92 dha. Keewwanni 91 galmoota aadaa biyyattiin walqabata. Tumaam keewwata kanaa keewwata xiqaan 2 mootummaanis ta'ee lammileen biyyattii hundi dirqama duniyaawan uummamaa, iddoowanii fi qabeenyota seena qabeeyyii eeguu akka qaban tuma. Duniyaawan uummamaa, iddoowan fi qabeenyonni seenaa qabeeyyiin immoo qaama naannoo waan ta'aniif tattaaffi eegumsa naannoo

mirkaneessuuuf taasifamu keesssti gaheen tumaan kun qabu olaanaa dha. Wanti tumaa kana caalumaayyuu gama kanaan faayidaa qabeessa taasisu tumichi dirqama nama dhuunfaarras kaa'uu isaati.

Heerri mootummaa keewwanni 92 galmoota gama naannootiin biyyattiin qabatte ilaallata. Akka tumaa kana kewwata xiqqaa 1 irraa hubatamu hojiin mootummaan hojjatu kamiyyuu mirga lammileen naannoo qulquulluu fi fayya qabeessa ta'e keessa jiraachuuf qaban miidhuu hin qabu. Kana waan ta'eef tumaan kun hojiin mootummaanis ta'ee qaamni biraa hojjatu naannoo miidhuu akka hin qabne qajeeltoo bu'uraa kaa'eera. Kana irra darbees tumaan kun keewwata isaa xiqqaa 2'n karoorii fi raawwiin sagantaa fi projektii mootummaan gaggeeffamu kamiyyuu taanan naannoo miidhuu akka hin qabne qajeeltoo bu'uraa kaa'e jira. Tumuma kana keewwnni xiqqaan 4 mootummaa fi lammileen dirqama naannoo eeguu akka qaban kaa'e jira. Haata'uutii garuu wanti asitti ka'uu qabu tumaan kun gara fuulduraatti dirqama mootummaan qabu kaa'uu irraa kan hafe naonnoo duruma faalame misoomsuun iddo dura turetti deebisuuf dirqama hin buusu. Wantumti amma jiru kun akka itti fufu waan barbaade fakkaata.

Haa ta'uutii garuu eegumsi naannoo guutuu kan ta'u naannoон duraan faalame illee yoo fala argatee dha. Naannoон dura faalame kan hin qulqulloofne yoo ta'e haalli itti mirgi lammilee naannoo qulquulluu fi fayya qabeessa keessa jiraachuuf qaban itti mirkanaa'u hin jiraatu. Kanas ta'ee sana mootummaan tumaa heerichaa kana qixa sirriin hojirra oolcha yoo ta'e naannoон keenya ni eeggama. Yoo xiqqaate faalamni naannoo haaraan hin quunnamu. Fakkeenyaaf bosonni uummamaa haaraan maasaa ruuziif ykn biqilaa baala shaayii dhaabuuuf ciramuu hin jiraatu. Warshaan naannoo faalu akka dhaabbatuuf hin hayyamamu. Teekinolojiwwan naannoo faalanii fi dulloomaa ta'an akka biyya keessa galan hin hayyamamu fi kkf jechuu dha.

2.1.2. Imaammata Eegumsa Naannoo Itiyoophiyaa

Biyyi teenya imaammata naannoo bara 1997 bahe qabdi. Sanadni kun guutuun isaa dhimmuma naannoон wal qabtu irratti xiyyeeffata. Sanadichi dhimmoota eegumsa

naannoona wal qabatan haala dhaloota har'aa fi boruu ilaallatuun kan hammatee dha. Sanadicha keessatti haala itti naannoona kana dura manca'e itti ilaallamee akka dandamatu irratti itti hojjatamuu danda'u, fi haala itti gara fuul duraa naannoona miidhama irraa itti ooluu fi eeggamu kaa'amee jira.

Inni kun kutaa kayyoo sanadichaa irraa ifaan hubatama. Bu'uruma kanaan sanadni kun sadarkaa jirenya lammilee fooyyessuuf, guddina hawaasummaa fi diinagdee itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf, kana immoo galmaan gahuuf bulchiinsa gaarii fi naannootti fayyadamuuf, fi kun marruu gaafa raawwatamu fedhiin dhaloota ammaas osoo hin miidhaminii fi haala dhalooni boriis dandeettii fedhii isaa guuttachuu itti danda'u osoo hin miidhin akka ta'uu qabu kaa'eera.

Haaluma wal fakkaatuun sanadichi qabiyyeewan kayyoo walii gala kana galmaan gahuuf isa dandeessisu hammatee jira. Qabiyyee sanada kanaa guutuu isaa asi irratti kaasuun barbaachisaa ta'uu baatuus yeroo leenjiin kennamu malli leenifamtoonni sanada kana guutuu isaa akka dubbisan haala mijataa uumu hojiirra kan oolu ta'a.

Qabxiin biroo asitti ka'uu qabu iddo sanadni kun sirna seeraa keenya keessatti qabuu dha. Akkuma beekkamu imaammanni seeraa miti. Sagantaa mootummaan waan ta'e tokko hojjachuuf ykn galmaan gahuuf baafatuu dha malee. Sanada kutannoona mootummaan waan tokko galmaan gahuuf qabu keessatti ifuu dha. Kana waan ta'eef akka seeraa dirqisiisaa miti. Mootummaan garuu gaafa hojii hojjatu gaafa tarkaanfii fudhatu gaafa seera baasu ilaaluu qaba. Kanaaf akka qajeelfama hojii mootummaatti gargaara. Akka madda seeraatti illee ni ilaallama.

2.2. Karoora Guddinaa fi Traansfoormeeshinii I fi II

Karoora Guddinaa fi Tiransfoormeeshinii I keessatti dhimmi naannoof danda'ee akka tarsiimoo biyyattii tokkootti beekkamtii hin arganne. Kana irra akka hojii dhimmoonni ijoon biro akka galma gahaniif hojjatamu ykn dandeessistuu tokkootti ilaallamee jira. Kana jechuun dhimmi eegumsa naannoofii isaatif barbaachisaa ta'ee osoo hin taane galmoota ijoo fi barbaachisoo kanneen biroo galmaan gahuuf gaarii waan ta'eef

kaafame akka jechuuti. Kana ta'uun isaa namoota quuqama naannoo qaban hedduun akka komiin irratti ka'u taasisee jira. Namoonni kunniin naannoona dhimma guddaa fi murteessaa ta'eedha waan ta'eef dhimma of danda'ee itti karoorri qabamuu qabuu dha malee dhimma dandeessistu karoorri kaayyoo biraa akka galma gahuuf qofa kaafamu ta'uu hin qabu jedhu. Jecha biraan naanoon beekkamtii hin arganne ; kan karoorfame dhimma biraa waan akka guddina diinagdee galmaan gahuuf waan ta'eef.

Karoorri Guddinaa fi Tiraansifoormeeshinii II garuu haala isa I irraa adda ta'een hojii diinagdee magariisaa jijiirrama haala qilleensaa dandamachuu danda'u ijaaruu akka tarsiimoo of danda'aa tokkootti qabatee jira. Dabalataanis karoorri kun hojii diinagdee magariisaa jijiirrama haala qilleensaa irratti hin hundoofne ijaaruu akka hojii murteessaa tarsiimowwan karoorichaan galma akka gahan karoorfaman kanneen biroo illee dhugoomsuuf barbaachisu tokkotti qabamee jira. Kanaafuu dhimmi naannoo fi eegumsa naannoo of danda'ee ol kaafamuun akka tarsiimoo galma gahuu qabu tokkotti kaa'ameera; seektara biroo hundaanis akka xiyyeffannoona itti kennamu taasifamee jira.

2.3. Mirgoota Naannoo Mirgoota Naannoo Konveenshinootaa fi Waliigaltewwan Adda Addaa Keessatti

2.3.1. Mirga Odeeffannoo Argachuu /The Right to Information/

Mirgi odeeffannoo argachuu haala bu'aa qabeessa ta'een adeemsa murtii kennuu fi too'annoo qaamolee mootummaa fi seektara dhuunfaa keessatti hirmaachuuf galtee murteessa dha. Seerota biyyooleessa keessatti mirgi odeeffannoo dhimma naannoo argachuu hammatamee jira yoo ta'e ijoon dubbii mirga odeeffannoo naannoona wal qabte argachuu mana murtiitti ka'uun danda'a. Manni murtiis odeeffannoona kenname moo hin kennamne jedhee gaafata.

Sanadoota mirga namoomaa idil addunyaa fi ardilee hedduu keessatti mirgi odeeffannoo argachuu lammileef akka mirgaatti mootummootaaf immoo akka dirqamaati taa'ee argina. Mirgi odeeffannoo argachuu 'the Universal Declaration of Human Rights' (kwt. 19), 'the International Covenant on Civil and Political Rights' (kwt. 19(2)), 'the Inter-American Declaration of the Rights and Duties of Man' (kwt.

10), ‘the American Convention on Human Rights’ (kwt. 13), fi ‘the African Charter on the Rights and Duties of Peoples’ (kwt. 9) jalatti hammatamee jira.

Kanaan dabalata mirgi odeeffannoo argachuu walii galteewwaan idil addunyaa fi ardiilee eegumsa naanno wal qabtee seennaman hedduu irratti mirgi odeeffannoo argachuu lammileef akka mirgaatti mootummaaleef immoo akka dirqamaatti kaa’amee jira. Sadandoota kanneen keessaa ‘the 1992 Helsinki Convention on the Protection and Use of Trans-boundary Watercourses and International Lakes’ (ket. 16), ‘the 1992 Espoo Convention on Environmental Impact Assessment in a Trans-boundary Context’ (kwtt. 3[8]), fi ‘the 1992 Paris Convention on the North-East Atlantic’ (kwt. 9). Sanadoonni kunniin abbootiin angoo biyyoonni miseensa walii galtichaa ta’anii yommuu gaafataman nama kamiifiyyuu taanana odeeffannoo jiru kanfaltii hin barbaachifne irraa haala bilisa ta’een dhiyeessuuf dirqama akka qaban kaa’u.

Tumaaleen ‘the Rotterdam Convention on the Prior Informed Consent Procedure for Certain Hazardous Chemicals and Pesticides in International Trade (Sept. 11, 1998)’ biyyoonni walii galtticha mallatteessan odeeffannoo waa’ee keemikaaloni fi farri ilbiisotaa balaafamoo ta’an gabaaf dhiyaachuu isaa agarsiisu dhiyeessuu akka qaban dirqisiisa. Tumaan walii galtee kanaa kwt’n 15/2 hamma danda’ametti biyyoonni odeeffannoo akkaataa itti fayyadama, qabiinsaa fi gaafa balaan gahe haala ittiin balaan maqsamu ykn hir’atu, jira yoo ta’e qorcha isaa fi kkf keemikaalotaa fi farri ilbiisotaa balaafamoo uummataaf dhiyeessuu akka qaban kaa’.

Haaluma wal fakkaatuun ‘The IAEA Joint Convention on the Safety of Spent Fuel Management and on the Safety of Radioactive Waste Management’ akkataa qabiinsaa fi dhabamsiifama boba’aan faayidaarra olee fi balfoota ‘radioactive’ ta’anii irratti odeeffannoo gahaa hawaasa bal’aaf kennuun akka barbaachisu ni kaa’. Tumaaleen walii galtee kanaa kwt’n 6 fi 13 biyyoonni miseensa walii galttichaa ta’an odeeffannaakkaataa itti balfoonni kunniin itti qabamaanii fi dhabamsiifaman uummataaf kennuu akka qaban kaa’u. Dabalataanis, ‘the Convention on Persistent Organic Pollutants (Stockholm, May 22, 2001)’ kwt’n 10(1)b fi (2) biyyoonni miseensa walii galtichaa

ta'an balfitoota orgaanika ta'an irratti hawaasaf odeeffannoo gahaa fi wayitaawaa kennuu akka qaban dirqisiisa. 'The Arab Declaration on Environment and Development and Future Perspectives' bara 1991 taasifame namoonnii fi dhaabbileen odeeffannoo dhimma naanno wal qabatu fi isaanif fayyadu argachuuf akka danda'an kaa'a.⁷¹

2.3.1. Hirmaanna uummataa

Hirmaannaan ummataa seerota biyyootaa fi addunyaan mirga xiyyeffannoon itti kennamee dha. Hirmaannaan uummataa yaadama namoonni tarii miidhamuu danda'an waa'ee borii naanno isaanii irratti sagalee qabaachuu qabu jedhu irraa madda. Sirna seera tokkoo gara biraatti garaagarummaa kan qabu ta'u illee mirgi kun lammilee alaa fi jiraattota hammachuu danda'a. Fakkeenyaf imaammata naanno biyya keenyaa yoo laalle qooda fudhaattoota hunda, waldaalee, daa'imman, uummata abbaa qa'ee, dhaabbilee miti mootummaa, qaamolee mootummaa fi miti mootummaa biro fi kkf, hammachuu danda'a.

Walii Galteen Naanno fi Misoomaa Rio bara 1992 taasifame qajeeltoon 10 barbaachisummaa hirmaannaan uummataatiif beekkamtii ni kenna. Marii koonfiransii Rio'tti taasifame Ajandaa 21^{ffaan} guddinni itti fufinsa qabu mirkaneessuuf hirmaannan uummataa galtee tokko akka ta'e kaa'a. Kutaan III eenu faan akka hirmaachuu qaban kaa'a. Bu'uruma kanaan dubartoonni, dargaggoonni, abbootiin qa'ee, uummanni naanno, dhaabbileen miti mootummaa, abbootiin aangoo naanno, hojjattoonni, abbootiin qabeenyaa fi warshaaleen, saayintistoonni fi qonnaan bultoonni hirmaachuu akka qaban kaa'a.

Haaluma wal fakkaatuun 'The Climate Change Convention', kwt'n 41(i) biyyoonti miseensa walii galtichaa ta'an akka hubannoo uummataa cimsuu qabanii fi adeemsicha keesssti hirmaannaan bal'aa dhaabbilee miti mootummaalee akkaataa hammachuu danda'uun akka jajjabeessuu qaban kaa'a. Dabalataanis 'The Desertification

⁷¹ Hans Chr. Bugge, International environmental Law Teaching Material, (University of Oslo, Faculty of Law, Department of Public International Law, 2002) at 143.

Convention' kwt'n 3(a) fi (c)'n tarkaanfilee mootummaan dabalata tumsi qaamolee siivikii barbaachisaa ta'uu akeeka. 'The Biodiversity Convention' kwt'n 14(1) (a)'s adeemsa sakatta'iinsa haala dhiibbaa naannoo irratti akka haawaasni bal'aan hirmaachuu qabu kaa'a.

Mirgi hirmaannaa uummataa sanadoota mirga namoomaa idili addunyaa fi aardilee kanneen akka 'the Universal Declaration of Human Rights' kwt 21, 'the American Declaration of the Rights and Duties of Man' kwt 20 fi 'the African Charter' kwt. 13,' the International Covenant on Civil and Political Rights' kwt. 25, fi 'The American Convention on Human Rights kwt 23'n illee mirga beekkamtii argatee dha.

2.3.2. Mirga Haqa Argachuu

Mirgi dhimma ofiif fala gaahaa ta'e argachuu (the right to an effective remedy), jechuun mirgi haqa argachuu fi beenyeffamuu, seerota mirga namoomaa keessattis kan naannoo keessattis ni argama. ICCPR'n keewwata 13 jalatti gaafa mirgi seerota biyyolessaa fi addunyaan kabajame sarbamu biyyoonni fala (a remedy) lammileef kennuu akka qaban kaa'a. Haaluma wal fakkaatuun 'the European Convention on Human Rights', keewwata 13 jalatti lammileen yommuu mirgi konveenshinichaan kennameef jalaa sarbame mirga fala argachuu akka qabanii fi mirgi kun immoo mirga odeeffanno argachuu illee akka dabalatu kaa'a. Dabalataanis 'The Inter-American and African regional human rights systems' mirga wal fakkaatu kenna.

Sanadoonni dhimma naannoo ilaallatan illee haala sanadoota mirga namoomaa addunyaa fi aridilee olitti ilaalle kanneenin wal fakkaatuun mirga kana kenu. Qajeeltoo 10ffaan 'the Rio Declaration' mirga lammileen dhimma isaanii qaama abbaa seerummaa fi bulchiinsaa dhimmi ilaallatutti dhiyeffachuuq qabanii mirga beenyeffamuu fi fala argachuu dabalatee akka qaban tuma.

Mirgi haqa argachuu lammilee biyyootaaf qofa kan kennamee miti. Sanadoonni seeraa addunyaa kunniin mirga kana namni miidhaa naannoo irra gaheen miidhame kamuu

akkuma lammii biyyattii kamiittu akka fala qaama abbaa seerummaa fi qaamolee bulchiinsaa irra argachuu danda'u kaa'u. Fala biyyolessaatti loogii tokko malee fayyadamuu danda'uun karaa ittiin qajeeltoon kan naannoo miidhe miidhaa gochi isaa fedeef kanfaluu qaba jedhu hojiirra oolchuuf daangaa itti gaafatamummaa nama naannoo faalee guddisa waan ta'eef faayidaa ol aanaa qaba.

2.3.3. Mirga Naannoo Fayya Qabeessaa Keessa Jiraachuu / Environmental Quality /

Yeroo ammaa kana walii galteen mirga namoomaa sadarkaa addunyaatti taasifame kallattiin mirga naannoo qulqulluu fi fayya qabeessa ta'e keessa jiraachuu kennu hin jiru. Fakkeenyaaf ‘the Universal Declaration of Human Rights’ fi sanadooni mirga namoomaa kanneen biroo kana akka mirga jiruu gaarii ta'e jiraachuu, fi mirga fayyaa ni kenna. Ta'us garuu mirga kana mana murtiittis ta'ee qaama bulchiinsaa aangoo qabu biratti dhiyeffachuun raawwachiifachuun hangam akka danda'amu fi kanaan immoo mirgi naannoo qulqulluu fi fayyaa qabeessa keessa jiraachuu hangam raawwachiifachuun akka danda'amu ifa miti.

Seerota sadarkaa aardilee jiran yommuu ilaallu, ‘the 1981 African Charter on Human and Peoples Rights’, sanada mirga namoomaa sadarkaa addunyaatti mirga naannoo haala ifa ta'een tumaa kennu hammatee dha. Itti aansa ‘the Protocol on Economic, Social and Cultural Rights to the American Convention on Human Rights’ kwt'n 11, mirga namni kamyuu naannoo fayyaa qabeessa ta'e keessa jiraachuu qabu kennee jira.

Gaaffilee Marii

1. HM kwt 9(4) waliigalteewan biyyattiin mallatteessite akka seera biyyaattiitti akka ilaalamu ibsa. Mallatteessuun kallattiin seera biyyattii taasisamoo ‘Negarit Gazeta’n labsaamuu qaba? Labsamuu fi labsamuu dhabuun garaa garummaa fidu qabaa? Deebi keessan bu'uura seeraa kaasuun marii taasisaa.
2. Sagantaan misoomaa mootummaan gaggeessuuf qabate miidhaa kan geessisu yoo ta'e, kanuma kaasuun sangantaa san mormuun ni danda'amaa? Qaan ni mormii kana kaasuuf aangoon kennameef hoo ni jiraa? Qabatamni jiru maal fakkaata?

3. Labsiin SDHN sanada mootummaa illee ilaachisee SDHN gaggeeffamuu akka qabu kaa'ee jira.
4. Sanadootni kun kan akkamiiti laata? Qabatamaan kana irratti hojjetamaa jira jettanii yaadduu? Kwt 2(10). Gaafa hojiin pirojektii tokko jalqabu hawaasni naannichaa dursee SDHN hin gaggeeffamne jedhee mormuu ni danda'aa? Adeemsi isaa akkam ta'aa?

**3. BOQONNAA SADI :- MALOOTA HOJII EEGUMSA NAANNOO MIRKANEESSUUF
HOJIIRRA OOLUU QABAN**

Seensa

Gaheen Mana Murtii ol aantummaa seeraa dhimma naanno wal qabatanii fi eegumsa naannoof gumaachan hojiirra oolchuu dha. Seeronni kun maloota too'anno biyyoonni hojii eegumsa naanno mirkaneessuuf biyyoonni baafataniin ifa ta'ee kaa'ama. Malooni too'anno ittiin miidhamni naanno ittifamu beekkamoon lamatu jiru. Gosti inni duraa sakatta'iinsa dhiibbaa haala naannootti gargaaramuun tokkoon tokkoo hojii misoomaaf wantoota naanno faalanii fi maloota miidhaa gahu hir'isuu danda'an adda baasuun kaa'uun eegumsa naanno miraneessuuf waarra carraaqan.

Malli innii lammataa immoo toftaa hayyamaa gaafa sirna dura eegumsa naannoo mirkaneessuuf barbaachisaa dha jedhamee lafa taa'e (kanneen akka kootaa (quotas), wantoota muraasatti akka hin fayyadamne dhoowwuu fa'a) guutame qofa kennun taasifamuu dha. Yeroo tokko tokkoo gochichi sirna too'annoo lamaanuu darbuu qaba; kanaaf immoo sirna too'annoo teekinolojiin deeggarame kan dhaabbata walfakkaataa keessatti hojiirra oolaa jiru akka hojiirra oolchu fi/ykn too'annoo raawwii jiddu galeessa godhate fakkeenyaaaf waan naannoo faalu akka naannootti gad hin lakkifne dhorkuun, kan naannootti gad lakkisu wantoota akkamii akka ta'e adda baasuun kaa'uun ta'uu danda'a.

Maloonni too'annoo eegumsa naannoo kunniin bara kana keessa seerota biyyooleessa biyootatiinis kan addunyaatinis fudhatama argachaa dhufee jira. Seeronni naannoo addunyaa biyyoonni deemsa ittiin hojiin misoomaa hojjatamu dhiibbaa naannoo irratti qabu ittiin mirkaneeffatan akka diriirsuun hojiirra oolchan, hayyama hojii naannoo hin miineef kennan, fi maloota too'annoo hojiirraa qabaatan gaafatu. Kutaa bareeffamaa kana jalatti maloota kana gabaabbinaan ilaaluuf yaalla.

Bu'uruma kanaan xummura boqonnaa kanaaan booda leenjifamtoonni

- Maloota hojii eegumsa naannoo mirkaneessuuf hojiirra ooluu danda'an jajjaboo adda nii baafatanii hojiirra akka oolan tumsuuf ni qophaahu jedhameeti eeggama.

3.1. Gochootaa fi Wantoota Dhoowwuu fi Daangessuu

3.1.1. Gochoota Naannoo Faalan

Gocha, oomisha ykn adeemsa naannoo irraan miidhaa gahu irra dhoowwaan kaa'amuu danda'u. Miidhaan gahu cimaa yommuu ta'utti dhoowwan guutuu ta'e taasifamuu danda'a. Hojiin seerota naannoo gochoota, oomshawwanii ykn adeemsota naannoo irraan midhaa gahan daangessuu ykn dhoowwuudha. Ulaagaawan akka

summaawummaa, dafee bosbosuu fi dhiisuu, fi lubbuu qabeeyyii biroo miidhuu fi dhiisuu faan daangessuu ykn dhoowwuuf akka safartuutti gargaaru.

3.1.2. Itti Fayyadama Qabeenya Baayolojikaalawaa

Dhoowan adamoo fi funaansaa ajjeecha ykn qabiinsa qabeenya lubbu qabeeyyii filannoo fi of eegganno tokko malee taasifamu hambisuuf fayyada. Bifa walii galaan, tarkaanfileen eegumsaa miidhamaa fi badii ykn hanna sanyii biqilootaa fi bineensotaa hunda ykn muraasa irratti raawwatamu hambisuuf oola. Fakkeenyaaaf ‘The revised African Convention on the Conservation of Nature and Natural Resources’, adamoo, funaansaa fi qabiinsa qurxummiif too’achuuf, fi maloota qabiinsa qurxummii muraasa immoo dhoowwuuf seerri gahaa tahe bahuu akka qabu tuma.⁷²

Walii galteewwan addunyaa akka ‘the Bonn Convention on the Conservation of Migratory species of Wild Animals’ fa’aan immoo gosonni bineensotaa biyyaa biyyatti godaan biyya keessa ce’an keessattis ta’ee biyya yeroo muraasaaf qofa keessa turan keessatti eegumsi gahaa ta’e akka taasifamuuf tumu. Biyyoonni miseensota walii galtee Boona gosoota bineensota akka kanaa kana miidhama irraa akka eegamanii fi halli itti bulaniif sirnaa fi seera baasanii akka too’achuu qaban waligaltichi tumee jira.

3.2. Oomishaa fi Ulaagaa Adeemsa Oomishaa

Seeronni addunyaa fi biyyootaa ala alii oomishnii fi deemsi oomishaa naannoo irraan miidhaa akka hin geenyef ulaagaalee guutuu qaban kaa’uu danda’u. Ulaagaaleen akka kanaa kunniin sirna oomisha ykn akkaataa itti oomishaatiif safartuu ykn daangaa hanga faaltotaa ykn qaama alagaa gara naannootti gadi lakkifamu kaa’uun oomishni oomishamuu fi wanti gara naannotti lakkifamu akka naannoo hin faalle taasisuuf

⁷² ASEAN Convention on Biological Diversity (June5, 1992) Art.8.

carraaquu dha. Ulaagaaleen akka kanaa kuniin waan oomishamuuf, mala oomishaaf fi gahuumsa haala qabiinsa naannootiif bahuu danda'a.

3.2.1. Ulaagaalee Deemsaa Oomishaa

Ulaagaaleen deemsaa oomishaa akkaataan itti oomishni tokko oomishamu kan ilaallatuu dha. Yeroo tokko tokko malli ykn adeemsi oomishaa addaa kan akka mala qulqulleessu ykn calaluu sirna deemsaa oomishaa ta'e tokko irratti akka dabalamu gaafatamuu mala. Ulaagaan deemsaa mala ittiin gochoonni oomishaa miidhaa fiduu danda'an adeemsa irratti ittiin too'atamanii dha.

Biyyoota tokko tokko keessatti malli faalama naannoo ittiin too'atamu kan jira jedhame / best available pollution control technology (BACT) / akka hojiirra oolutu gaafatama. Mootummoonni tokko tokko immoo tokkoon tokkoo industriif maaltu akka mala too'anna faalama naannoo gaarii fi hojiirra ooluu qabu ta'e adda baasuun kaa'uun industiroonnis ta'ee qaamoleen hayyama isaaniif kennan akka itti fayyadaman taasisu.

3.2.2. Ulaagaalee Oomishaa

Ulaagaleen oomishaa wantoota gurgurtaaf ykn rabsamuuf qophaa'an ittiin too'achuuf oolu. Ulaagaaleen akka kanaa kunniin kanneen itti aanan kana too'achuuf oolu malu:-

- Qabiyyee fiizikaalawaa ykn keemikaalawaa wantootaa;
- Gahuumsa teekinikaa wantootaa; kan akka waan naannoo faalu ykn sagalee mootorri tokko baasuu ta'uu ;
- Akkaataa qabiinsa, dhiyeessaa fi golga omishaa keessahuu kan warra summaawoo ta'anii;
- Golga oomishaa irratti beksisa qabiyyee fi akkaataa itti fayyadama oomishichaa ilaachisee fayyadamtootaaf odeeffannoo gahaa kenu akka qabaatu; ulaagaan beksisa oomishatti karaa hin taaneen fayyadamuun, dhangalaasuun ykn haala hin malleen dhabamsiisuun miidhaan tasaa naannoo irra akka hin geenyे ittisuu

irratti xiyyeffata. Bara kana keessa sirniinni jiran oomishtooni meeshaa oomishan sadarkaa oomishuurraa qabee hanga dhabamsiisutti adeemsa keessa darbuu qabuuf akka itti gaafataman taasisa.

Dorgommii gabaa fi diinagdee jiru keessatti moo'ataa ta'uuf sadarkaan oomishaa akka ulaagaa tokkootti fudhatama waan ta'eef oomishtooni ulaagalee oomishaaf iddo olaanaa kennu.

3.2.3. Ulaagaalee Balfa Gadi Lakkifamanii

Ulaagaaleen balfa gadi lakkifamanii hammaa ykn yabbina balfitootaa iddo tokko irraa gara naannootti gad lakkifamuu danda'uu ibsa. Akka qajeeltootti ulaagaan kun ijaarsa dhaabbataa kanneen akka warshaa ykn manaaf hojiirra kan oolu yommuu ta'u, maddoota sosocha'oo ta'aniif ulaagaalee oomishaatu hojiirra oola.

Ulaagaan balfa gadi lakkifamuu kennamoota itti aanan kanneen irratti hundaa'a;

- Faaltonni hamma sadarkaa ta'e tokkorra gahutti miidhaa hin barbaaddamne hin uumuu;
 - Naannoon kamiyyuu osoo hin miidhamin hamma balfa gara naannootti gad lakkifamu baachuu danda'u kan murtaahe (the assimilative capacity) qaba;
 - Hammi baachuu danda'uu naannoo /the assimilative capacity/ kun lakkoofsan ifuu, hojiirra ooluu fi itti fayyadamamuu danda'a.

Naannoon faallame jechuuf hammi balfa gara naannootti gadi lakkifamuu sadarkaa adda bahee kaa'amee ol yoo ta'ee dha. Kana waan ta'eef ulaagaan hamma balfaa naannootti gadi lakkifamuu danda'uu fi fudhatama qabuu kan adda baahee kaa'amu murtoo siyaasatiin.

3.3. Waraqaa Ragaa fi Hayyama Dursaa

Seeronni naannoo abbootiin aangoo warshaaleen ykn dhaabbbileen naannoo irraan dhiibbaa gahuu danda'an ykn qabeenya uummamaa fayyadaman dursa angessuu, waraqaa raga kennuufi ykn hayyamuufii akka qaban gaafatu. Bineensa ykn sanyii biqiltuu tokko fudhachuuuf hayyamni kennamu fakkeenyaf biqiltuu ykn bineensa kana dhuunfaan fudhachuuuf nama dandeessisa. Sirnoonni haala naannoo, kanneen akka faalama qilleensaa, bishaan dhugaatii,sagalee, keemikaalota, fi haala lubbuqabeeyyii bosonaa itti fudhachuuun danda'amu bulchan hayyama argachuu akka qabiyyee tokkootti fudhatu. Kana irraa kan ka'e, hojiiwwan balaafamoo ta'an kanneen akka dhaabbata nikularaa, gaasii uummamaa, ykn potiriliyeemii hayyama hojii addaa fi ulaagaa cimaa keessa darbuu qabu gaafatu. Meeshaaleen naannoo irraan miidhaa gahan kanneen akka kemikaalota warshaaf oolanii, farra ilbiisotaa ykn qorichootaa oomishuuf, alaa gabaadhaa galchuuf, erguuf ykn itti fayyadamuuf hayyamni barbaachisuu mala.

Maloonni too'annoo hayyamaan walitti hidhuun taasifamanii gosoota faalama naannoo ykn manca'a qabeenya uummamaa hunda ittisuuf osoo hin taane faalama naannoo jajjaboo ta'an hambisuu qabeenya uummamaa hanga danda'ameen too'achuuf kan kaayyeffatani dha. Malli hayyamaa faalama dhoowwuf kaayyeffate 'pollution control licenses' hojmaata warshaa gadhiisii fi sirna dhoowwaa guutuun itti diriirfame jidduu sirna jiruu dha.

Seera biyya keenyaa gama kanaan yommuu ilaalluu labsiin sakatta'iinsa naannoo lakk. 299/2002 kwt'n 3 dhimma kana akka itti aanu kanaan kaa'ee jira:

Without authorization from the Authority or from the relevant regional environmental agency, no person shall commence implementation of any project that requires environmental impact assessment.

Any licensing agency shall, prior to issuing an investment permit or a trade or an operating license for any project, ensure that the Authority or the relevant regional environmental agency has authorized its implementation.

Dabalataanis labsumti kun kwt'n 11 kan itti aanu kana kaa'ee jira:

If an unforeseen fact of serious implication is realized after the submission of an environmental impact study report, the Authority or the relevant regional environmental agency may, as may be appropriate, order the environmental impact assessment to be revised or to be redone in order to address the implication.

Haala walii galaan, akka tumaalee seeraa armaan olii kanneen irraa hubachuun danda'amu, naannoq qulqulluu fi fayyaa qabeessa ta'e akka jiraatuuf qaamni aangoo qabu tarkaanfilee dursaa fi rakkoo uummame sirreessuu akka fudhachuun irraa eeggamu hubachuun ni danda'ama.

3.4. Dursa Beeksisuun Hayyama Argachuu

Aadeemsi kun mala itti biyyoonti hojii, oomisha ykn mala hojii naannoo irraan miidhaa gahuu danda'u gaafa alaa galchan hojii eeggaluun dura akka waa'ee miidhaa inni qabuu dursa beekan gochuun akka wal dhabdeen booda jidduu isaanitti uummamuu fi miidhaan naannoo ykn hawaasummaa gahuu dandahu hir'atu ittii taasisanii dha. Akka addunyaatti malli dursa beeksisuun hayyama argachuu /prior informed consent (PIC) biyyoonti wantootaa fi adeemsalee hojii naannoo, hawaasaa fi aadaa uummata isaanii irraan amala miidhaa gahuu qaban akka dura beekanii fedhii isaanii biyya keessa galu hayyaman taasifamuu akka qabu hojmaata gaafatuu dha.

3.5. Sakatta'iinsa Dhiibbaa Haala Naannoo fi Horddoffii

Sakatta'iinsi dhiibbaa haala naannoo adeemsa ittiin hojiin dhiyaate tokko dhiibbaa inni naannoo irratti qabaachuu malu yoo jiraate ittiin ilaallamuu dha. Kaayyoon sakatta'iinsa dhiibbaa haala naannoo hojiin ykn gochi tokko dhiibbaa inni naannoo irratti qabu adda baasuun raga dhiyeessuuun qaamoleen murtee kennuuf aangoo qaban akka itti fayyadaman taasisuu dha; sanaan naannoo irra miidhaa gahuu malu dursaan

ittisuu dha. Sirna bulchiinsaa miidhama naannoo hambisuuf ykn hir'isuu fi guddina itti fufiinsaa jajjabeessuuf hojjatuu kamiifiyyuu galtee isa murteessaa dha.

Gama biraan hordoffiin deemsa biyyoonni ittiin miidhama ykn faalama naannoo maloota saayinsaawaa dursaan adda bahee kaa'ameen itti ilaalan, safaran, gamaggaman, fi xiinxalanii dha. Akka sakatta'iinsa dhiibbaa haala naannoo kan dursaan gaggeeffamu osoo hin taane, hordoffiin erga hojiin misoomaa jedhame eggalamee kan taasifamuu dha. Argannoo sakatta'iinsa dhiibbaa haala naannoon dursa lafa kaa'ame hojjachuu isaa lafa irratti ilaaluun faalama ykn miidhama naannoo habisuuf ykn hir'isuuuf tarkaanfin biroo kan barbaachisu ta'uu fi dhiisuu murteessuf fayyada.

Sakatta'iinsi dhibbaa haala naannoo erga bara 1969 dhaabbanni mootummoota gamtoomanii 'the US National Environmental policy Act' n fudhatee asi akka meeshaa murteessaa ittiin hojiin bulchiinsa naannoo sadarkaa biyyooleessaatti hojjatamuunii ta'eti tajaajilaa jira.

Kun immoo walii galtee idil addunyaa Rio 'tti taasifame 'the 1992 Rio Declaration on Environment and Development' jedhamuun beekkamu irrattis akka itti aanu kanatti kaa'amee jira.⁷³

Environmental impact assessment, as a national instrument, shall be undertaken for proposed activities that are likely to have a significant impact on the environment and are subject to a decision of a competent national authority.

Hojmaanni liqeessitoota gurguddoo addunyaa kanaa illee yaadama kana deeggara. Fakkeenyaaf qajeelfamni liqqii Baankii Addunyaa erga bara 1989 bahee hojiirra oolee asi baankichi deeggarsa maallaqaa fi liqaa pirojetiif kan kenu erga dhiibbaa inni naannoo lafa keessa jiruu fi addunyaa irratti qabu sakatta'ameen booda. Sakatta'iinsi kun filannoon guddinaa fudhatame naannoo faana kan deemu fi itti fufiinsa kan qabu, fi miidhaan inni naannoo irraan gahu dursa sadarkaa jalqabaa pirojektichaa irratti

⁷³ The 1992 Rio Declaration on Environment and Development, Principle 17.

adda bahuu fi dizaayinii birojekttichaa keessatti falli kan kaa'amuuf kan danda'u tahuu mirkaneeffachuu dha.

Gaaffii Marii

1. Maalummaa Gochootaa fi Wantoota dhoowwuu fi daangessuu adda baasuun fakkeenyan deeggaruun irratti mari'adha.
 2. Garaagarummaa fi tokkummaa Ulaagaa Oomishaa fi Ulaagaa Adeemsa Oomishaa sakatta'aa.
 3. Shoorri waraqaa raga kennuu fi hayyama dursaa gaafachuu eegumsa naannoo mirkaneessuuf qabu maal?
 4. Faayidaan dursa beeksisuun hayyama argachuu maal akka ta'e irratti mari'adha.
 5. Maalummaa fi faayidaa sakatta'iinsa dhiibbaa haala naannoo irratti mari'a dha.
 6. Garaagarummaa fi walfakkeenya sakatta'iinsa dhiibbaa haala naannoo fi qajeeltoo of eeggannoof adda baasuun irratti mari'a dha.
- 4. BOQONNAA AFUR:-SEERAAD FALMIWWAN DHIMMA NAANNOON WALQABATAN BULCHAN**

Seensa

Kutaan barreeffama kanaa seera falmiwwan dhimmoota naanno wal qabatan bulchan irratti kan xiyyeefatuu dha. Bu'uruma kanaan xummura boqonnaa kanaan booda leenjifamtoonni

- Qaama namummaa seeraa fi angoo himachuu dhimma naanno;
- Haala Namni Faayidaan Uummataa Tuqame Jedhu Kamuu dhimma naannoof dhabbachuu itti danda'u;
- Himata murtii keessa deebii
- Falmii seerri naannoof bahe heeran walitti bu'e jedhu

- Haala itti himanni dhimma naannoo mana murtii fi dhaabbilee amala mana murtii qaban biroof itti dhiyaachuu danda'u irratti hubannoo qaban ni cimsatu jedhamee eeggama.

4.1. **Qaama Namummaa Seeraa fi Angoo Himachuu Dhimma Naannoo**

4.1.1. Qaama Namummaa Seeraa fi Angoo Himachuu Dhimma Naannoo :- Naannoo akka Qaama Of danda'eetti

Qaama namummaa seeraa naannoona qabaachuu qabuun walqabatee akka addunyaatti garaagarummaan namoota jidduu jiru kan maddu ilaalcha dhala namaaf iddo guddaa kennuu (anthropocentrism) ykn naannoof iddo guddaa kennuu (ecocentrism) namoota irratti kan hundaa'ee dha. Haalli itti namni tokko naannoo uummamaa ilaalu ilaalcha adunyaawaa kanneen lamaan keessaa isa kam akka qabu irratti hundaa'a.⁷⁴ Waan ta'eef, dhimmi qaama namummaa seeraa argachuu fi dhiisuu naannoo sirni seeraa biyya sanii ilaalcha addunyaawaa kanneen lamaan keessaa kam irratti hundaa'a dhimma jedhu irratti hundaa'a.

Kana waan ta'eef ijjannoo sirni seeraa biyya keenyaa himata dhimma naannoo irratti qabu adda baasuuf deemiuun dura gosa yaaddama addunyaawaa naannoo isa kamtu akka sirna seeraa biyya keenyaa irratti dhiibbaa uumu adda baasuun dhimma ijoo dha.

Yaadamni /ilaalchi dhala namaaf xiyyeffannoo guddaa kennuu barbaachisummaan naannoona uummamaa hanga faayidaa dhala namaaf ooleetti jedhee amana. Ilaalchi kun naannoona akka waan of danda'ee /intrinsic values/[an end in itself]' tti ilaalu irra akka meeshaa/ an instrument/[as merely a means] galma gahiinsa jirenya gaarii dhala namaatiif fayyaduti ilaalu. Kanaaf yaadamni kun walitti hidhata miidhaha

⁷⁴ Fumi Maekawa and Darryl Marcer, Anthropocentric, Ecocentric, and Biocentric Views

Among Students in Japan, Eubios Ethics Institute), P.1.

[www2.unescobkk.org/eubios/ABC4/abc4327.htm~18k]s

naannoorra gahuu fi dhiibbaa inni jiruu dhala namaa irraan gahuu agarsiisuun hammam naannoo kunuunsuun jiruu dhala namaaf akka fayyadu agarsiisuu yaala.⁷⁵

Qabxii olitti ka'e kana irraa kan hubatamu yaadamni 'anthropocentric' dhala namaa fi naannoona adda adda akka ta'an ni amana; ta'us garuu xiyyeffannaan kan kennameef dhala naamaf. Naannoona fedha dhala namaa galmaan gahuuf fayyada waan ta'eeq qaadni namummaa seeraa kan kennamu dhala namaaf qofa yommuu faayidaan isaa tuqamutti. Jecha biraan yaadamni kun naannoo akka waan fedhii dhala namaaf uummametti waan ilaaluuf qaama seerummaa hin kenuuf.

Gama biraan yaadamni 'ecocentric' naannoona ofuma isaaq qaama of danda'ee dha;⁷⁶ kanaf qaama seerummaa argachuu qaba jedhu.⁷⁷ Akka yaadama kanaatti jireenyii lubbu qabeeyiyawan lafa kana irra jiran hundi matuma isaaniif, faayidaa dhala namaafis ta'ee qaama biroo kamiifuu osoo hin taane, gatii akka qaban agarsiisa. Dhalli namaa adda addummaas ta'ee baayyina lubbu qabeeyyi naannoo uummamaa ofdanda'anii jiraachuuf mirga uummamaa qaban kanneen hir'isuuf mirga tokko illee hin qabu. Yaadamni kun dhalli namaa naannoo uummamaa irraa akka addaatti ilaallamuu isaa hin fudhatu. Dhala namaa akka waan naannotti hidhamee fi qaama naannoo uummamaa keessaa ta'e tokkotti ilaala.⁷⁸ Sababoota olii kanneen irraa kan ka'e yaadamni kun akka mirga isaanii akka fedha isaaniitti hojiirra oolfataniif tokkoon tokkoo miseensa naannoo uummamaaf qaama seerummaa kenuun barbaachisaa akka ta'e kaa'a.

⁷⁵ Beyond Dinner, The Anthropocentric _ Econcentric Debate by Healther -Noel Schwartz, P1.[<http://members.aol.com/Thrywoman/AED.html>.]

⁷⁶ Paul Edward (ed.), The Encyclopedia of Philosophy, (Volume 2, the Macmillan comp. and the Free Press, New York, 1967), P.343 [In current usage, its meaning is more specific: A deontological theory of ethics is one which holds that at least some acts are morally obligatory regardless of their consequences for human weal or woe.]

⁷⁷ Anthony D. Amato and Sudhir Chopra, "Whales: Their Emergence and Right to Life, (AJIL, vol. 85, 191), P.28.

⁷⁸ Kanuma

Haala baratamaa jiruun namni tokko mana murtiitti dhiyaatee himachuuf sababa gahaa /good and sufficient reasons/ qabaachuu qaba. Kanaaf namni dhunfaa naannoon miidhamee jira jedhee dhala namaa ykn uummama bakka bu'ee himata hundeessuuf sababa gahaa kana agarsiisuu qaba.⁷⁹ Haala akka kanaa kana keessatti sosoichiin qaama nama hin taaneef mirga akka kanaa kana kennuun waan addaa fakkaachuu danda'a.⁸⁰

Haa ta'uutii garuu sirnoota seeraa tokko tokko keessatti haalli itti bineensonni angoo mana murtii ful dura dhaabbachuu argatanii jiru. Kanaaf fakkeenyi gaariin dhimma biyya jarmanitti ilaallame yoo ta'u kormaan indaaqqoo sagalee jeequ waan uumeef mana murtitti gaafatameera.⁸¹

Gara sirna seeraa biyya keenyatti yommuu deebinu haalli jiru ifa miti. Heerri RDFI kwt'n 44 mirga naannoo qulqulluu fi fayya qabeessa keessa jiraachuu mirgoota fi bilsummaawwaan garee heerichaan beekkamtiin kennameef keessaa akka tokkootti fudhatee jira. Kun kan agarsiisu biyyattiin yaadama adunyaawaa dhala namaaf dursa kennu 'anthropocentric' akka hordoftu agarsiisa. Gama biraan imaammanni naannoo biyyattii sanyiin lubbu qabeeyyi amma jiran kunniin mirga itti fufiinsaan jiraachuu akka qabaniif tarii lubbu qabeeyyiin kunniin dhaloota ammaaf fi/ykn boriif faayidaa qabaachuu akka danda'an ibsa.⁸² Kun yoo laallame imaammatichi sarara duraa keessatti ilaalcha naannoof dursa kennu' ecocentric' akka hordofe fi sararri lammaffaan immoo ilaalcha dhala namaaf dursa kennu 'anthropocentric' akka hordofe argina.

Dabalataanis , 'the Biological Diversity Convention' bara 1992, kan biyyi teenya mallatteessitee fudhatte, naannoon of dandeessee akka qaama mirga jiraachuu qabdu

⁷⁹ George Whitecross Paton, Text Book of Jurisprudence, (Clarendon Press, 1964), P. 349.

⁸⁰ Christopher Stone, "Should Trees Have Standing? Towards Legal Rights for Natural Objects," (Southern California press, 1972), P.455

⁸¹ The Environmental Policy of Ethiopia, April 1997, 2.3 [q]

⁸² Kanuma

tokkootti ilaalamtee jirti waan ta'eef qixa kanaan immoo ilaalcha naannoof dursa kennuutu fudhatame.⁸³ Kanaaf sirni seeraa biyyattii yaadama lamaanuu tuttuqa.

Haa ta'uutii garuu walii galtee idil addunyaa biyyi teenya mallateessite, imaammata naannorratti qabduu fi yaadama biyyolessaa fiaddunyaa amma jiruu yoo ilaalla ta'e Heeri kwt'n 44 mirga naannoon of danda'ee akka qaama mirga seeran eeggame tokkootti laallamuuf qabdu fedha dhorkachuu ni qaba jechuun nama rakkisa. Lammileen mirga naannoq qulqulluu fi fayya qabeessa keessa jiraachuuf mirga qabaachuun isaanii naannoq uummamaa akka qaama of dandeesse tokkotti ilaallamuu irratti dhiibbaa hin qabu; hin dhorkus. Caalayyuu yaadota waliif tumsanii fi wal faana deeman inni tokko isa biraad deggaruu dha malee.⁸⁴

4.1.2. Qaama Seerummaa, Mana Murtiitti Diyaachuu fi Dhaloota Boruu

Dhimma qaama seerummaa dhaloota boruu osoo hin ilaalin dura waa'ee mirkanuu haqummaa dhaloota darbaa dhufaa 'intergenerational equity' qabxii muraasa jechuun barbaachisaa dha. Haqummaa dhaloota dhufaa darbaa jechuun adeemsa itti dhaloonni har'aa osoo fedhiin dhaloota borii hin miidhamin itti guuttamuu danda'uu dha. Kun immoo kan mirkanuu danda'u guddinni itti fufiinsaa yoo jiraate qofaa dha. Jechuunis hojiin misoomaa haala kamiiniyyuu hojjatamu kamuu fedhii dhaloota har'aa haala dhaloonni boruu fudhii isaanii akka guuttachuu hin dandeenye hin taasifneen guutuu haala danda'uu hojjatamuu qaba jechuu dha.⁸⁵ Yaada kana duuba ijjannoon akkaataa hojiin misoomaa itti hojjatamuu fi itti fayyadama teekinolajii ammayyaa akkasumas dandeetti itti fayyadama qabeenya uummamaa dhaloota har'aa irra daangaan ta'e tokko irra kaa'amuu qaba jedhutu jira.

⁸³ Biological Diversity Convention Ratification Proclamation, Proclamation No. 98/1994 Neg. Gaz., Year 53 No.88.

⁸⁴ Tsegai Berhane and Merhatbeb Teklemedhn Mekelle University Faculty of Law, April 2008. Page 105.

⁸⁵ Kanuma

Yaadama haqa dhaloota darbaa dhufaa keessa ulaagalee lamatu jira. Haqni dhaloota darbaa dhufaa qabiyyee lama of keessaa qaba. Inni jalqabaa sirna uummamaa amma jiru kana kunuunsuun itti fufsiisuun sadarkaan jirenya dhala namaa amma jiru kun akka itti fufu taasisuu dha. inni lammataa iddoowan akka biyyaatti murteessoo ta'an bareedina isaaniif, seenaa qabeessummaa isaaniif, ykn haala naannoof faayidaa isaan qabaniif jecha kunuunsuun dhalooni dhufu akka itti fayyadamuu fi ittiin gammadu taasisuu dha.⁸⁶

Yaadamni kun seerota naannoo idil addunyaan kan deeggarmee dha. Seerota kanneen keessaa inni tokko Ibsa Riyoo'ti. Ibsi kun mirgi guddinaa haala haqummaa dhaloota darbaadhufaa guuteen raawwatamuu akka qabu kaa'a.⁸⁷ Dabalataanis Manni Murtii Haqaa Addunyaa dhimma seerummaa meeshaa waraanaa nikularii ilaachisee kenne irratti meeshaa waraanaa niwukularaa fayyadamuun haala hamaa ta'een dhaloota dhufu miidha. Cararaan meeshaa kana keessaa bahu carraa fi dandeettii naannoo, nyaata, fi qaama bishaanii gara ful duraa faaluun jufunfuluun dhalootaa 'genetic defects' fi dhukkubni dhaloota dhufu akka quunnamu godha.⁸⁸

Haaluma wal fakkaatuun yaadamni kun dhimma manni murtii walii gala biyya Filiippiinsi ilaalee murteesse fi akka addunyatti guddina seera eegumsa naannootiif akka dhimma shoora guddaa qabuutti ilaallamaa jiru tokko irratti illee calaqqiseera.⁸⁹ Dhimma kana keessatti daa'imman afurtamii afurii fi dhaabbanni 'the Philippine Ecological Network' jedhamu dhimma mana murtichaatti mootummaa biyyattii irratti dhiyeeffataniin biyyattii keessaa bosonni uummamaa durii biyyattii keessatti kan hafe hek 850,000 qofa irratti waan ta'eef kun immoo warshaa xaawulaa soofaniin waan

⁸⁶ Report of the world Commission on Environment and Development [The Brundtland report] our Common Future 43 (1987).

⁸⁷ The Rio Declaration on Environment and Development, Held at Rio de Janeiro from 3 to 14 June 1992, Principle 3.

⁸⁸ International Court of Justice in the Legality of Nuclear Weapons Case, 1996, ICJ Rep. 4.

⁸⁹ Minors Oposa V. Secretary of the Department of Environmental and Natural Resources. [G. R. No. 101083, July 30, 1993].

ta'eef hayyamni kana hayyamu guutuu biyyattiitti akka haqamu jechuun gaafatan. Kana jabeessuuf hojiin kun dhaloota isaanii fi kan isaan booda illee dhufu miidha waan ta'eef isaa bakka buune jedhan. Manni Murtichaas kan itti aanu kana jedhee jira:

We find no difficulty in ruling that they can, for themselves, for others of their generation and for the succeeding generations, file a class suit. Their personality to sue on behalf of the succeeding generations can only be based on the concept of intergenerational responsibility in so far as the right to a balanced and healthy ecosystem is concerned.

Akkaataa murtee kanaan gaaffiin ijoolleen kun mirga naannoo gaarii argachuuf dhiyeessite kun akka dirqama isaan dhaloonti dhufu mirga naannoo gaarii keessa jiraachuu akka danda'u dandeessisuuf gahee isaanii bahuuf qaban illee akka bahanitti fudhatama. Kanaaf murtiin kun naannoonti fufiinsaan akka jiraattuu fi dhalli namaa darbaa dhufaan haala haqummaa qabuun akka irraa fayyadamuu danda'u gochuuf qaamni kamuu / dhaloonti har'aa mataan isaa/ dirqama akka qabu agarsiisa.

Gara sirna seeraa biyya keenyatti yoo deebine qajeeltoon haqa dhaloota darbaa dhufaa tumaalee seeraa hedduu keessatti ifee argina. Heera RDFI keessatti qajeeltoo guddina itti fufiinsaa keessatti haguuggiin calaqqisee jira⁹⁰ Imaammata naannoo keessatti ifatti naannoonti uummamamaa itti fufiinsaan jiraachuu akka mirga qabuu fi tarii dhaloota har'aa fi /ykn boriif faayidaa kan qabu ta'uu isaa ibsamee jira. ⁹¹ Dabalataan imaammatichi sirni naannoonti uummamamaa adda hin cinne akka jiraachuu danda'uuf haala mijataa uumuu danda'u akka diriiruu qabu gaafata. ⁹²

Kanaaf haala mijataa uumuuf fakkaata, tumaan Heeraa kwt'n 37/2//b/ dhaabbileen kaayyoo isaaniif dhaabbachuu akka danda'an kaa'a. Haala ifa ta'een immoo labsiin lubbu qabeeyyiif eegumsa taasisu labsiin lakk 300/2002 namni, gareen, ykn dhaabbanni dhuunfaa ykn mootummaa kam iyyuu miidhama naannoo irra gaheef

⁹⁰ The Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia of 1995, Neg. Gaz., 1st Year No.1, Art. 43(1).

⁹¹ The Environmental Policy of Ethiopia, Art 2.3 (q).

⁹² Id., 2(3) (k).

seerota naannoo bu'ura godhachuun himata dhiyeessuuun sirreeffama gaafachuu akka danda'u kaa'eera.

4.2. Falmii Dhimma Naannoo Irratti Dhiyaatu: Haala Namni Faayidaan Uummataa Tuqame Jedhu Kamuu Dhaabbachuu Danda'uun Bilisa Taasisuu

Bu'ura seera itti gaafatamummaa walii galteen alaa baramaan namni tokko himannaadhiyeeffachuu kan danda'u yoo faayidaan isaa jalaa miidhame qofaa dha.⁹³ Sababa kanaaf miidhamni naannoo irra gahu miidhama hawaasa hunda irra gahuu dha waanta'eef, akka qajeeltootti, namni dhuunfaan himata dhiyeessuu hin danda'u jechuu dha. Kana waan namoonni dhuunfaas ta'ee dhaabbileen quuqama naannoo qaban miidhama naannoo irra gahuuf akka mana murtiiti dhiyaachuu danda'aniif dhuunfaadhaan mirgi naannoo qulqulluu fi fayyaa qabeessa keessa jiraachuu kennamuufii qaba.

Heeronni biyyoota hedduu mirga naannoo qulqulluu fi fayya qabeessa keessa jiraachuuf beekkamtii kennanii jiru. Fakkeenyaf Heerri RDFI mootummaan lammileef mirga naannoo qulqulluu fi fayya qabeessa keessa jiraachuu mirkaneessuu akka qabutumee jira.⁹⁴ Itti dabalees namoota dhuunfaaf mirga naannoo qulqulluu fi fayya qabeessa keessa jiraachuu kennee jira.⁹⁵ Kana malees heerichi mootummaa fi uummanni waliin dirqama naannoo eeguu akka qaban tumee jira.⁹⁶ Haaluma heericha keessa waan kaa'ameen wal simuun labsiin too'annoo faalama naannoo dhimmi eegumsa naannoo, akka walii galaatti, fi eegumsi fayyaa fi nageenya nama,

⁹³ Civ. Proc. Infra note 199, Art. 33 (2), and Civ. Code, Infra note 46, Arts. 2090 and ff.

⁹⁴ Heera RDI kwt. 92 (1).

⁹⁵ Kanuma kwt, 44 (1).

⁹⁶ Kanuma kwt'n 92(4) fi 91(2)

akkasumas eegumsa lubbu qabeeyyii fi bareedina uummamaa akka addaatti, dirqama fi itti gaafatamummaa nama hundaa akka ta'e ni kaa'a.⁹⁷

4.3. Himata Mootummaan Yommuu Naannoo Miidhu ykn Hin Ittisin Hafu Dhiyaatu: Himata Keessa Deebii Murtii Mootummaa

Gosti himataa kun himata lammuin ykn dhaabbanni tola oolaan warra biraan bakka bu'e jedhee dhiyeessu osoo hin taane waan miseensa hawaasichaa/ ummatichaa/ dhala namaa ta'eef dhimmi faayidaa walii galaa tuqu anas na ilaallata waan ta'eef mirga kootu tuqame jedhee dhiyeessuu dha. ⁹⁸

Biyya keenyatti kaayyoon qaama mootummaa naannoo bulchuu imaammata, tarsiimoo, seeraa baasuu fi qooda fudhattoota qindeessuun haala fayyaa fi nageenya dhala namaa hin miinee fi itti fufiinsa naannoo gaaffii keessa hin galchineen hojii misooma hawaasummaa fi diinagdee saffisiisuu dha.⁹⁹ Yaadama kana haala bu'uura godhateen hojii taarkaanfilee kaayyoo heera mootummaa fi imaammata naannoo jalatti kaa'ame galmaan gahuuf fudhatamanii ni qindeessa.¹⁰⁰ Kanaaf qaamni kun aangoo guddaa qaba.

Haata'uutii garuu qaamni kun aangoo isaa qixa sirriin osoo hin bahin hafa yommuu ta'e ykn immoo ofuma isaaf gochi isaa kan naannoo miidhu yommuu ta'u lammuin kamuu mana murtiitti dhimmicha dhiyeessuun akka sirratu taasisuuf akka danda'u adeemsi dandeessisu jiraachuu qaba.

4.4. Falmii Seerri Naannoo Bahe Heeraan Walitti Bu'a Jechuun Dhiyaatu

⁹⁷ Environmental Pollution Control Proclamation, Proclamation No.300/2002, Neg. Gaz., 9th Year , No.12, the Preamble.

⁹⁸ Sampat Jain, Public Interest Litigation, (Deep and Deep Publication [p] LTD, 2002) P. 27.

⁹⁹ Environmental Protection Organs Establishment Proclamation, Proclamation No. 295/2002, Neg. Gaz., 9th Year, No. 7, Art. 5

¹⁰⁰ Kanuma kwt 6

Biyya keenyatti aangoon heera hiikuu mana maree federeeshiniif kennname.¹⁰¹ Heerri mootummaa kwt'n 62/2/ manni maree federeeshinii gumii calaltuu heeraa akka hundeessu aangessa. Tumaan heerichaa kwt'n 83 dabaluun waldhabdeen dhimma heeraa hundi gumii calaltuu heeraan mana maree federeeshiniif dhiyaachuu akka qabu kaa'a. Kana jechuun gumiin calaltuu dhimma heeraa erga sakatta'iinsa barbaachisaa ta'e taasiseen booda yaada furmaataa inni irra gahe murtee dhumaa akka argatuuf mana maree federeeshiniif dhiyeessuu qaba jechuu dha. ¹⁰²

Waldhabdeen dhimma heeraa kamiyyuu kan murtee argatu gumii hiikkoo dhimma heeraan dhiyaatee mana mare federeeshiniitiin qofa waan ta'eef qaamni gochi bulchiinsaa ta'e tokko heeraan wal dhahe jedhu kamuu fala dhumaa qaama bulchiinsaa ykn mana murtii kami irraayyuu osoo hin barbaadiin mana maree federeeshiniif dhiyessee murteessisuu danda'a. Yommuu waldhabdeen hiikkoo heeran wal qabatee ka'u mana maree federeeshiniif dhiyaachuu qaba. Qaamoleen bulchiinsas ta'e manni murtii angoo heera hiikuu hin qaban waan ta'aniif falli laatan hin jiru waan ta'eef.

Asitti dhimmi ka'uu malu eenyutu himata kana dhiyeessuu danda'a kan jedhoo dha. Asirratti qaamni dhimma hiikkoo heeraaf mana mare federeeshiniitti dhiyaatu akka akka isaatti addaa addummaa qabaachuu danda'a. Dhimma naannoon walqabatee heerummaa gocha qaamolee bulchiinsaa ilaachisee garuu tumaawwan heeraa 83 fi 84, tumaawwan heerichaa 44(1)fi 92 (4), labsii too'annaa faalama naanno kwt 11 faana ilaaluun barbaachisaa dha.¹⁰³

Cuunfaa tumaawwan kanneenii irraa akka hubachuun danda'amutti namni kamiyyuu mirga naanno qulqulluu fi fayya qabeessa keessa jiraachuu fi dirqama kunuunsuu qabu. Kana waan ta'eef gaafa sababa gocha qaama mootummaa faallaa heeraa ta'een naanno irra miidhaan gahu qaamni kamuu namni dhuunfanis ta'ee gareen akka

¹⁰¹ Heera RDFI kwt 83(1).

¹⁰² Heera RDFI kwt, 84 (1)

¹⁰³ Heera RDFI kwtn. 83, 84, 44 (1), fi 92 (2).

fedhiin isaa tuqametti ilaallama. Kana waan ta'eef dhimmicha kallattiin mana maree federeeshiniif dhiyeessuu ni danda'a.

4.5. Himata Mana Murtii Fi Dhaabbilee Amala Mana Murtii Qaban Biroo Addunyaa Biratti Dhiyaatu

Miidhama naannoo irra gahu irraa ka'ee namni komii qabu mootummaa irratti sadarkaa addunyaatti himata dhiyeessuf dura faloota sadarkaa biyyaatti argaman duguguun fayyadamuun dhimma murteessaa fi akka ulaagatti fayyaduu dha. Kana waan ta'eef faloota sadarkaa biyyaatti argaman muxuxuun osoo hin xummurin dura himanni sadarkaa addunyaatti dhiyaatu fudhatamummaa hin qabu jechuu dha.¹⁰⁴

Qajeeltoon kun qajeeltoo biyyootaaf rakkoo keessoo isaanii osoo amala addunyaawaa hin qabatin dura sirna deemsaa seeraa mataa isaaniin akka hiikkachuu danda'an carraa kennuufii dha. Sababa kanaaf qajeeltoon fala biyya keessaa dura ijibaachuu qajeeltoo beekkamaa walii galaa seera addunyaa fi adeemsaa hojii murteessaa manneen murtii mirga namoomaa addunyaa ittiin hojjatanii dha.¹⁰⁵

Sadarkaa addunyaatti carraan ittiin namni dhuunfaan ykn dhaabbileen miti mootummaa gahee isaanii itti bahan baayyee dhiphaa dha. Haa ta'uutii garuu kana jechuun gonkuma hin danda'amu jechuu miti. Fakkeenyaf walii galteen mirga namoomaa awuroopaa koomishiniin mirga namoomaa awurooppaa eenyurraa himata fuudhoo akka danda'u ilaalchisee kan itti aanu kana jedhee jira:¹⁰⁶

may receive petition [---] from any person, non-governmental organization or group of individuals claiming to be the victim of a violation by one of the (---) parties of the rights set forth in this convention, provided that the (---) party against

¹⁰⁴ Ian Browne, Principles of Public International Law, (2nd ed), Clarendon Press, Oxford, 1973), P. 482.

¹⁰⁵ Malcom Shaw, International law (4th ed, Grotious Publications: Cambridge University Press, 1997), P. 202

¹⁰⁶ UN Declaration on Permanent Sovereignty over Natural Resources, GA Res. 1803 (XVII); Para. 5.

which the complaint has been lodged has declared that it recognizes the competence of the commission to receive such petitions.

Kana bu'ura godhachuun namoonni dhuunfaa fi dhaabbileen miti mootummaa biyyoonti seerota naannoo ilaallatan cabsuun yommuu naannoo miidhan himata dhiyeessuun koomishinichi gahee isa irraa eeggamu akka bahachuu danda'u deeggaruu keessatti shoora guddaa taphatanii jiru. Akka addunyaatti himanni seera naannoo kabajuu dhabuu kumaatamaan lakkaa'aman koomishinii eegumsa naannoof dhiyaatanii sakatta'iinsi akka gaggeeffamu ta'ee jira.¹⁰⁷

Muuxxannoon Ardi Awurooppaa jirus kanuma agarsiisa.¹⁰⁸ Dhaabbileen tola oltotaa naannoon akka hin miidhamne hojjatanii fi namoonni dhuunfaan mootummaan seerota naannoo qixa sirriin hojii irra oolchaa hin jiru, murtee seera naannoo faallessu dabrseera fi kkf jedhan kan mootummaan hojii isaa dhimma eegumsa naannoon wal qabatee jiru akka qixa sirriin hojjachaa hin jirre agarsiisu kamuu akka sirratuuf himata mana murtiitti dhiyeessuu danda'u. Fakkeenyuma kaasuuf dhimma dhaabbanni 'Green Peace Council' fi kanneen biroo mana murtii sadarkaa tokkoffaa awurooppaatti dhiyeessan ilaalun ni danda'ama. Dhimma kanaan himattooni kudha sagal murteen baajataa speen akka ijiaarsa humna ifaa adoola kaanaarii keessatti gaggeessuu dandeessuuf koomishinii awurooppaatiin darbe sababa seera koomishinichaa 'Directive 85/337 on environmental impact assessment and Article 130R of the EEC Treaty' ta'een walitti bu'uuf akka haqamu gaafatanii jiru. Himattooni kuniin himata kana himachuuf namni sababa hojii koomishinichaan hayyamamee hojjatamuuf deemu kanaan miidhaan irra gahu kamuu dhiyeessuu akka danda'u kaasu. Koomishinichi immo gama isaan himattooni dhimmicha mana murtiitti himachuuf hin danda'an jechuun falme.

¹⁰⁷ Ibid

¹⁰⁸ European Convention on Human Rights, 1950, Art. 25 (1).

Chaartarri Mirga Namaa fi Uummataa Afrikaa immoo kan itti aanu kana jedhee jira:

¹⁰⁹

Before each session, the secretary of the commission shall make a list of the communications other than those of state parties to the present charter and transmit them to the members of the commission, who shall indicate which communications should be considered by the commission. A communication shall be considered by the commission if a simple majority of its members so decide.

Dabalataanis angoon koomishinichaa yoom hojii irra oola dhimma jedhu ilaalchisee Chaartarri Mirga Namoomaa fi Uummataa Afrikaa kan itti aanu kana kaa'ee jira:¹¹⁰

The commission can only deal with a matter submitted to it after making sure that all local remedies, if they exist, have been exhausted, unless it is obvious to the commission that the procedure of achieving these remedies would be unduly prolonged.

Akkuma tumaalee armaan olii kanneen irraa hubachuun danda'amu namni kamuu himata koomishinii Mirga Namoomaa fi Uummataa Afrikaaf dhiyeessuu ni danda'a. Koomishinichi garuu dhimmicha dhiyaateef ofitti fuudhee kan ilaaluu danda'u ulaagaaleen lama yoo guuttamanii dha. Isaaniis inni jalqabaa miseenssi koomishinichaa sagalee caalmaan yaa ilaallamu jedhee yoo murteessee fi lammata irratti immoo himata kana qaamni dhiyeessu kun faloota sadarkaa biyyaatti jiran hunda erga yaalee xummureen qofa dha. Haala addaan garuu yommuu koomishinichi dhimmichi akka ilaallamu sagalee caalmaan deeggarame fi falli biyya keessa dhimmichaaf furmaata osoo hin kenniin yeroo dheeraaf lafarra bute fala biyya keessa jiru ijibaadhu osoo hin jedhamin dhimmichi koomishinichaan ilaallamuu mala.¹¹¹

¹⁰⁹ African Charter on Human and Peoples' Right, Adopted on June 27, 1981, OAU Doc. 1982, Art 55.

¹¹⁰ Ibid, Art. 50.

¹¹¹ Ibid, Art.56.

Asitti dhimmi beekkamaan dhaabbanni mirga namoomaa ‘CERAC’ jedhamu mootummaa Naayijeeriya fi kampaanii ‘the Oil Giant Shell’ jedhamu irratti Koomishinii Mirga Namoomaa fi Uummataa Afrikaatti dhiyeeffatan kaasnee laaluun bu’aa qaba.¹¹² Keessoo dhimma kanaa irraa akka hubatamutti jireenyi uummata goса Ogoni jedhamu kan qonnaa fi qurxummii kiyyeessuun bulu fayyummaa lageen, burqaa fi biyyoo naannoo sanaa irratti hundaaha.

Waggoota diigdamaa oliif sababa hojii misoomaa akka feeteen gaggeeffamuun naannoon jirenyaa hawaasa Ogoni akka malee miidhamee ture. Mootummaan Naayijeeriya mataan isaa sababa gahee guddaa hojii misooma zayiita boba’aa hojjatamu keessaa qabuu fi kutaa hawaasaa hawaasa maaf kun ta’a jedhee gaafate illee irratti tarkaanffii gara jabeenyummaan guuttame fudhatuuf badii kana keessaa harka qaba; badichattis gumaacheera.

Warshaan zayiita boba’aa oomishu kun balfa oomishaa yaalumsa tokko illee osoo hin taasisiniif callisee badheerratti waan dhangalaasuu fi kun immoo gara lageenii, burqaawwanii, fi biyyootti galuun naannoo fi jiruu hawaasichaa irraan miidhaa kana hin jedhamne gahee jira. Faalamni bishaanii, burqaa, qilleensaa fi biyyoo lafa Ogoni keessatti dhaqqabu kun immoo jirenya lubbu qabeeyyii akka biqiltuu, qurxummii, loonii, fi naannoo uummamaa akka walii galaatti miidhee jira. Kuni immoo ummaticha balfoota bishaanii fi qilleensan dhufan hedduuf saaxiluun rakkoo fayyaa fi jirenyaa hamaa ta’eef saaxile.

Rakkoon kun yeroo hanga kanaa yommuu naannoo fi uummata Ogoni irra gahu mootummaan Naayijeeriya dhimmichaaf gumaachuu malee wanti kampaanii kana too’achuun, hordofuun ykn ittisuun rakkoon kun akka dhaabbatu taasise hin jiru. Ittumaayyuu miseensonni hawaasichaa fi qaamoleen mirga namoomaa fi naannoof falman dhimmicha gaafa kaasan tarkaanfii sukkanneessaa irratti fudhachuun rifachiisa; rakkoo uumtonni akka jajjabaatan taasisaa ture. Rakkicha hiikuu irra seera baasuu fi humna loltuu iddo kampaanii kana qubsiisuun rakkichaaf eegumsa taasise.

¹¹² CERAC Vs. Nigerian Government and the Oil Giant Shell.

Mootummaan ofii isaanis ta'ee kampaanichi qorannoo hojichi fayyaa fi naannoo irraan miidhaa gahu akka qoratamu hin goone; dhaabbilee fi saayintistoonni biro illee gaafa qorachuuf dhaqan akka hin seenne dhorke.

Haa ta'uutii garuu haala waan qabatamaan mirga uummata Ogoni fi naannoo irra gahaa jiruun haala faallaa ta'een mirgi fayyaa fi naannoo fayyaa qabeessa ta'e keessa jiraachuu seerota addunyaa hedduun haala adda ta'een immoo Chaartara Afrikaa jalatti beekkamtiin kennameefi jira. Mirgoonni kun lameenuu barbaachisummaa naannoona qulqulluu fi nagaa ta'e jirenya dhala namaaf qabuuf beekkamtii ni kennu.¹¹³ Haaluma wal fakkaatuun Chaartarri Afrikaas haala ifa ta'een namoonni mirga fayyumaa qaamaa fi fayyaa akkasuma naannoo fayyummaa isaaniif mijataa ta'e keessa jiraachuu akka qaban kaa'ee jira.¹¹⁴

Jalqaba irratti mirgi fayyaa fi naannoo fayyaa qabeessa ta'e keessa jiraachuu mootummaa hojiwwan fayyaa fi fayyummaa naannoo lammilee miidhan hojjachuu irraa akka of quatu akeekkachiisu. Dirqama qaamoleen biroo illee mirga lammilee kana akka hin sarbine ittisuus ni qaba. Kun galama akka gahuuf seeronni idil addunyaa fi murteewan manneen murtiin darban biyyoonti seerota rogummaa qaban akka baasanii fi sirnaan hojiirra akka oolchan gorsu. Chaartarri Afrikaa seerota addunyaa biyyoonti miseensa Chaartarichaa ta'an akka seerota baasuun ykn tarkaanfiwwan biroo fudhachuun mirgoota Chaartarichaan beekkamtiin kennameef akka hojiirra oolchan gaafatu keessaa isa tokkoo dha.¹¹⁵ Haaluma walfakkaatuun manni murtii ardii ameerikaas 'Inter-American court'¹¹⁶ biyyoonti seera tokko malee yommuu

¹¹³ The First United Nation Conference on Environment and Development, Held in Stockholm, in June 1972, Principle 1.

¹¹⁴ Chartera Afrikaa kwt 24

¹¹⁵ Kanuma kwt'n 24 fi 16(1).

¹¹⁶ Inter-American Valasques Rodriguez Case, Inter-Am ct. H.R OEA/ser. L/V/III. 19 Doc 13, 11 164 [Aug. 31, 1988].

dhaabbileen ykn namoonni dhuunfaa hojii misoomaa akka hojjatan hayyaman mirga lammileen gama fayyaa fi naannoq qaban sarbaa akka jiran beekuu qabu jedhee jira.

Haala tumaalee seeraa olitti ilaalle kanneen waliin deemuun erga bu'ura Chaartara Afrikaa kwt 50'n fala sadarkaa biyyaatti jiru fixeen booda CERAC'n dhimmicha Koomishinii Mirga Namoomaa Afrikaatti dhiyesse. Kana booda erga dhimmicha ilaalee booda Koomishinichi 'CERAC' fi uummata Ogoniif murtee mirga naannoo nagaa fi keessa jiraachuun danda'amu keessa jiraachuun qabu jedhu kenneefii jira.

Dhimma kana irraa akka hubachuun danda'amutti naannoq miidhamtee falli biyya keessa ijibaatamee erga jedhee fi rakkicha hiikuu yoo dida ta'e falli biraa illee sadarkaa Ardii fi Addunyaa akka jiruu fi itti fayyadamuun akka danda'amuu dha. Karuma wal fakkaataa hordofuun biyya keenyattis dhaabbileen tola oolanii fi lammileen qaxalee ta'an mirga fayyaa fi naannoo irra dhiibbaan gahu akka fala argatu erga furmaata biyya keessa xummuraniin booda sadarkaa aardii fi addunyaatti himata dhiyeffachuun rakkichaaf fala barbaaduu danda'u.

Dhimmi biroo qabxii kanaan wal qabatee ka'uu danda'u dhimma 'APAP / Action Professionals' Association for the People/' fi Abbaa Taayitaa Eegumsa Naanno Itiyoophiyaa jidduu turee dha. APAP dhaabbata tola oolaa hiyyeessi, dubartoonnii fi daa'imman haqa akka argatan hojjachuuf dhaabbatee dha.¹¹⁷ Kaayyoo dhaabbateef kana bu'ura godhachuu APAP himata seenaa biyyattii keessatti isa jalqabaa ta'e fi sababa faalama lageen Aqaaqii fi Mojoo iira warshaalee mootummaa fi dhuunfaan gahuutiin miidhaa mirga namaa fi naannoo irra gahu akka dhaabbatuuf gaafatu mana murtii federaalaa sadarkaa jalqabaa federaalatti dhiyessee ture.

Dhimmicha kana keessa akka hubatamutti 'APAP' himata mana murtiitti dhiyeessuu isaan dura komii Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoof dhiyesse. ¹¹⁸ Komii dhaabbanni

¹¹⁷ Abebe Mekasha, APAP'S Experience in the Provision of Legal Aid: Approaches and Challenges, Paper, December 9, 2004, P.1.

¹¹⁸ APAP'S Complaint to the Environmental Authority

kun Abbaa Taayitichaaf dhiyeesseen lageen Aqaaqii fi Mojoo balfa jajjaboo fi dhangala'oo warshaaleen mootummaa fi dhuunfaa gadi lakkisaniin faalamaa akka jiran qorannoowwan APAP taasisee fi qaamoleen biroo taasisan agarsiisanii jiru. Qorannoowwan kunniin balfi jiraattota finfinnee fi warshaa gogaa mojoo irraa gadi lakkifamu faalama lageen kanneeniif gahee akka qaban ifatti agarsiiseera.

Bu'ura qorannoowwan nannoo kanneenin wal qabatanii gaggeeffamaniin faalamni lageen kanneen irra gahe mirga hawaasni naannoo qulqulluu fi fayyaa qabeessa ta'e keessa jiraachuuf qabu akka miidhu ifoomsee jira. Kunis uummanni naannoo lageen kanneenii jiraatu bishaan lageen kanaa yommuu jiruu guyyaa guyyaaf itti dhimma bahu kallattiin ykn alkallaattiin rakkoo fayyaa gara garaa dhimmuma itti fufinsaan jiraachuu isaayyuu gaaffii keessa galchuuf saaxilamaa jira. Akka qoranno kanneen irraa hubatamutti rakkooowwan fayyaa kunneen kan maddan bishaan lageen kanneenii itti fayyadamuu dadhabuu irraa qofa osoo hin taane foolii badaa lageen kanneen keessa fi naannoo isaanitti uuman irraayis malee.

Rakkoowwan kanneen maqsuuf APAP mirga fayyaa fi naannoo fayyaa qabeessa lammiileef mirkaneessuu akka kaayyoo isaatti fudhatee komii Abbaa Taayitaa Naannoo irratti dhiyeesse. Kaayyoon komii kanaa mirga fayyaa fi naannoo fayyaa qabeessaa keessa jiraachuu seerota biyyolessaa fi idil addunyaan beekkamtii argatan akka hojiirra oolaniif dhiibbaa geessisuu dha.

APAP abbaa taayitaa kanaaf bifaa kanaan komii qabu dhiyeessu illee deebiin abbaan taayitichaa kenne seerri aangoo kana raawwachuu naaf kenuu hin jiru; seerri akka bahu immoo hojjachaan jira waan jedheef kun immoo deebii dhabbatticha komachiisu ta'ee jira. Kana irraa ka'uun dhaabbatichi rakkoo gahaa jiruu fi argannoowwan qorannoowwan rakkicha mirkaneessanii haala gabaabaa ta'een, rakkoon kunniin mirgoota seerota addunyaa fi biyyolessaan beekkamtii argatan sarbuun akka gahaa jiranii fi kanaaf immoo kan fala kennuu fi akka fala argatu taasisuu qabu abbaa taayitaa eegumsa naannoo akka ta'e, koomishiniikoomishiniikun immoo fala gochuuf qophaahaa akka hin taane, kanaaf falli jiru dhimmicha mana murtiin akka fala argatu

gochuu qofa akka ta'e barreeffama/laallee ofii isaaf maxxansee baasu irratti maxxansee uummataaf ifa godhe.¹¹⁹

Kana booda APAP abbaa taayitaa eegumsa naannoo irratti himata mana murtii sadarkaa tokkoffaa federaalatti dhiyeesse. ¹²⁰ Keessoo dhimma kanaa irraa akka hubatamutti akka qorannoowwan APAP fi qaamolee biroon gaggeeffaman agarsiisanitti lageen Aqaaqii fi Mojoo balfa jajjaboo fi dhangala'oo warshaalee mootummaa fi dhuunfaa akkasuma jiraattota magaala finfinneen lageen kanneenitti gadi lakkifamaniin faallamaa jiru. Faalamni kun immoo uummata naannoo laga kanaa jiraatu irratti dhiibbaa diinagdee, hawaasummaa fi fayyaa kana hin jadhamne fidaa akka jiru agarsiisee jira.

Haa ta'uutii garuu labsiin too'annaa faalama naannoo lakk.300/2002 kwt'n 3 namni kamuu dhoowwawwan kaa'ame darbuun naannoo faaluu ykn akka nama biraan faalamu taasisuu akka hin qabne kaa'a. Kana malees himanni kun tumaan seeraa kun KoomishiniikoomishiniEegumsa Naannoo ykn qaamni biroo dhimmi isa ilaallattu qaama naannoo faalu irratti tarkaanfii bulchiinsaa ykn seeraa fudhachuu akka danda'u kaa'a. Seeruma kana kwt'n 5 miidhaa fayyaa namaa fi naannoo irra gahu hambisuuf koomishiniikoomishiniangoo dhaabbata kami iyyuu irratti tarkaanfii hanga cufuu ykn iddoos isaa jijiiruu gahu irratti fudhachuu danda'u akka qabu kaa'a. Dabalataanis seera kana kwt'n 4 qaamni ykn namni naannoo faale kamuu naannoo faalame qulquelleessuuf ykn gatii ittiin qulqulla'u murtee abbaan taayitichaa dabarsu bu'ura godhachuun kanfaluuf akka dirqamu kaa'a. Tumaaleen kunniin abbaan taayitichaa ofii ykn qaama biroo waliin atoomuun miidhama naannoo irra gahu qoratee too'achuuf akka dirqama qabu agarsiisu jedha himatichi. Kana waan ta'eef abbaan taayitichaa qaama lageen kana faalaa jiru irratti bu'ura seeraan tarkaanfii akka fudhatuuf himatee jira.

¹¹⁹ APAP'S Press Release, Ref No Ap/17.Wov/688/05, Date 20/12/05 Ref No AP/3. APN/045/98

¹²⁰ APAP's Court Action against the Environmental Protection Authority, Ref No AP/3. APN/045/98, Date March 15/2006

Bu'uruma kanaan APAP seerummaa itti aanu kana gaafatee jira:

- Manni Murtii abbaan taayitichaa angoo isaaf kennametti seeraan fayyadamee seera rogummaa qabu akka baasuu fi qixa sirriin hojii irra akka oolu akka dirqisiisuuf;
- Manni Murtii abbaa taayitichaa faalama lageen kanneen irra gahaa jiru akka dhaabsisuu fi akka qulqulleessisu akka ajaju;
- Manni Murtichaa koomishinii miseensota qaamolee mootummaa fi miti mootummaa irraa walitti babahan qabu hundeessuun tarkaanfii abbaa taayitichaan fudhatamu hordofee gabaasu akka hundeessa kan jedhanii dha.

Manni Murtichaas akka sdfhh kwt 233 irraa hubatamu yommuu sababooni himata ittiin kufaa taasifamu kan sdfhh kwt 231 jalatti kaa'ame hin jirretti himanni himatamaa gahuun deebii laachuu akka qabu ajaja waan ta'eef jechuun APAP himachuu akka danda'u mirkaneessee abbaan taayitichaa deebii isaa akka dhiyeeffatu ajajee jira.

Gaaffilee Marii

1. Labsii 300/2002 kwt 11 irratti namni kamiyyuu fedhii isa olaanaa qabaachuu ibsuu osoo hin barbaachisiin nama miidhaa naannoo irratti geessise hojii isaa irraa akka deebi'uuf iyyata gara ATEN tti dhiyeessuu akka danda'uu fi yoo Abbaan taayitichaa murtii kennuu baate yookiin murtii kenname komate gara MM himata dhiyeessuun akka danda'amu tumameera. Gama biraatiin s/d/f/h/kwt 33 namni kamiyyuu himachuu kan danda'u dantaa yoo qabaate jedha. Heerri mootummaa kwt 37 dhimma murtiin murtaa'uu qabu kamuu gara MM yookiin qaama biraa aangoon abbaa seerumma seeraan kennameeffitti dhiyeessuun akka danda'amu kaa'eera.
2. Tumaawwan labsii 300/2002 kwt 11, HM kwt 37 fi s/d/f/h/kwt 33 akkamitti walitti araarfamuu? Akkamittis hubatamuu qabaa? Warshaaleen naannoo moojoo fi Aqaqiitti argaman xuraawaa lagatti gad-lakkisuun naannoo

faaluurratti argamu. xuraawan laggeen suniin dantaan keessan miidhamuu osoo hin agarsiisiin MM tti himachuu ni dandeessuu? Sababa keessan seeraa deeggaruun dhiyeessaa . kaayyoon dhimmota faalama naannoo gara MM dhiyyeessuu maalidha? Nama miidhaa geessisemoo qaama eegumsa naannoo irratti hojjetu kan himatamuu qabu? MM hanga pirojekticha haqsiisuutti deemee murteessuu ni danda'aa?

3. Faayidaa hirmaanna ummataa pirojektootaa irratti taasisuu akkamitti ilaaltuu?
4. Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeeffamu keessatti ummanni akka hirmaataniif sirnaakkamiitu osoo diriiree bu'a qabeessa jettanii yaaddu?
5. Muuxannoowwan biyyoota armaan olii keessaa isa kamtu biyya keenyaaf gaarii dha jettanii yaaddu? Maaliif? Tarsiimoo guddina diinagdee biyyattiin hordoftu yaada keessa galchuun (sustainable development) irratti mari'adha.
6. Bu'uura labsii lakk. 177/2012 kwt 5(1)tiin namni kamiyyuu sadarkaa eegumsa naannoo bahe darbee yoo argame itti gaafatamummaa akka qabu tumameera. Sadarkaan naannoo hin baane yoo ta'e qaamni miidhaa geessise akkam ta'aa? Rakkoon gama kanaan sin mulate yoo jiraateakkam furmaata akka kennitan kaasuun marii taasisaa. Tumaa heera mootumma mirga naannoo qulqulluu keessa jiraachuu jedhu fi 'environmental justice' dhimma jedhu kaasuun maaltu ta'uu akka qaburratti marii taasisaa.

5. BOQONNAA SHAN:-FALOOTA FALMII NAANNOO KEESSATTI KENNAMAN

Seensa

Akka qajeeltootti falli falmii gosa kami keessattuu gaafatamuu fi kennamu fala siivilii fi yakkaa jedhamee iddo gurguddaa lamatti qooddamuu danda'a. Haaluma wal fakkaatun falli falmii dhimma naanno wal qabatu keessatti gaafatamuu fi kennamu iddo gurguddaa lamaan kanneenitti, jechuunis, fala bulchiinsaa, siivilii fi yakkaa jedhamee qooddama. Seera naanno wal qabatanii faloonni seeraa falmii naanno keessatti gaafatamuu fi kennamuu danda'an seera yakkaa, seera itti gaafatamummaa walii galteen alaa, fi tumaalee dhimma naanno ilaallatan biroo keessatti bibittinaa'anii argamu. Faloonni seeraa tumaalee seeraa adda addaa kanneeniin kaa'aman kunniin haala miidhaa naanno irra qabatamaan dhaqqabee fi kan gara fuul duraa illee dhaqqabuu danda'u / actual or potential damage/ haguuguu danda'uun kan tumaman waan ta'eef naanno akka amma jirtuun sirna uummamaa ishee qabattee akka itti fuftu taasisa.

Fedhiin dhala namaa dhuma hin qabu. Qabeenyi uummamaa immoo murtaa'aadha. Fedhiin dhala namaa dhuma hin qabne kun qabeenya uummamaa murtaa'aa ta'e kana irratti kan hundaa'ee dha. Kun immoo namoonni fedhii isaanii guuttachuuf qabeenya uummamaa irratti dorgommii guddaa akka taasisanii fi naanno uummamaa irraan miidhama kana hin jedhamne akka gahaniif sababa ta'eera.

Haala akka kanaa kana keessatti seerri naanno akkaataa itti walitti dhufeenyi qaamolee adda addaa fedhii gara garaa qaban garuu immoo qabeenya uummamaarraa waliin fayyadaman haala naanno hin miineen ta'uu qabuu fi itti abboomamu sirna kaa'uun bulcha. Bu'uruma kanaan xummura boqonnaa kanaan booda leenjifamtoonni

- Qajeeltoowwan bu'uraa fala falmiiwwan dhimma naannoona walqabatanii ka'an hiikuuf gargaaran.
-
- Tarkaanfilee bulchiinsaa balleessaa naannoona wal qabatee raawwatamuuf akka falaatti fudhatamu malu
- Itti gaafatamummaa siivilii fi yakkaa balleessan naannoona wal qabatee raawwatamu hordofsiisuu danda'u ilaalchisee hubannoo isaanii ni gabbifatu jedhameeti eeggama.

5.1. Qajeeltoowwan Tarkaanfiiwwan Falmii Naanno Keessatti Fudhataman

Manneen Murtii dhimma naannoilaalchiseefalmii dhiyaatuuf ilaalchiseetarkaanfiiwwan fudhatan qajeeltoowwan itti aanan kanneen kan buu'ura godhate yoota'e bu'aa qabeessumman isaa guddaa akka ta'e haayyoni jala sararanii kaa'u.¹²¹

- Hammeenyummaa badii raawwatamee: hammeenyummaa badiin raawwatame naannoofi sirna too'annoof qabu, hamma miidhaa dhaqqabee, gaabbii qaamni balleessaa raawwate agarsiisu fi kkf madaallii keessa galfamanii adabbiinhirreeggamuu qaba. Hammeenyummaa badii tokkoo madaaluuf safartuuwwan akka hamma balfi naannootti gadi lakkifame safartuu seeran kaa'ame bira ittiindarbu, summaawummaa balfa gadi lakkifamee, haala naannoobalfichi keessatti gadi lakkifamee, fi dheerina yeroo badiin kun tureef. Dabalataan madaalliiwwangochichi hammam haala baramaa irraa maqe, seenaan himatamaa akkam fi gochichi kan raawwatame itti yaadamee moo tasa kaneen jedhan hundi ilaallamanii madaallamuu qabu.
- Dandeettii Kanfaluu: adabbiin waan himatamaan raawwachuu danda'u gaafachuu qaba. Fakkeenyaaaf adabbiin maallaqaa nama dhuunfaaf ykn dhaabbata xiqqaof malu kaampaanii guddaaf homaa jechuu miti. Kaampaanii guddaa kan barsiisuu danda'u adabbiimallaqaa guddaa dhiibbaa irraan gahuu danda'u fi akka

¹²¹ Dinah Shelton and Alexander Kiss, Judicial Hand Book Environmental Law, (Printed at the Publishing section of the United Nations Office at Nairobi, 2005), P.60 and ff.

adabame mataa isaa itti dhagahamuu danda'uu dha. Haaluma wal fakkaatuun adabbiin maallaqaa akka malee ol ka'es maallaqa hojii dhaabbilee irraa fudhachuuun rakkoo diinagdee biroo fida waan ta'eef kallattii kanaanis dhimmoonni ilaallamuun qabu. Ta'us garuu badiiwan miidhaa ol aanaa qabanii fi irra deddeebiin raawwatamanif tarkaanfiin akka hayyama haquu fi cufuu faan waanuma sirrii dha.

- Bu'aa Diinagdee Argame: gocha akka badiitti ilaallame kanaan bu'aan argame ykn ykn gatiin tursiifame ykn baasiin hafe adabbii kennamu keessatti calaqqisuu qaba. Namni kamuu badii isaa irraa fayyadamuu hin qabu. Kanaaf fakkeenyaf qaamni hayyama malee hojii ta'e tokko hojjate argame badii raawwateef kanfaltii hayyamaaf kanfalamu osoo hin kanfalin hafe, baasii faalama naannoo ittiin too'achuuf barbaachisu osoo hin basin hafe fi gatii meeshaa/ sirna faalama naannoo too'atu ittiin diriirsuu fi bulchuuf barbaachisu osoo hin basin hafe haala ilaalcha keessa galcheen adabamuu qaba.
- Adabbiin kennamu qajeeltoo kan faale kanfaluu qaba jedhu hojiirra oolchuun miidhaawan himatamaan naannoo, hawaasaa fi dinagdee irra sababa gocha isaan dhaqqabe bifaa kanfalchiiseen fi hubachiisen laatamuun qaba.
- Baasiin naannoo faalame tokko qulqulleessuuf, akka duraatti deebisuuf ykn bakka buusuuf barbaachisu guddaa dha. Adabbiin kennamu kana illee kan ilaalcha keessa galche ta'uu qaba.

5.2. Fala Heera Mootummaa RDFI'n Kaa'ame

Akka Heera RDFI irraa hubatamutti qaamoleen seera baastuu, seera hiiktuu fi raawwachiiftuu sadarkaa federaalattis ta'ee naannotti argaman hundi dirqama fi itti gaafatamummaa mirga naannoo qulqulluu fi fayyaa qabeessa keessa jiraachuu kabajuu

fi kabachiisuu qabu.¹²² Kana malees mootummaan dirqama lafaa fi qabeenya uummamaa biroo maqaa uummataan qabee faayidaa walii gala uummataaf oolchuu akka qabu ifatti tumamee jira.¹²³

Haaluma walfakkaatuun Heerichi kwt 92 jalatti mootummaan mirga lammileen naannoo qulqulluu fi fayyaa qabeessa keessa jiraachuuf qaban dirqama mirkaneessuu akka qabu fi mootummaa fi uummanni immoo dirqama naannoo kunuunsuu akka qaban ifatti kaa'ee jira.

Qajeeltoowwan bu'uraa kanneen qabatamatti hiikuuf tumaan Heerichaa kwt'n 37/2/b/'n gareewwan faayidaa walii gala ummataaf dhaabbataniif akka naannoo balaa qabatamaa ykn dhufuu malu irraa ittisuu danda'aniif carraa bal'aa kennee jira.

Tumaalee olii kanneen irraa ka'uun Heerichi kwt 9/1/ jalatti kan itti aanu kana kaa'ee jira:

The Constitution is the supreme law of the land. Any law, customary practice or a decision of an organ of state or a public official which contravenes this Constitution shall be of no effect.

Kana waan ta'eef hojiin mootummaan hojjatamu tokko yommuu faayidaa nama kamiyyuu miidhutti qaamni miidhame jedhu ykn faayidaa uummataaf dhaabbatu kamiyyuu beenyaa gahaa gaafachuuf mirga qaba.

5.3. Fala Bulchiinsaa

Akkuma seensa labsii 1097/2018 irra hubatamutti gama tokkoon itti gaafatamummaa naannoo kunuunsuu fi bulchuu qaama tokkoof, gama biraan immoo hojii naannoo eeguu, too'achuu fi hordofuu immoo qaama biraaf kennuun walitti bu'iinsa faayidaa fi

¹²² Heera Mootummaa RDFI kwt 13

¹²³ Heera Mootummaa RDFI kwt'n 89(5) fi 91(2)

wal dhahiinsa aangoo xiqqeessuun qabeenya uummamaatti haala itti fufiinsa qabuun itti fayyadamuun akka danda'amuuf gumaacha guddaa qaba. Dabalataanis sirna qindoomina qabu garuu immoo gahee adda addaa qabu kan ittiin qaamoleen sadarkaa naannoo fi federaalaa dhimma naanno wal qabatu hojjatan ittiin hojjatan diriirsuun illee dhimma murteessaa dha.

Biyya keenyatti kaayyuma walii gala kana qabatee koomishiniin eegumsa naannoo labbsii lakk 1097/2018'n irra deebinhundahe. Labsii kana kwt 5 irraa akka hubatamu koomishiniikoomishiniieegumsa naannoo kayyoo imaammata, tarsiimoo, seera fi qajeelfamoota naanno wal qabatan baasuu qaba. Hojiiwwan kunniin kan hojjataman guddina hawaasummaa fi diinagdee haala fayyaa namaa hin miinee fi naannoo irraan balaa hin geenyeen itti fufiinsaan guddisuu dha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf labsiin kun kwt'n 6 abbaa taayitaa kanaaf aangoo hojiiwwan dhimma naanno wal qabatanii biyyattii keessatti hojjataman akka qindeessu kenneefii jira.

Haala yaada olitti kaasne kana cimsuun labsii lakk. 300/2002, kwt'n 3 koomishiniikoomishiniieegumsa naannoo federaalaa ykn qaamni naannoo angoon kun kenneameef qaama seera kana cabsuun naannotti faaltota kami iyyuu gad lakkise irratti tarkaanfii bulchiinsaa ykn seeraa fudhachuu danda'a.

Keewwatumti tumaa seeraa kun kan itti aanu kana kaa'a:

Any person engaged in any field of activity which is likely to cause pollution or any other environmental hazard shall, when the Authority or relevant regional environmental agency so decides, install a sound technology that avoids or reduces, to the required minimum, the generation of waste and, when feasible, apply methods for the recycling of waste.

Any person who causes any pollution shall be required to clean up or pay cost of cleaning up the polluted environment in such a manner and within such period as shall be determined by the Authority or by the relevant regional environmental agency.

When any activity poses a risk to human health or to the environment, the Authority or the relevant regional environmental agency shall take any necessary measure up to the closure or relocation of any enterprise in order to prevent harm.

Tumaan seeraa kun koomishiniin eegumsa naannoo federaalaa ykn naannoo durseeykn erga naannoona iidhamee qaama naannoo iidhe ykn hojii naannoo midhe hojjatu irratti aangoo tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu kan qabu ta'uu isaati. Tarkaanfileen fudhataman kunniin teekinolajii sirrii ta'e akka fayyadaman gochuu, balfa deebisanii akka fayyadaman taasisuu, naannoo balfame akka qulqulleessantaasisuu ykn gatii ittiin qulqulaa'u kanfalchiisuu, fi tarkaanfii hanga dhaabbiticha cufuu ykn iddoos isaa jijiiruu gahuu danda'u fudhachuu hammata.

5.4. Itti Gaafatamummaa Siivilii

Seerri itti gaafatamummaa walii galteen alaa seera namoonni akka amala gaariihawaasni gaarii dha jedhee itti walii galee fi mirga namoota biroo seeran beekkamtii argatan akka kabajanii jiraatan taasisuuf seera boocamee dha. Kanas kan raawwatudura mirga seeran beekkamtiin kennameefif beekamtii kennun namni biroo gaafa mirga kana sarbu immoo nama mirgi kun jalaa sarbameef akka beenyaa kanfalu taasisuun. Kana waan ta'eef miidhamni dhaqqabe tokko miidhama walii galteen alaa ykn siivilii ta'uuf:

1. Gochi balleessaa ta'e namaan raawwatame jiraachuu qaba;
2. Gochi balleessaa ta'e kun miidhama seeraa ykn qabatamaa/ legal damage or actual damage/ fiduu qaba;
3. Gochi seeran balleessaa ta'e kun kan himanni beenyaan naa kanfalamuu itti dhiyaatee beenyan kanfalamuu danda'uuf ta'uu qaba.
4. Gochi balleessaa ta'e kun gochi miidhama geesisaa jiru akka dhaabbatu kan gaafatu ta'uu qaba. seeraa ykn qabatamaa/ legal damage or actual damage/ fiduu qaba;

Seerota dhimma naannoo keessatti gochi balleessaa ta'e fi komiin irratti dhiyaate tokko itti gaafatamummaa walii galteen alaa kan hordofsiisuu danda'u yommuu mirga dhuunfaa seeran beekkkamtii qabu tokko cabse ykn itti gaafatamummaa seeraan kennname sarbuun dirqama osoo hin babin hafamee dha. Kanaaf dhiibbaan /nuisance/ dhuunfaa ykn walii gala yoo dhaqqabe dhe.

Asitti wanti ka'uu qabu kan biroo maalummaa dhiibbaa/Nuisance/ ti. Jechi nuisance-jecha afaan French _nuire_ jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u hiikoon isaa miidhuu ykn aarsuu jechuu dha. Bareessaan 'Blackstone' jedhamu hojii miidhaa qabu, toliinsa nammaa sarbuykn miidhaa qabu jechuutti fudhata. Miidhaan akka kanaa kun gosa lama qaba. Inni duraa dhiibbaa hawaasa bal'aa, walii gala ykn waliinii yoo ta'u gosti miidhaa inni lammataa immoo isa dhuunfaati.

Miidhaan walii gala / public nuisance/ gosa miidhaa hawaasa akka walii galaatti ykn kutaa hawaasaa bal'aa ta'e miidhuu dha; mirga kutaa hawaasaa bal'aa ta'ee huba. Gocha fayyaa, nageenya, toliinsa, ykn haala jireenyaa hawaasa bal'aa irraan dhiibbaa gahuu dha. Maddi seera kanaa 'the law of nuisance' qajeeltoo seeraa beekkamaa 'sic utere tuo ut alienum non laedas' / a man must not make such use of his property as unreasonably and unnecessarily to cause inconvenience to his neighbors/ jedhuu kan namni qabeenya isaa haala sababaawaa fi barbaachisaa hin taaneen itti fayyadamee olla isaa irraan miidhaa gahuu hin qabu.

Gaafa miidhaan hawaasa bal'aa irra gahu namni dhuunfaan kan himata mirgi koo miidhamee dhiyeeffachuu danda'u ulaagaawwan itti aanan kunniin sadan guutanii yoo jiraatanii dha. Inni duraa hawaasa bal'aa irra dhiibbaa dhaqqabe ta'u illee addatti immoo kan nama kana miidhe yommuu ta'u, lammata miidhaan kun kallattiin kan isa irra dhaqqabee yoo ta'e, fi kan yeroo gabaabaaf qofa mul'atee badu osoo hin taane kan yeroo dheeraaf itti fufu yoo ta'ee dha. Kun sirna seeraa keenyaan tumaa sdfhh 33/2 fi shh kwt 2091 walitti qabnee yoo xiinxalle kan hubatamuu dha.

Haa ta'uutii garuu miidhichi kan dhaqqabe fi kan miidhe hawaasa bal'aa akka walii galaatti yoo ta'e dhimmichi kan ilaallamu fi dhiyaatu akka tumaa Heera RDFI kwt 37/2/b fi labsii too'annoo faalama naannoo kwt 11'tti dha. Dhimmichis kan dhiyaatu lammii hawaasaaf yaaduun ykn dhaabbilee faayidaa hawaasa bal'aaf dhaabbataniin ta'uu mala. Kana irraa ka'uun miidhaan hawaasa walii galaa /public nuisance/ irra gahu faayidaa hawaasa maraa akka walii galaatti ykn nama dhuunfaa tokkoo miidhu danda'a.

Gama biraan miidhaan dhuunfaa /private nuisance/ dhaqqabee jira kan jedhamu immoo namni tokko qabeenya isaa haala mirga qabeenya nama dhuunfaa kan bira miidhuun ykn fayyaa, toliinsaa ykn jirenya tasgabbaa'aa nama bira jeequun yoo itti fayyadama ta'ee dha. Haayyuun 'Winfield' jedhamu miidhaa dhuunfaa /Private Nuisance/ akka mirga itti fayyadama lafaa namni tokko qabu ykn mirga bira mirga kanaan wal qabatu keessa karaa seeraan ala lixuu ta'etti hike. Miidhaan dhuunfaan nama tokko irra dhaqqabuu danda'u akka ifa fi qilleensa hin arganne gochuu, qabeenya isaa akka hin eeganne, hin suuphanne fa'a taasisuu, balfoota balaafamoo ta'an kanneen akka aaraa, foolii, hurkaa, gasii, sagalee, bishaanii, hoo'aa, elektiriikii, jarmoota dhibee fiduu danda'an, mukeenii, biqiltuu adda addaa, bineensotaa fa'a qabeenya namaatti gadi lakkisuu ta'uu danda'a.

Bifa kanaan gaafa miidhaan gahu himanni qaama /harka / miidhaa geessise/uume sana irratti ykn abbaa qabeenya gochichi raawwatameef irratti dhiyaachuu danda'a. Dhugaa kana barreessitoonni '*Tsegai Berhane fi Merhatbeb Teklemedhn' jedhaman barreefama leenjii seera naannoo Yuniversiitii Maqaleef qopheessan fuula 189* irratti akka itti aanu kanatti kaa'anii jiru:

An action for nuisance will lie against the person;

- *If he causes it;*
- *If by neglect of some duty he allowed it to arise; and*
- *When it has arisen, without his own act or default, he omits to remedy it within a reasonable time after he became or ought to have become aware of it.*

Gara fala miidhaa dhaqqabeef laatamuuti yommuu deebinu qaamni himanni dhiyaateef miidhaan gahaa jiru akka dhaabbatu ykn beenyaan miidhaa dhaqqabeef akka kanfalamu ykn lamaanuu akka raawwatamu ajajuu danda'a.

5.5. Itti Gaafatamummaa Yakkaa

Faayidaa mootummaan qabu keessaa inni ijoon seeraa fi sirna seeraa eeguu dha. Namoota dhoowwaawan adda bahanii kaa'amanii fi seeran akka raawwataman gaafataman osoo hin raawwatin hafan kanaan immoo biyyaa fi namoota biroo irratti miidhaa uuman adabuu dha. Seera naannoo biyya keenyaa ilaachisee tumaawan yakka hundeessan seera yakkaa fi tumaalee labsiilee addatti bahan biroo keessatti hammatamanii jiru.

Gama kanaan tumaawan seera yakkaa yakka naanno wal qabatee raawwatamu hundeessanii fi kanneen labsiawan yakka hundeessan kanneen biro keessatti hammataman jidduu walitti dhufeenyi jiraachuu qabu maal ta'uu qaba dhimma jedhu ilaachisee seerri yakkaa mataan isaa kan itti aanu kana jedhee jira:¹²⁴

Nothing in this Code shall affect regulations and special laws of criminal nature:

Provided that the general principles embodied in this Code are applicable to those regulations and laws except as otherwise expressly provided therein.

Haala yaada tumaa seera yakkaa olitti ka'e kana cimsuun labsiin faalama too'achuuf bahe labsii 300/2002 kwt'n 12/3 kan itti aanu kan hammatee jira:

Unless the provisions of the Criminal Code provide more severe penalties, the penalties laid down under this Proclamation shall be applicable.

Tumaalee seeraa kanneen irraa akka hubatamuttu namni tokko naannoo yoo faalee argame manni murtii tumaa seera yakkaa fi labsii yakka hundeessu keessaa kan adabbii

¹²⁴ The Criminal Code of the Federal Democratic Republic of Ethiopia, Proclamation No. 414/2004, Neg. Gaz., Art. 3.

ol ka'aa qabu hojiirra oolcha. Afaan biraan tumaan seera yakkaa adabbii ol aanaa kan kaa'u yoo ta'e malee tumaa labsii addaa dhimma naannoo irratti yakka hundeessutu hojiirra oola.

Akkuma asiin dura jedhame mootummaa fi lammileen dirqama naannoo eeguu akka qaban Heera RDFI kwt 92(1) fi (2) fi seensa labsii too'annoo faalama naannoo lakk 300/2002 irraa haala ifa ta'een ni hubatama. Haa ta'uutii garuu yommuu isaan dirqama isaanii kana bahuu dagatan ykn gocha dirqama isaanii kennameen faallaa ta'e raawwatani argamanitti seerri tarkaanfiwwan sirreeffamaa ni fudhata.

Haala yaadama kana ibsuun labsiin too'annoo faalama naannoo kwt'n 12 kan itti aanu kana kaa'eera:

- 1. a person who, under this proclamation or under any other relevant law, commits an offence for which no penalty is provided for either in the Criminal Code or under this Proclamation, is liable on conviction:*
 - a. in the case of a natural person, to a fine of not less than five thousand Birr and not more than ten thousand birr or an imprisonment of not more than one year or both;*
 - b. in the case of a juridical person, to a fine of not less than ten thousand Birr and not more than twenty thousand Birr.*
- 2. Where a juridical person is convicted pursuant to Sub-Article (1) of this Article, the officer in charge who should have known the commission of the offence, and who failed to fulfill his duty appropriately shall be liable to a fine of not less than five thousand Birr and not more than ten thousand Birr or an imprisonment of not less than two years or both.*

Haala uummamaa isaanii ilaalcha keessa galchuudhaan tumaan seeraa kun nama seerii fi nama uummamaa haala garaagaraan ilaalee argama. Kunis kan jedhameef seerichi yommuu adabbii maallaqaa fi/ykn hidhaa akka falaatti nama uummamaa naannoo faalee kaa'u, dhaabbata nama seeraaf garuu adabbii maallaqaa qofa kaa'ee argama. Sababni kana duuba jirus dhaabbanni qaama seeraa qaban nama nam tolfeedha waan

ta'aniif ofii isaanif hidhamuu kan hin dandeenye waan ta'eefii dha. Haa ta'uutii garuu wanti asitti hubatamuu qabu namni dhaabbata kanatti itti gaafatamummaa qabu seeran osoo hin bahin hafe yakkaan itti gaafatamuu danda'a.

Itti gaafatamummaan seeran kennname kunniin hojiirra oluun naannoon akka kunuunfamuuf sirni seeraa biyya keenyaa Inispeektarootaaf angoo bal'aa kennee jira. Akka labsii lakk 300/2002 kwt 8 irraa ifaan hubatamutti inspektaroonni aangoo seeronnii fi qajeelfamoonni dhimma naannoon wal qabatanii bahan hojiirra ooluu isaanii mirkaneessuu qabu. Hojii isaanii kana galmaan gahuufis aangoon lafa , oddoo, ykn mana ykn iddo kamiyyuu sa'atii fi haala hojii isaanii mijatetti beeksisa ykn ajaja mana murtii tokko malee seenuu akka danda'an tumaan seeraa kun kaa'ee jira. Kun immoo akka isaan gama serna seerichaa keessatti gahee ol aanaa qabaatan taasisee jira.

Sababa kanaaf gaafa isaan hojii isaanii hojjatan seerichi qaamni kamuu hojii isaanitti gufuu akka hin taaneef tarkaanfilee eegumsaa taasiseefii jira. Tarkaanfileen kunniin labsicha kwt 13 jalatti akka itti aanu katti kaa'amee jira:

- 1. A person commits an offence if he hinders or obstructs an inspector on duty on execution of his duty, fails to comply with a lawful order or requirement made by inspector, impersonates an inspector, or refuses an inspector entry into any land or premise or hinders an inspector from getting access to records, prevents an inspector from checking, copying extracting any paper, file or any other document, withholds, misleads or gives wrong information to an inspector.*
- 2. A natural person who commits an offence under Sub-Article (1) of this Article is liable, on conviction, to a fine of not less than three thousand Birr and, the case of a juridical person, to a fine of not less than ten thousand Birr and not more than twenty thousand Birr, and imprisonment of the officer in charge for a term of not less than one year and not more than twenty two years or a fine of not less than five thousand Birr or both.*

Dhimmi biraa asitti ka'uu qabu dhimmaa iftoominaa fi itti gaafatamummaati. Kana ilaachisee galmeen qabamu ragaa gahaa fi amansiisaa argachuuf murteessa dha. Gama

kanaan labsiin too'annoo faalama naannoo kwt'n 14 qaama labsichaan ykn qajeelfama biroon akka dhimma kamuu kaneen akka hamma balfa gadi lakkisuu, gosa oomisha oomishuu, fa'a irratti raga galmeessee kaa'u ajajamee osoo hin raawwatin hafe maallaqaan adabama.

Gochi biroo seera yakcaa naannoo biyya keenyaan akka yakkaatti lakkaawwame dhimma bulchiinsa balfaa fi wantoota balaafamoo ta'aniin wal qabtuu dha. Haala bulchiinsa balfaa fi qabiinsa wantoota balaafamoo ta'aniin wal qabatee badii raawwatamu ilaachisee seerri yakkaas labsiin too'annoo faalama naannoos tumaa yakka hundeessu qabu. Haa ta'uutii garuu hammi adabbii tumaalee seerota kanneen lamaaniin kaa'amani adda addummaa qaba.

Dhimma kana ilaachisee seerri yakcaa kwt'n 520'n kan itti aanu kana kaa'ee argama:

Whoever:

- a. *fails to manage hazardous wastes or materials in accordance with the relevant laws; or*
- b. *fails to label hazardous wastes or materials; or*
- c. *unlawfully transfers hazardous wastes or materials, is punishable with a fine not exceeding five thousand Birr, or rigorous imprisonment not exceeding three years, or with both.*

Gama biraan labsiin too'annoo faalama naannoo kwt'n 16 dhimmuma kana ilaachisee kan itti aanu kana kaahee jira:

- *A person commits an offence if he fails to manage a hazardous waste or another substance according to the relevant laws, mislabels or fails to label or in any way withholds information about any hazardous waste or other material or attempts to take part or takes part or attempts to aid in the illegal traffic of any hazardous waste or other material.*
- *A natural person who commits an offence under Sub-Article 1 of this Article is liable on conviction, to a fine not less than twenty thousand Birr and not more than fifty thousand Birr and in the case of a juridical person to a fine of not less*

than fifty thousand Birr and not more than one hundred thousand Birr, and to a term of imprisonment of the officer in charge of not less than five years and not more than ten years, or a fine of not less than five thousand Birr and not more than ten thousand Birr or both.

Tumaalee seeraa seerrota kanneenii lamaan irra akka hubatamutti adabbiin yakka kanaaf labsii to'annaa faalama naannoona kaa'ame kan seera yakkaa caalaa cimaa dha. Gaafa akka kanaa kana immoo bu'ura akka seera yakkaa kwt 3 fi labsii too'annoo faalama naannoona kwt 12/3'tti adabbii cimaan tumaa labsichaan kaa'ame kan hojiirra oolu ta'a.

Yakki dhimma naannoona wal qabatee raawwatamuu danda'u kan biraa gocha naanno faaluuti. Yakka kanaanis wal qabatee adabbiin seera yakkaa fi labsii to'annaa faalama naannoona kaa'ame addaa addummaa qaba. Yakka kana ilaachisee seerri yakkaa kwt'n 519 kan itti aanu kana kaa'a:

1. *Whoever, in breach of relevant law, discharges pollutants into the environment is punishable with fine not exceeding ten thousand Birr, or with rigorous imprisonment not exceeding five years.*
2. *Where the pollution has resulted in serious consequences on the health or life of persons or on the environment, the punishment shall be rigorous imprisonment not exceeding ten years.*
3. *Where the act of the criminal has infringed a criminal provision entailing a more severe penalty, the provisions on concurrent of crimes shall apply.*

Karaa biroon immoo labsiin too'anno faalama naanno kwtn 16 dhimma kana ilaachisee kan itti aanu kana kaa'ee jira.

A natural person commits an offence if he discharges any pollutant contrary to the provision of this Proclamation or regulations issued hereunder and is liable, on conviction, to a fine of not less than one thousand Birr and not more than five thousand Birr or to an imprisonment of not less than one year and not more than

ten years or both and, in the case of juridical person, to a fine of not less than five thousand Birr and not more than twenty five thousand Birr and an imprisonment of the officer in charge for a term of not less than five years and not more than ten years, or a fine of not less than five thousand Birr and not more than ten thousand Birr or both.

Hiikoo dhuma asii olitti hojii irra oolchin hojiitti hiikuun dhimma kana irrattis tumaan labsichaa bifaa wal fakkaatuun kan hojiirra oolu ta'a.

Sakatta'iinsa haala dhiibbaa naannoo ilaachisees seerichi gochoota dhoowwaa ta'an hammatee jira. Tumaaleen seera yakkaa fi labsii too'annaa faalama naannoo lamaanuu dhimma kanaaf haguuggii kan kennan yoo ta'es adabbiin isaan kaa'an garuu addaa addummaa qaba. Waan ta'eef qajeeltoon hiikkoo seera yakkaa kwt 3 fi labsii kwt 12/3 jala jiru bifuma olitti laalleen kan hojiirra oolu ta'a.

Dhumma kana ilaachisee Bu'uruma kanaan tumaan seera yakkaa kwt'n 521 namni kamiyyuu sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo akka irratti taasifamu piroojeekti seeraan ajajame kamiyyuu qaama ilaallatu irraa hayyama osoo hin argatiin hojiirra kan oolche yoo ta'e; yookiin kanuma kan ilaallatu ibsa sobaa kan dhiheesse yoo ta'e hidhaa salphaa wagga tokko hin caalleen ni adabama jedha.

Gama biraan dhimmuma kana irratti immoo labsiin too'annoo faalama naannoo kwt'n 18 kan itti aanu kanatti tumee jira:

1. *Without prejudice to the provisions of the Criminal Code, any person who violates the provisions of this Proclamation or of any other relevant law or directive commits an offence and shall be liable accordingly.*
2. *Any person who, without obtaining authorization from the authority or the relevant regional environmental agency or makes false presentations in an environment impact assessment study report commits an offence shall be liable to a fine not less than fifty thousand Birr and not more than one hundred thousand Birr.*

3. Any person commits an offence if he fails to keep records or to fulfill conditions of authorization issued pursuant to this Proclamation and shall be liable to a fine of not less than ten thousand Birr and not more than twenty thousand Birr.
4. When a juridical person commits an offence, in addition to what ever penalty it may be meted with, the manager who failed to exercise all due diligence shall be liable to a fine of not less than five thousand Birr and not more than ten thousand Birr.
5. The court before which a person is prosecuted for an offence under this Proclamation or regulations or directives emanating from it, may, in addition to any penalty it may impose, order the convicted person to restore or in any other way compensate for the damage inflicted.

Dhuma irratti ijoon labsii too'annoo faalama naannoo kwt 17 jalatti ilaallame dhimma murteessa dha. Akka tumaa seeraa kana irraa hubachuun danda'amu manni murtii wanti ykn qabeenyi naannoo faalu akka dhahaalamu, qaamni naannoo faale gatii naannoo faallame qulqulleessuuf barbaachisu akka kanfalu, naannoo faallame akka deebisee misoomsu, fi badii gahe of duuba deebisuun kan hin danda'amne yommuu ta'utti immoo akka beenyaa miidhaa gahee kanfalu ajajuu danda'a.

There are other laws like the solid waste management proclamation No.513/2007, Wildlife Protection Proclamation, Forest proclamation, etc. Didn't you find them relevant? They, too, are envl laws; aren't they?

Gaaffii Marii

1. Pirojektii 'afri-flower plc flower farm project' jedhamu dokumentii SDHN isaatii irratti suurri namoota irratti hirmaataniitu jedhame taa'e namoota aanaa sana keessatti hin argamneedha. Sakatta'iinsiichi kan mirkanaa'e biirootti ture. Akkaa nama eegumsa naannoof quuqamuutti dhimma kana maal gochuu qabduu? Tarkaanfii akkamii fudhattu yookiin akka fudhatamu taasiftu? Bu'uura seeraa waliin kaasaa. SY 521, 176/12 kwt19(1), 299/02 kwt 18(2)
2. Haala qabatamaa yeroo ammaa jiruun SDHN namoota akkamiin gaggeeffamaa jiraan? Kanneen qorannoo sakatta'iinsa dhiyaate madaalanoo namoota akkamiidha?

Ogummaa gara garaa kanneen qabanii fi qulqullinaan gaggeessuufis ta'e madaaluuf humni namaa gahaan jiraachuu isaa irratti mari'adha. Bu'uura labsii SDHN federaalaas ta'e naannoo oromiyaatiin yeroon sakatta'iinsa madaaluuf kennname qulqullinaan madaaluun murtoon sirrii dhimma naannoo irratti akka kennamu taasisuuf hangam gahaa akka ta'e yaada keessa galchuun marii taasisaa.

3. *SDHN pirojektii Veerd Beef, Adaamii Tulluutti kan argamu horsiisa horiif* kan fudhate yoo ta'u mukeen haadhoo akka hin cirre ibsamee ture hojiitti yoo galu faallaa isaatu raawwatame. Sheer Ethiopia pirojektiin jedhamus bishaan boollaa baasee akka fayyaddamu SDHN isaa irratti taa'ee jira garuu laga bulbulaa cufuun itti fayyadamee ummata irraa komiin ka'aa tureera. Blast fayyadamuunakkuma idil-addunyaatti kan dhorkameedha. Ta'us iddo tokko tokkotti yeroo daandiin hojjetamu itti faayyadamuun ni mul'ata. Qabxii marii; Bu'uura seeraa kaasuun qabxiwwan olii irratti tarkaanfii waajjiraaleen eegumsa naannoo fudhachuu danda'an bu'uura seeraa kaasuun ibsaa. Kwt 16(1,2,3)
4. Warshaan alkoolii Baalezaaf jedhamu Sabbataa xuraawwaa dhangala'oo laga Axabalaatti gad-lakkisuun faalama geessisee *treatment plan* akka fayyadamu itti himamus meeshaa bitatee itti fayyadamuuf baatii 6 nagaafata jechuun faalama geessisaa kan jiruudha. Tarkaanfiin fudhatame hin jiru. Warshaan Biiraa Mettaas xuraawwaa kuusee turee booli itti kuuse waan guuteef akka ooyruutti baasee dhangalaasuuif eyyama gaafatee waajjirri lafaaf eegumsa naannoo didus halkan baasee dhangalaasee naannicha kan faale ta'us tarkaanfiin fudhatame hin jiru. Dhimma warshaalee meettaa biiraa aabboo fi alkoolii baalezaaf olitti caqasaman osoo naannoo isin hojjetan ta'ee tarkaanfii akkamii fudhattuu? Bu'uura seeraa kaasuun marii taasisaa.
5. ASBM, Juu Doong, Jipsum Factory, Animol, East Afrika fi kkf irratti miidhaa narratti geessise jechuun iyyatni ummataa yeroo adda addaa kan dhiyaatu ta'us tarkaanfiin fudhatamu irra deddeebiin akeekkachiisa kennuudha. Sirrummaa isaa bu'ura seera biyyoolesaa fi addunyaan xiinxalaa.

6. BOQONNAA JAHA:-SEERO TA EEGUMSA NAANNOO BULCHIINSA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA

Seensa

Yeroo ammaa kana dhimmoota gaggeessitootaafi hayyoota addunyaa akkasumaas dhaabbilee garaagaraa dudubbachisaa jiraniifi xiyyeffannoo ta'an keessaa tokko miidhaawwan naannoo irratti raawwatamaa jiruudha. Miidhaawwan naannoo irratti gahaa jiran xiqqeessuuf ykn hambisuuf biyyoonni addunyaa karaa qindaa'aniis ta'ee bittanna'a'an tarkaanfilee garaagaraa fudhachuu irratti argamu. Haaluma wal fakkaatuun biyyi keenyaas miidhaawwan naannoo irratti raawwataman xiqqeessuuf ykn hambisuuf tarkaanfiiwan fudhachuu irratti argamti. Haala kanaan, hojiin eegumsa naannoo sadarkaa mootummaa feederaalaan raawwatamu, seerota baasuun raawwachisuun akka eegameetti ta'ee, sirna caaseffama mootummaa feederaalaa keessatti mootummaan naannoolee hojii eegumsaafi kunuunsa naannoo keessatti gahee olaanaa qabu.

Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa, hojii eegumsa naannoo ilaalchisee dirqamoota sadarkaa addunyaatti biyyi keenya fudhattee raawwachisuufi hojiirra oolchuuf, akkasumaas seerota eegumsa naannoo mootummaa feederaalaan bahan hojiirraa oolchuun, seerota eegumsa naannoo haala qabatama naannichaan karaa walsimuun seerota eegumsa baasuun hojiirra oolchuu irratti argama. Naannichi naannoo qabeenya uumamaan badhaadhe, magaaloonni hedduun keessatti babal'achaa jiran, hojiwwan misooma investimentii hedduun bal'inaafi baay'inaan keessatti gaggeeffama jiran waan ta'eef, warshaaleefi industiriwwan faalama naannoo irratti miidhaa geessisuu danda'aniis kan keessatti argamaniidha. Kana malees Magaalli guddoon biyyittiis naannoo kana keessatti waan argamtuuf, balfawaaniifi dhalgala'oon magaalicha keessa gadi lakkifamu faalama naannoof sababa ta'eera.

Kanarraa ka'uun heerri naannichaa eegumsa naannootiif wabii eegumsa heera mootummaa kennuun akka tumamu ta'eera. Kunis kaayyoofi qajeeltoowwan bu'uuraa imaammata kunuunsaafi eegumsa naannoo irratti qabu haala ifaan teechiseera. Bu'uura heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, keewwata 49(3)(a)tiin, qaamni seera baastuu naannichaa, Caffeen, seerota eegumsa naannoo naannichaa keessatti baasuuf aangoo qaba. Haala kanaan, kaayyoowwan eegumsa naannoo akka naannichaatti qabame galmaan gahuuf, seeronni eegumsa naannoo haala qabatama naannichaa bu'uura godhachuun akka bahan ta'eera.

Haala kanaan, sababa pirojektoota misoomaa karoorfamaniin yookiin sanada mootummaa hojiirra oolfamuun dhiibbaa naannoo irra gahuu danda'uu fi faayidaa isaan qaban dursanii qorachuun adda baasanii beekuu, madaaluufi to'achuuf, labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo bahuun hojiirra akka oolu ta'eera. Kana malees, sababa garaagaraan faalama naannoo irra gahu xiqqeessuuf ykn hambisuufi miidhaawwan dhaqqaban to'achuuf, labsiin to'annoo faalama naannoo akka naannichaatti bahuun hojiirra akka oolu ta'eeara. Qaamni mootummaa labsiilee kanneen raawwachisuus bu'uura labsii qaama raawwachiiftuun bifaa haaraan naannicha keessatti akka gurmaa'u taasifameera.

Bu'uruma kanaan, boqonnaan kun hojiwwan eegumsa naannoo akka Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti gaggeeffamu galmaan gahuu keessatti seerotni

raawwatatumummaa qaban isaan kam ijoofi eegumsa naannoo waliin kallattiin hidhata qaban muraasa kaasuun ilaaluuf yaaluudha. Boqonnaa kana jalatti akka yaada ka'umsaatti, Sirni Gadaa Oromoo eegumsa naannoof iddoon inni qabu maal akka ta'eefi haala kamiin eegumsa naannoof gumaachuu akka danda'u qabxiilee muraasa kaasuun ni ilaalamu. Xiyyeeffannoo boqonnaa kana kan ta'an, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo, Labsii Investimentii Oromiyaa, Labsii To'annoo Faalama Naannoofi Labsii Bosona Oromiyaa irratti xiyyeeffachuun xiinxalli taasifameera. Kana malees, hojii eegumsa naannoo milkeessuu keessatti gaheen qaamoleen garaagaraa jechuun Komishinii Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa feederaalaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleessaa Oromiyaa, akkasumaas gaheen qaamolee haqaa Poolisiifi Abbaa Alangaafi Manneen Murtii maal akka ta'e irratti karaa gabaabaafi salphaan hammatameera. Leenjicha caalaatti bu'aa qabeessa taasisuuf, akkaataa leenjifamtoota hirmaachisuun gaaffiileen marii akka hammataman ta'eera.

Haala kanaan, dhuma leenjii boqonnaa kanaa irratti, leenjifamtootni:-

- Gumaachi Sirni Gadaa eegumsaa naannoof qabu irratti hubannoo ni argatu
- Iddoon eegumsi naannoo heera mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti qabu irratti beekumsa dabalataa ni gonfatu
- Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuniifi to'annoo faalama naannoo taasisuun eegumsa naannoo mirkaneessuu keessatti gaheen qaban; akkasumaas dirqamoota seerota eegumsa naannootiin gataman bahachuu dhabuun itti gaafatatumummaa hordofsiisuu maal akka ta'e hubachuun, bu'uura seerichaan hojiirra kan oolchaan ta'a
- Hojii eegumsa naannoo mirkaneessuu keessatti gaheen qaamolee haqaa maal akka ta'e hubachuun, dirqama ogummaa isaanii ni bahatu.

6.1. Sirna Gadaa Oromoo fi Eegumsa Naannoo

Sirni Gadaafi duudhaa akkasumaas safuun Oromoo kallattiinis ta'ee alkallattiin eegumsa naannoof, iddo guddaa kan qabuudha. Hojiwwan gama eegumsa naannootiin jiru sadarkaa kamittuu milkeessuuuf, qorannoowwan tokko tokko akka

agarsiisaniitti seerota jabanaa baasuu dabalataan, duudhaaleen, amantaaniifi aadaawwan hawaasaa eegumsa naannoo keessatti iddo olaanaa kan qaban ta'uun mirkanaa'eera. Fakkeenyaaaf kora hayyoota amantaa, siyaasaa fi saayinsii waliin dhimmaa eegumsaafi kunuunsa dacheen wal qabatu, mata duree "Preserving and Cherishing the Earth" jedhu irratti bara 1992 gaggeeffameen haasaan hayyooni saayinsii hayyoota amantaa tumsuuf taasisaan ragaadha. Kunis,

"As Scientists, many of us have had profound experience of awe and reverence before the universe. We understand that what is regarded as sacred is more likely to be treated with care and respect. Our planetary home should be so regarded. Efforts to safeguard and cherish the environment need to be infused with a vision of the sacred." Jechuun ergaa dabarsan.

Akka yaada hayyoota saayinsii kanaa irraa hubatamutti, uumamaa hawwaa kanaaf muxannoo sodaafii eeggannoof akka qaban ibsuun, wanti akka waaqeffannaatti ilaalamu, of eeggannoofi kabajaan akka qabamuudha. Haala walfakkaatuun, manni hunda keenyaa dacheenis eeggannoofi kabajni malu taasifamufii qaba jedhu. Kanaaf, tattaaffiin eegumsaafi kunuunsa naannoof godhamuus mul'ata waaqeffanaaf godhamuun waliitti hidhamuun eeggannoofi kabajni naannoof taasifamu akka qabu ibsu.

Haaluma walfakkaatuun qorannoon hayyuu saayiinsi hawaasaa Dheeressaa Dheebuutiin gaggeeffame tokko akka agarsiisuutti gaheen duudhaaleen sirna Gadaa Oromoo eegumsa naannoof qaban daran olaanaa akka ta'e ni mirkaneessa. Sirna Gadaa Oromoo keessatti, sirni itti fayyadama qabeenyaa uumamaa qajeeltoo mataa isaa danda'e qaba. Fakkeenyaaaf, itti fayyadamni mukkeenii gosaafi hariroo mukichi duudhaa Oromoo waliin hidhata qabu irratti hundaa'uun kan kunuunsamuufi eegamu akka ta'e ni agarsiisa. Kunis duudhaa Sirna Waaqeffannaafi Safuu Oromoo waliin hidhata guddaa mukichi qabu waliin kan ilaallamuudha. Haala kanaas, fakkeenyaaan kaasuun yoo ilaalle, kutaalee Oromiyaa waliigala keessatti mukni Odaa mallattoo enyummaa Uummata Oromoo waan ta'eef, akka safuufi hooda Oromootti muka Odaa muruun dhorkaadha. Kana malees, sirna waaqeffannaafi amantaa Oromootiin hidhata guddaa waan qabuuf, namni muka Odaa mure akka abaaramu, dheekkamsi Waaqaa

akka isa adabu waan himamuuf, mukni kun hin muramu, muramees qoraan isaa ibiddaan hin boboeffatan. Haaluma wal fakkaatuun, mukkeen akka Qilxuu, Somboo, Dambii, Harbuu, Birbiirsa fi kkf kutaalee Oromiyaa tokko tokko keessatti bakka irreeffannaad godhachuuun iddooy itti Uumaa kadhatan taasisuun waan itti dhimma bahaniif, mukkeen sirna kanaaf adda bahan kanneen muruun dhorkaadha. Dabalataan, lageen ykn malkaa tokko tokko, tulluu ykn gaarreen bakka iddooy irreeffannaad ta'an ni kunuunfamu. Iddoon kun nama hundaaf banaa miti. Akka fedhe seenuufi sirnakkoo isaa jeequun dhorkaadha.

Gama biraan, ilaalcifi hariiroon Oromoone bineensota bosonaaf qabuus yoo ilaalle qajeeltoo mataa isaa danda'e qaba. Fakkenyaaf, akka ilaalcha Oromoota naannoo Iluu Abbaa Booraafi Wallaggaa jiraatanitti, bineensota bosonaa midhaan nyaataan kanneen akka Jaldeessaa, Qamalee, Dhadee (Jaartii galgalaa jedhamuun bakka tokko tokkootti kan beekamt) sababa midhaan nyaateef, adamsuun kan ajjeesan yoo ta'e, gamtaan bineensota ykn hoomaan isaanii waliin ta'uun haaloo bahannaaf oomisha isaa waan barbaadeessuuf, soda kanarraa kan ka'e bineensota kanneen ajjeesuu irraa of quatu. Akkuma kanaa, bineensota akka Qeerransaafi waraabbessaa yoo ajjeesaniis, qabeenya nama gosa isaanii ajjeese kan ta'an beeyiladoota manaa kan akka horii, hoolaa, re'ee, fi kottee duuda haaloo qabachuun halkan ykn guyyaa jalaa nyaatu. Kanaaf, duudhaa fi barsiifata naannichaatti, namni bineensota kana ajjeesuu irraa of quata. Kana malees, bineensonni bosonaa adamfamuun foon isaanii nyaataman, akka duudhaafi aadaa hawaasa naannichaan kan murtaa'aniidha. Waqtii adamoon itti gaggeeffamuus yeroo murtaa'e qaba. Gosa bineensota adamfamanii hunda ajjeesuunis dhorkaadha. Fakkenyaaf, bineensota adamfamuun foon isaanii nyaataman warra dhaltuu soolaneessaa ol adeemaafi rimaa kanneen garaatti baattu ajjeesuun fudhatama hin qabu.

Walumaagalaatti, haala armaan dura ibsame irraa ka'uun yoo ilaallu, Sirni Gadaafi duudhaa akkasumaas safuun Oromo kallattiinis ta'ee alkallattiin eegumsa naannoof, iddooy guddaa kan qabu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, kaayyoon moojuulii kana inni ijoon gahee Sirni Gadaa Oromo eegumsa naannoof keessatti qabu gadi fageenyaan xiinxaluufi sakatta'uu osoo hin ta'iin, Sirni Gadaa Oromo eegumsa

naannoof iddoof kan qabu ta'uu isaa ibsa muraasa kennuu akka ta'e hubatamu qaba. Kaayyoon boqonnaa kanaa inni ijoon akka naanno keenyaatti seeronni jabanaa eegumsa naanno keessatti kallattiin is ta'ee alkallattiin gahee qaban tokko tokkoon xiinxaluufi sakatta'uun gahee isaan eegumsa naanoo keessatti qaban hubachiisuudha. Haala kanaan, seeronni kun Heera Mootummaa naanno keenyaa irraa eegaluun haala itti aanun kan ilaallu ta'a.

6.2. Heera Naanno Oromiyaa fi Eegumsa Naanno

Dhiibbaan sababa faalama naannootiin gahu, mirga lubbuun jiraachuu dhala namaafi guddina dinagdee, hawaasaafi biyyaa irratti miidhaa olaanaa waan geessisuuf, naannoof kunuunsaafi eegumsa olaanaa taasisuun baay'ee barbaachisaafi dhimma murteesseedha. Knuunsiifi eegumsi naanno dhimma qaamolee Mootummaa sadarkaan jiranis akka ta'e hubatamu qaba. Sirni caaseffama mootummaa biyyaa keenyaa sirna mootummaa Feederaalaa waan ta'eef, mootummoon naannoolee, Knuunsaafi eegumsa naannoof taasisuuf, dirqamoonni biyyi keenya sadarkaa addunyaa, ardiifi biyyaatti qabdu hojiirra oolchuufi galmaan gahuu keessatti, Mootummoon naannoolee, Bulchiinsa Mootummaa Naanno Oromiyaa dabalatee shoora olaanaa qabu. Haala kanaan, Mootummaan naanno keenyaa heera Mootummaa irraa eegalee, seerota kunuunsaafi eegumsa naanno keessatti qooda olaanaa qaban baasuun hojiirra oolchuutti argama.

Haala kanaan, qaama seeraa olaanaa Naannichaa kan ta'e, Heera Mootummaa Naanno Oromiyaa keessatti dhimmi kunuunsaafi eegumsa naanno haguuggi /uwwisa/ heeraa argateera. Heerri Naanno Oromiyas akkuma Heera Mootummaa feederaalaa, kaayyoofi qajeeltoowwan bu'uuraa imaammata kunuunsaafi eegumsa naanno irratti qabu haala ifaan teechiseera. Kunis tumaalee heerichaa keewwattoota 43, 44 fi 107 jalatti dhimmoonni eegumsa naanno, yaadrimee eegumsa naannoofi kaayyoowwan eegumsa naanno maal akka ta'an kan agarsiisuudha.

Kanaarraa ka'uun, bu'uura heericha keewwata 43 jalatti ibsameen, 'jiraattonni naannichaa mirga guddina itti fufiinsa qabu argachuufi mirga misooma naannichaa keessatti hirmaachuu, sagantaalee misoomaa, imaammatootaafi piroojeektota dantaa

hawaasa isaanii tuqan irratti yaada kennuuf mirga akka qaban' ni tuma. Kana malees, 'Jiraattonni naannichaa, naannoo qulqulluu kan jirenyaaaf tolu keessa jiraachuuf mirga akka qabaniifi sababa sagantaa mootummaatiin adeemsifamaniin namoonni buqqa'an ykn jirenyi jalaa tuqame hunduu gargaarsa mootummaan kennuun naannawaa biraatti jijiiramanii qubachuu dabalatee, maallaqa ykn filmaata biraa walgitaa ta'e akka beenyaatti argachuuf mirga kan qaban' ta'uu ni agarsiisa. Kunis jiraattonni naannichaa mirga naannoo qulqulluufi jirenya dhala namaaf mijawaa ta'e keessa jiraachuuf kan qaban ta'uu addeessa. Kana malees mirgi jiraattota jalaa sababoota sagantaawan mootummaan naannichaa keessatti gaggeessuun kan jalaa jeeqame yoo ta'e, deeggarsa mootummaan taasisuun mirga iddo ykn naannoo nageenyi isaa eegameetti jijiiramuun qubsifamuufi mirga beenyaa bif a maallaqaan ykn bif a madaalawaa ta'een argachuuf ni qabaatu.

Gama biraan, naannoon qulqulluufi fayyaa ta'e akka jiraatuuf, mootummaan carraaqqiwwan barbaachisaa fudhachuu akka qabu dirqamni heerichaan irratti gatameera. Dhimma kunuunsa naannoo irratti mootummaafi jiraattonni naannichaa dirqama kan qaban waan ta'eef, gahee gama isaanii bahachuu akka qaban ni dirqisiisa. Bu'uura heerichaatiin jiraattonni mirga naannoo nageenyiifi qulqullinni isaa eegame keessa jiraachuufi murtii dhimma naannoo irratti darbu keessatti hirmaachuun yaada isaanii ibsachuu akka qaban kan agarsiisuudha. Tarkaanfiileen misooma dinagdee kamiyyuu nageenyaa naannichaa kan hin booressine ta'uu akka qabuufi kun ta'uu isaas mootummaan gama isaatiin qorannoowwan dhiibbaa naannoo gaggeessuu akka qabu kan dirqisiisuudha.

Haala kanaan, naannoofi qabeenyi isaa guutuun osoo miidhaan irra hin gahiin, hin faalaminifi hin xuraa'in, kunuunfamee haala itti fufinsa qabuun akka faayidaaf oolu gochuun barbaachisaa akka ta'e tumaa heerichaa gadi qabaniil ilaaluun hubachuun ni danda'ama. Hojii kanaas galmaan gahuuf, seeronni eegumsaafi kunuunsa naannoo ittiin bitamaan baasuufi hojiirraa oolchuun barbaachisa qofa otuu hin ta'iin dirqamaadhas. Kanaaf kutaalee itti aanan jalatti seerota Naannoo Oromiyaa kallattiinis ta'ee alkallattiin eegumsa naannoof gumaachaan tokko tokkoon kaasuun kan ilaallu ta'a.

6.3. Seerota Naannoo Oromiyaa fi Eegumsa Naannoo

Eegumsi naannoo akka naannoo keenyaatti bu'uura heeraa waan qabuuf, seeronni naannoof eegumsa taasisan bahuun hojiirraa akka oolaan ta'eera. Sochiin misoomaa kamyuu naannoo keessatti waan raawwatuuf, seeroonni dinagdee jiruufi jireenyaa hawaasaa naannichaafi biyyaatti jijiiruuf hojiirraa waan oolaniif, karaa naannoo irratti dhiibbaafi miidhaa olaanaa hin geessifneen hojiirraa oolu qabu. Kanaaf, seerota dhimma eegumsa naannootiin wal qabatanii jiran kanneen kallattiiniis ta'ee alkallattiin eegumsaa naannoof gumaachaan kan akka Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo, Labsii To'anno Faalama Naannoo, Labsii Investimenti, Labsii Bosonaafi Labsii Albuuda Baasuu fi kkf kutaa armaan gadii keessatti karaa gabaabaan kan ilaallu ta'a.

6.3.1. Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Labsii Lakk. 213/2011.

Dhimmoota bu'uura, Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin gurmeessuuf barbaachisaan keessaa inni ijoon tokko, qabeenya naannichaa haala tarsimaa'aa ta'een hoogganuufi karaa bu'aan barbaadamu ittiin argamuu danda'uun caasaa aangoofi gahee hojii qabaachuun itti gaafatamummaa isaa sirnaan bahatu diriirsuudha. Labsiin kun eegumsa naannoof haguuggii seeraa kan kenu ta'uu isaa labsicha keewwata 2(10) jalatti ibsamee jira. Labsichi naannoo eeguufi kunuunsuun dura, 'naannoo'n maal akka ta'e beekuufi hubachuun barbaachisaa waan ta'eef, hiikkaa naannoo ibsuuf yaalee jira. Haala kanaan, labsicha keewwata 2(28) jalatti akka ibsameetti, 'naannoo' jechuun, 'lafti, qilleensi, haalli qilleensaa, bishaan, sagalee, foolii, dhandhama, haala hawaasummaa, miidhagina uumamaa namaan fooyya'e ykn jijiiramee kan jiru hundaa ta'ee namaafi kan biroo bakka waliin jiraatan'kan hammatu akka ta'e ni agarsiisa.

Naannoo kunneenis qabeenya naannichaa waan ta'aniif, sirnaan eegamuufi qabamuun, guddina dinagdeefi misooma naannichaa faayidaa kennuun haala hin

mancaaneefi hin miidhamneenis dhaloota eegereef dabarsuun barbaachisaadha. Kanarraa ka'uun labsichii 'eegumsa naannoo' jechuun immoo 'qaama qabeenya naannoo kamiyyuu osoo miidhaan irra hin gahiin, hin faalaminifi hin xuraa'in, kunuunfamee haala itti fufiinsa qabuun akka faayidaa kennu to'achuu' akka ta'e ni ibsa. Haala kanaan, naannoon kunuunfamee karaa itti fufiinsa qabuun faayidaa guddinaafi misooma dinagdee naannichaaf akka oolu taasisuuf, qaama raawwachiftuu aangoofi gahee hojii kanaa qabaachuun sirnaan bahachuu malu bu'uura seeraan aangessuufi hundeessuun barbaachisaadha. Kanarraa ka'uun, qaamni raawwachiiftuu eegumsaafi kunuunsa naannoo irratti hojjetu, KoomishiniiKoomishiniieegumsa naannoo, bosonaafi jijiirama qilleensaa, labsii kanaan aangoofi gaheen hojii isaa waliin hundaa'eera.

6.3.2. Labsii Sakata'iinsa Dhiibbaa Haala Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii lakk.176/2012

Sababoota babal'ina magaalootaa, guddina hojiilee inveestimeentii, fi ijaarsa warshaalee irraa kan ka'e, dhiibbaawwaniifi miidhaalee naannoo irra gahaa jiru xiqqeessuuf ykn hambisuuf, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessattis, seeronni eegumsa naannoof taasisan hedduun bahuun hojiirra akka oolan ta'eera. Seerota eegumsaafi kunuunsa naannootiif gahee olaanaa qabaniifi adda durummaan ka'an keessa tokko, Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa naannooti.labsiin kunis hojiwwan piroojeektoota, sadarkaa mootummaattis ta'ee nama dhuunfaan karoorfamuun hojiirra ooluuf, bu'uurraarra sadarkaa karooraatti, bakki hojiin kun irratti raawwatamu yeroo filatamu fi erga hojiirra oolee boodaas adeemsa raawwii keessatti naannoorratti dhiibbaa geessisuun ykn miidhaa fiduun isaa, dursame addaan baasuun tarkaanfii ittisuu ykn sirreffamaa fudhachuun barbaachisa akka ta'e ni akeeka. Kunis sadarkaa jalqabaatti, piroojeektooni ykn sanadoonni mootummaan mootummaan ykn qaama kaminu karoorfaman kamiyyuu, hojiirra ooluun dura dhiibbaa isaan naannoo irratti gaasisan maal akka ta'e addaan baasuuf, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo adeemsisuun dirqama akka ta'e agarsiisa.

Akkaataa labsii kanaan ‘sakatta’iinsa dhiibbaa naannoo’ jechuun maal akka ta’eefi sakatta’iinsi kunis yoom gaggeeffamu akka qabu ibseera. Haala kanaan sakatta’iinsi dhiibbaa naannoo kan gaggeeffamu yeroo hojiwwan misoomaa karoorfaman ykn piroojeektoonni wixineeffamaan, bakki hojiileen kunneen itti gaggeeffaman yeroo filataman, hojiwwan ijaarsaa yeroo gaggeeffaman, ykn adeemsa hojii keessatti fooyya’insi hojiirratti kan taasifamu ykn hojiichi yeroo addaaan cituutti ta’uu akka danda’u ni agarsiisa.

Sababoонни ijoon sakatta’iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachiseef keessaa inni tokko, sanadoонни mootummaan bahan, karoorri hojii misoomaa ykn piroojeektoonni osoo hin ragga’in dursanii dhiibbaa isaan naannoo irratti fiduu danda’an sakatta’anii addaan baasuun, miidhaawwan sababa kanaan naannoo, dinagdee, aadaa, fi hawaasummaa irratti gahuu malan hambisuuf akka ta’eedha. Inni biraan immoo dhiibbaawwan naannoo irra gahuu danda’an tilmaamuun tarkaanfiilee sirreeffamaa fudhachuun, mirgoонни, kaayyooniifi dirqamoonni eegumsaa naannoo ilaalchisee heeraan beekamtii argataniifi haalli misooma hawaas-dinagdeen karaa walsimuufi qindaa’an hojiirra oolchuun misoomni itti fufiinsa qabu akka jiraati taasisuudha.

Bu’uura kanaan, seerri sakatta’iinsa dhiibbaa naannoo kun haala seerota idila addunyaa biyyattiin keenya raggaasisteefi seerota feederaalaa akkasumaas karaa qabatama naannichaa gidduu galeessa godhateen bahuun hojiirra akka oolu ta’eera.

Labsichiis sakatta’iinsi dhiibbaa naannoo sirna to’annoo cimaa, iftoominaafi itti gaafatamummaa haala qabuun diriiruu hojiirraa oolu akka qabu ni dirqisiisa. Gama kanaan kallattiin iftoominaafi itti gaafatamummaa mirkaneesson keessa tokko immoo hawaasa naannoo sakatta’iinsa dhiibbaa naannoo keessatti hirmaachisuuni.

Hojiwwan misoomaafi pirojektii gaggeessuuf sakatta’iinsa dhiibbaa naannoo taasisuun barbaachisaadha. Kanaaf namni kamiyyuu Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa irraa, hayyama osoo hin argatiin hojii pirojektii kamuu adeemsisuun dhorkadha. Ta’us sakatta’iinsi dhiibbaa naannoo kunis dhimmoota hunda irratti adeemsifama jechuu akka hin taane hubatamu qaba.

Dhimmoota ykn piroojeektoonni sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo adeemsisuu barbaachisanii fi hin barbaachifne ilaalchisee dambiin kan murtaa'u jechuun labsicha keewwata 7 jalattii ibsame jira. Haata'u malee, dambiin pirojektoota sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisuu fi hin barbaachisne murteessu hanga ammaatti hin baane. As irratti Abbaan Taayitichaa seera kana raawwachisuuf qajeelfamoota sadarkaa Federaalaatti bahanitti dhimma bahaa kan jiruudha. Qaamoleen hojiileen investimentii, daldalaa, ijaarsaa fi kanneen biroo akka hojjetamaniif hayyama kennuun dursa dhiibbaa pirojektichi naannoo irratti fiduu danda'uu fi kan dhiibbaa hin fidne ta'uu isaa hayyama Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Naannoo Oromiyaa irraa argachuu qaba. Sanadni mootummaas osoo hojii hin eegaliin dura qaamni gaafatu sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Naannoo Oromiyaatiif gabaasa erga godhee booda ilaalamee fudhatama yoo argate hojiirra oolfamu.

Haala kanaan, gabaasni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo abbaa piroojeektichaatiin yknwaliigaltee abbaan proojeekticha qaama gorsaa eegumsa naannoo irratti heyyama qabuun gaggeeffameen, kan ulaagaa isaa guutate dhiyaatee Abbaa Taayitichaaf dhiheessuu qaba. Abbaan taayitichaas gama isaatiin bu'uura seerichaan dhimmoota dhiibbaa madaaluufi murteessuuf gargaaraan gidduugaleessa godhachuun murtii kennuu qaba. Murtiin kennamu kunis sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo irratti adeemsifame kun ulaagaa guutuun fudhatama kan argate yoo ta'e piroojeektichi akka hojiirraa ooluu ykn akka fooyya'uufi tarkaanfiileen sirreeffamaa waliin irra deebiin murtiif akka dhiyaatu ykn guutummaan akka haqaman taasisuu danda'a. As irratti qabxiin qaama dhiibbaa naannoo madaaluufi murtii kennuu xiyyeeffannoo ilaalamuufi haala qajeeltoo bu'uuraa eegumsa naannoo waliin wal simuun raawwachuu akka qabaniidha. Kunis adeemsa dhiibbaa madaaluufi murteessuu keessatti, piroojeektiin kamiyyuu, faayidaafi dhiibbaa qabaatee, faayidaa isaarra immoo dhiibbaan kan caalu yoo ta'ee ykn immoo madaaluun addaan baasuu yeroo rakkisaa ta'eetti, Abbaan Taayitichaa piroojeektichi dhiibbaa qaba jechuun murteessuu akka qabu seerichi ni dirqisiisa. Haaluma walfakkaatuun, qabxii kana ilaalchisuun labsiin lakk.299/2002:

“The Authority or the relevant regional environmental agency shall err on the side of caution while determining the negative impact of a project having both beneficial and detrimental effects, but which on balance, is only slightly or arguably beneficial, and thus determine that it is likely to entail a negative significant impact.”

Gama biraan, qaamni piroojeektii adeemsisu sakatta’iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Naannoo Oromiyaa irraa osoo hayyama hin argatiin hojii eegaluu akka hin qabnee fi gabaasa sobaas dhiyeessu akka hin qabneedha. Sakatta’iinsi dhiibbaa naannoo gaggeefamuun qaama aangoo qabuun xiinxalamuun fudhatama kan argate yoo ta’e, gosa piroojeektii sakatta’iinsi sun gaggeeffame qofaaf kan ooluuudha. Sakatta’iinsi dhiibbaa naannoo xiinxalamuun dhiyaate sun Abbaa Taayitaatiin fudhatama argachuun isaa yoo mirkanaa’e qofaa hayyamni kan kennamu ta’a. As irratti gaaffiin ka’uu malu tokko Abbaan piroojeektii sun adeemsa seerichaa eeguun, sakatta’insa dhiibbaa naannoo erga gaggesse qaama aangoo qabuuf dhiyeessuun fudhatama argachuun hojii keessatti piroojeektichi dhiibbaa naannoo irratti kan geessise yoo ta’e sirni itti gaafatatumummaa hordofsiisu maal kan jedhuudha. Gaaffii kana ilaachisee labsichi keewwata 5(6) jalatti gabaasni qorannoo sakatta’iinsa dhiibbaa naannoo Abbaa Taayitichaaf dhiyaate fudhatama erga argateen booda dhiibbaan naannoo irra yoo gahe, abbaan piroojeekticha badii gaheef itti gaafatatumummaa irraa bilisa akka hin taane ni agarsiisa. Kanaaf hojii eegumsaafi kunuunsa naannoof godhamu keessatti abbootiin piroojeektoota ykn hojii misoomaa kunneenii abbummaan naannoof eegumsa gochuu akka qabaniifi hojiin isaan raawwatan kun naannoo irratti dhiibbaa kan geessisu yoo ta’e itti gaafatatumummaa kan qaban ta’uu beekuun dirqama isaan irraa eegamu bahachuu qabu.

Kana malees Abbaan piroojeektii gosa piroojeektii sakatta’iinsi dhiibbaa naannoo irratti gaggeeffamee fudhatama argatee ture jijiiruun, hojii sana raawwachuu dhiibbaan naannoo irra kan gahe yoo ta’e, haala kaminuu itti gaafatatumummaa jala bilisa ta’uu hin danda’u.

Abbaan Taayitichaas, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo isaaf dhiyaate sirriitti xiinxalee madaaluuf dirqama qaba. Kana malees, gabaasni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaaggeeffamus ta'ee yeroo xiinxalamu uummatni, keessattuu hawaasni miidhaan irra gahuu danda'a jedhame yaadamu, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo sana keessatti hirmaachuu isaanii mirkaneefachuuf dirqama qaba.

Haala kanaan labsiin sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qaamolee hojiirraa oolmaa seerichaa keessatti shoora qaban irratti gahee isaanii bu'uura seerichaa bahachuu akka qaban ni dirqisiisa. Qaamni gahee isaa akkaataa seerichaan bahachu dhabe irratti immoo itti gaafatamummaa seeraa kan hordofsiisa ta'uu agarsiisa. Dirqamoota labsichaan teechifamaan bahachuu dhabuun immoo itti gaafatamummaa garaagaraa hordofsiisa. Itti gaafatamummaan kunis itti gaafatamummaa, yakkaa, itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaafi itti gaafatamummaa tarkaanfii bulchiinsaa ti.

Haala kanaan qaamolee gaafatamummaa isaanii bu'uura labsichaan bahachuu dhaban ykn dirqamoota seerichaan kennaman cabsan itti gaafatamummaa yakkaa ni qaabaatu. Labsicha keewwata 19 jalatti gochaawan labsii kana hojiirra oolchuu keessatti balleessaafi adabbi yakkaa hordofsiisan tumamani jiru. Abbaan piroojeektii, hojii piroojeektoota sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo akka irratti gaggeeffaman seerri dirqisiisuu irratti gabaasa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo otuu hin gaggeessiin hojii piroojeektichaa eegaluu hin qabu. Kana malees gabaasni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo of eegannoo cimaan gaggeeffamu qaba. Kanaaf Abbaan piroojeektii ragaalee seera qabeessa ta'an waliin gabaasa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo dhiyeessuuf dirqama qaba. Akkaataa kanaan Abbaan piroojeektii qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo akka irratti gaggeeffamuuf seeraan tumamee, heyyama Abbaa Taayitaa irraa otuu hin argatiin hojii piroojeektichaa eegaluuun ykn qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessatti ibsaafi ragaa sobaa dhiyeessuun itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisa. Kana malees sababa otuu qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo hin gaggeessiin ykn ibsaafi ragaa sobaa fayyadamuun hojii piroojeektii eegaluuun, miidhaan naannoo irra gahe yoo jiraate, abbaan piroojeektii kun itti gaafatamummaa hariiroo hawaasaa waan qabuuf, miidhaa gaheef baasii isaatiin akka sirreessuuf manni murtii ajaju akka danda'u ni agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun gorsaan ykn qaamni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu, ragaa qulqullina hin qabne ykn ragaa sobaa ykn dogoggoora kan fayyadame ykn odeeffannoo sirrii hin taane kan dhiyeesse, bu'uura labsii kanaan yakkaan ni gaafatama. Akkasumaas sababa gochaa yakkaa kanneen raawwachuuun gorsaan ykn qaamni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessu raawwateen miidhaan naannoofi piroojeekticha irra kan gahe yoo ta'e, dabalataan miiidhaa gaheef beenyaa kaffaluuf ni dirqama.

Kana malees, itti gaafatamaan ykn ogeessi Abbaa Taayitaa sadarkaa sadarkaan jiru, osoo beekuu faayidaa hin mallee ofiif ykn nama biraatiif argamsiisuuf, qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo isaaf dhiyaate sirnaan madaaluufi xiinxaluu dhabuun murtee hanqina qabu kennuun miidhaan naannoo irratti kan dhaqqabe yoo ta'e yakkaan ni gaafatama. Gama biraan, itti gaafatamaan ykn ogeessi Abbaa Taayitaa sadarkaa sadarkaan jiru, of eegannoo barbaachisu taasisuu dhabuun, hanqina xiinxala qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo uumameen, naannoo irratti miidhaan kan dhaqqabe yoo ta'e, gochaa yakkaa dagannoon raawwatan kanaaf itti gaafatamummaa yakkaan ni adabamu.

Hubannoof akka toluuf jecha tumaan labsichaa keewwatni 19 haala armaan gadiin dhiyaateera.

19. Balleessaa fi Adabbii

- 1) *Abbaan pirojektii kamiyyuu pirojrkii qorannoonn sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo akka irratti gaggeeffamu seeraan tumame hayyama Biirroo irraa osoo hin argatin hojii kan jalqabe yookiin hojii irra kan oolche yookiin qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessatti ibsaa fi ragaa sobaa kan dhiyeessee yoo ta'e:*
 - (a) *Qaama seeraan namummaa argate yoo ta'e, adabbii qarshii kuma shantamaa gadi hin taane fi qarshii kuma dhibba hin caalleen ni adabama.*
 - (b) *Gaggeessaan dhaabbatichaa adabbii hidhaa wagga lamaa gadi hin taanee fi wagga shan hin caalleen yookiin adabbii qarshii kuma kudhanii gadi hin taanee fi qarshii kuma digdama hin caalleen yookiin lamaaniinuu ni adabama.*

- (c) *Namaa uumamaa yoo ta'e, adabbii qarshii kuma kudhanii gadi hin taanee fi qarshii kuma digdama hin caalleen ni adabama.*
- (d) *Keewwata kana Keewwata xiqqaa 1 (a-c) jalatti kan tumameakkuma eegametti ta'ee, miidhaan naannoo irratti gahe hundaa baasii isaatiin akka sirreessuu Manni Murtii ajajuu ni danda'a.*
- 2) *Gorsaan yookiin qaamni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeesse ragaa qulqullina hin qabne yookiin ragaa sobaa yookiin dogoggooraa kan fayyadame yookiin odeeffannoo sirrii hin taane kan kenne yookiin gabaasa sirrii hin taane kan dhiyeesse yoo ta'e:*
- a) *Qaama seeraan namummaa argate yoo ta'e, adabbii qarshii kuma saddomaa gadi hin taane fi qarshii kuma jahaatama hin caalleen ni adabama.*
 - b) *Gaggeessaan dhaabbatichaa adabbii hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa torba hin caalleen yookiin adabbii qarshii kuma digdamaa gadi hin taanee fi qarshii kuma soddoma hin caalleen yookiin lamaaniinuu ni adabama.*
 - c) *Namaa uumamaa yoo ta'e, adabbii qarshii kuma kudha shan gadi hin taanee fi qarshii kuma soddoma hin caalleen ni adabama.*
 - d) *Keewwata kana Keewwata xiqqaa 2 (b) jalatti kan tumameakkuma jirutti ta'ee, dabalataan miidhaa naannoo fi pirojekticha irra gaheef beenyaa gahaa ta'e akka kafalu Manni Murtii ajajuu ni danda'a.*
- 3) *Itti gaafatamaan yookiin oggeessi Biirroo sadarkaa sadarkaan jirun osoo beekuu faayidaa hin malle ofiif yookiin nama biraatiif argamsiisuuf yookiin of eegannoo barbaachisu taasisuu dhabuudhaan hanqina xiinxala qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo uumameen naannoo irratti miidhaan kan dhaqqabe yoo ta'e, adabbii hidhaa waggaa tokko gadi hin taanee fi waggaa lama hin caalleen yookiin qarshii kuma kudhanii gadi hin taanee fi qarshii kuma kudha shan hin caalleen yookiin lamaaniinuu ni adabama.*

Gama biraan, tarkaanfiiwan bulchiinsaa ilaachisee, koomishiniikoomishiniieegumsa naannoo, bosonaa fi jijiirama qilleensaakkuma gabaasa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo bu'uura seeraan madaaluun murtii kenuuf aangoo qabu akkasumas raawwii hojii irrattis hojii hordoffiifi to'anno gaggeessuun bakka

hanqinaaleen uumamaniitti tarkaanfilee bulchiinsaa ykn sirreffama akka fudhatama taasisuuf aangoo ni qaba. Haala kanaan, hojiin piroojeektii dirqama itti kennameefi waadaa seeneen raawwachuu fi raawwachuu dhabuu isaa hordoffiifi gamagamma gaggeessuu qaba. Hordoffiifi gamagama taasifameen piroojeektichi bu'uura dirqama itti kennameefi waadaa seeneen raawwachaa kan hin jirre yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa tarkaanfilee sirreffamaa Abbaa piroojeektichaan fudhatamu malan ibsuudhaan akekkachisa of eeganno barreffamaan kennuu qaba.

Kana malees, Abbaan piroojeektichaa dirqama itti kennameefi waadaa gale guutummaan raawwachuu yoo baate, hayyamni hojii isaa akka hin haaromsamneef, Abbaan Taayitichaa qaama dhimmichi ilaallatu barreffaman beksisuu danda'a. Qaamni dhimmi ilaallatuufi kan murtiin Abbaa Taayitichaa barreffaman isa dhaqqabees, murtii darbe kana kabajuudhaan tarkaanfii bulchiinsaa hayyama duraan kennee ture irratti tarkaanfii dhorkaa kennuu ykn hayyamicha guutummaan haquuf dirqama qaba. Tarii gaaffiin as irratti ka'u qaamni hayyama kana kenne, qaama mootummaa Feederaalaa yoo ta'e seera kana raawwachuuf ni dirqama kan jedhuudha. Kunis akka ibsa hiikkaa labsichaa irraa hubatamutti, 'qaama hayyama kenu' jechuun qaama mootummaa hayyama investimentii yookiin hayyama daldala yookiin hayyama hojii yookiin hayyama ijaarsaa yookiin dhaabbata hayyama daldala akka galmeessuuf aangoon seeraaf kennname kamiyyuu kan hammatu akka ta'e ni agarsiisa. Qaamni mootummaa kunis qaama mootummaa federaalaa ykn kan naannoo ta'uu danda'a. Gama biraan, labsichi piroojeektootaafi sagantaalee misoomaa naannicha keessatti gaggeeffaman hundumaa irratti raawwatinsa waan qabuuf, qaamoleen mootummaa yookiin dhaabbileen sadarkaa federaalaas ta'ee naannichaa seera kana kabajuuf ni dirqamu.

Gaaffiilee Marii

1. Bu'uuara Labsii Lakk.176/2005 tiin sadarkaa naannoo keenyaattis ta'ee akka biyyatti, hirmaanna uummatni sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo keessatti hirmaachuuf mirga qabu mirkaneessuuf sirni diriire jira? Muxannoon gama kanaan yeroo ammaa kana akka naannoo keenyaatti jiru maal akka ta'e kaasuun irratti mari'adha.

2. Haala qabatama Naannoo Oromiyaatiin, Qaamoleen Bulchiinsa Mootummaa gaaffii fedhii uummatni bu'uuraalee misoomaa irratti qabuuf deebii kennuuf murtii jedhuun, hojiwwan piroojeektii ijaarsa daandii, yookiin hojiileen bishaan dhugaatii hawaasaaf dhiyeessuu yookiin hojiin ijaarsa jallisii qonnaa hedduun isaanii otuu qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo hin gaggeessiin ykn hayyama Abbaa Taayitaa irraa hin argatiin yeroo hojiin isaanii eegalamuufi qabatamaan miidhaa naannoo irratti geessisan ni mul'ata. Piroojeektoonni kunneenis sadarkaa bal'inaafi guddina isaanii irratti hundaa'uun, Qaamolee Bulchiinsa Mootummaa sadarkaan jiraniin ta'a. Gama biraan, bu'uura labsii lakk.176/2005, keewwata 2(11) jalatti hiikka, 'Abbaa Piroojeektii' jedhuuf kenneen, qaama mootummaa piroojeekticha abbummaan gaggeessu kan hammatu akka ta'e ni agarsiisa. Kanarraa ka'uun, Qaamoleen Bulchiinsa Mootummaa hojiwwan piroojeektii armaan dura ibsame kana abbummaan gaggeessan hojii misoomaa kanneen eegaluun dura qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu ykn Abbaa Taayitichaa irraa hayyama fudhachuu akka qaban seerichaan ni dirqamu jechuudha.
- A. Qaamoleen Bulchiinsa Mootummaa armaan olii kun bu'uura labsii lakk.176/2005, keewwata 19(1)tiin yakkaan gaafatamuu danda'u?
- B. Labsiin kun itti gaafatamummaa yakkaa Qaamolee Bulchiinsa Mootummaa abbummaan piroojeektii gaggeessanii ilaachisee tumaa seera yakkaa keewwata 34(1)tiin waliitti bu'a jettu? Maaliif?
3. Abbaan piroojeektiif Gorsaan ykn qaamni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu waliin ta'uun, ragaa qulqullina hin qabne yookiin ragaa sobaa yookiin dogoggooraa fayyadamuun odeeaffannoo sirrii hin taane yookiin gabaasa sirrii hin taane murtii Abbaa Taayitichaaf kan dhiyeessan yoo ta'e:bu'uura labsii kanaan yakkaan ni gaafatamu jettu? Yoo ni gaafatamu ta'e, tumaa labsichaa keewwata kam jalatti?
4. Bu'uura labsicha keewwata 19(3)tiin, itti gaafatamaan yookiin oggeessi Biiroo sadarkaa sadarkaan jirun **osoo beekuu faayidaa hin malle ofiif yookiin nama biraatiif argamsisuuf** yaaduun gochaa kana kan raawwate yoo ta'e labsuma kana jalatti yakkaan kan gaafatamu ta'uu agarsiisa. Gama biraan, gochaan haala

kanaan itti gaafatamtoota ykn oggeessota manneen hojii mootummaatiin faayidaa hin malle ofiif ykn nama biraatiif argamsiisuuf raawwatamu, yakka malaammaltummaan kan gaafachisu ta'uu agarsiisa. Dhimma kana himachuufi murtii haqa qabeessa ta'e kennuuf, tumaan seera rogummaa qabu isa kami? Gochaa yakkaa haala kanaan raawwatame labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannootiin himachuun dhama qabeessa jettu? Maaliif?

5. Adabbiin Abbaa Piroojeektii qaama namummaa seeraan argate yoo ta'e, adabbii maallaqaa qofaan akka adabamu labsicha keewwatni 19 ni tuma. Haa ta'u malee, bu'uura tumaa seera yakkaa kutaa waliigalaa keewwata 34(2) jalatti ibsameen, jaarmiyaaleen qaamni seeraan kennameef yakka raawwachuun balleessummaan isaanii kan mirkanaa'e yoo ta'e, manni murtii adabbii maallaqaatiin dabalata barbaachisaa ta'ee yoo argame, jaarmiyichi akka dhorkamu, cufamu, yookiin akka diigamu adabbiin itti murtaa'uu ni danda'a. Haala kanaan Abbaa piroojeektii qaama namummaa seeraan argatan bu'uura labsii kanaan yakka raawwachuun isaanii mirkanaa'e irratti manni murtii adabbii maallaqaatiin dabalata akka dhorkamu, cufamu ykn diigamu murteessuu danda'a? Maaliif?

6.3.3. Labsii Investmentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk 138/2008

Babal'inniifi guddinni hojii investmentii dandeettii oomishtummaa callaa fi qulqullinaa tajaajilaa dabaluun, guddinni dinagdee biyyaa akka jijiiramu taasisun, jiruufi jirenya lammilee fooyyeessuu keessatti shoora olaanaa ni qabaata. Haa ta'u malee, babal'inniifi guddinni hojii investmentii kun sirnaan kan hin adeemsifamneefi hojmaataan kan hin hoogganamne yoo ta'e, naannoo irratti miidhaafi gaaga'ama olaanaa geessisuu ni danda'a. Dhiibbaawanifi miidhaalee sababa babal'ina fi guddina hojii piroojeektootaa ykn investmentiitiin naannoo irra gahuu danda'an xiqqeessuuf ykn hambisuuf, sakatta'insi dhiibbaa naannoo dursee gaggeeffamu akka qabu seeronni biyya keenyaa ni dirqisiisu. Kanaaf, hojiin misoomaa ykn investmentii gaggeeffamu kamiyyuu karaa nageenyaafi eegumsa naanno wal tumsuun hojiiraa oolu qabu.

Haala kanaan, labsiwwan hojii misooma investimentii biyya tokkoo tumsuufi saffisiisuuf bahan itti fufiinsa qabaachuuf, hojiin investimentii karaa eegumsa naannoonaan walsimuun hojiirra ooluu waan qabuuf, dhimma eegumsaafi kunuunsa naannootiif xiyyeffannoo olaanaa kennuun barbaachisaadha. Kanaaf, labsiileen sirna bulchiinsa, eegumsaafi babal'ina hojii investimentii murteessuuf bahan, dhimmoota eegumsaafi kunuunsa naannootiifis xiyyeffannoo olaanaa kennuun qabiyyee labsichaa keessatti hammachuun bahuu qabu. Kanarraa ka'uun, labsiin Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa kana hojiirra jiru yoo ilaalle, dhimma eegumsa naannoof waan xiyyeffannoo kenne hin fakkaatu.

Labsi kana seensa isaa irraa eegaluun gadi qabuun yoo ilaalle, xiyyeffannoon isaa inni olaanaan, Caasaa Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa haala gurmaa'insaafi itti waamama isaanii, aangoofi gahee hojiifi haala investeroonni itti keessummeeffamuu qaban ibsuun ala eegumsa naannoof xiyyeffannoo wanta taasifamuu qabu irratti wanti jedhe hin jiru. Haala kanaan, eegumsa naannootiif keewwatni xiyyeffannoo kenne dhibamuun investeroonni eegumsa naannoof irratti akka hin xiyyeffanne kan taasisu akka ta'eefi kun immoo gama biraatiin guddinni gama investimentiin dhufu itti fufiinsa (sustainable) akka hin qabaanne taasisuu kan danda'u akka ta'e ni amanama.

Haa ta'uu malee, yeroo ammaa kana, Komishiniin Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, hayyama investimentii kennuun dura, piroojeektoonni investimentii qophaa'anii dhiyaatan naannoofi fayyaa namaa irratti dhiibbaa kan hin dhaqqabsiifne ta'uu isaanii sakatta'iinsi dhiibbaa naannoogaggeeffamu Isaafi sakatta'iinsi dhiibbaa naannoogaggeeffame kunis akkaataa seeraan qaama aangoo qabuun xiinxalamuun fudhatama kan argate ta'uu mirkaneeffachuu akka qabu ni dirqama. Haala kanaan, akkaataa seeraan piroojeektoonni sakatta'iinsi dhiibbaa naannoogaggeeffamuuf bu'uura seeraan dirqaman, otuu sakatta'iinsi dhiibbaa naannoohin gaggeeffamaniifi qaama aangoo qabuun madaalamuun murtii hin argatiin, Komishinichi hayyama investimentii kennuu akka hin qabne agarsiisa.

Haaluma wal fakkaatuun, Qajeelfamni Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Dambii Bulchiinsa Investimentii Naannichaa raawwachisuuf kan bahe

dhimma eegumsa naannoof xiyyeffannoo olaanaa waan kenne hin qabu. Haa ta'u malee, qajeelfamicha keessatti dhimmoonni wantoota eegumsa naannoona hidhata qaban waan muraasa hammachuuf yaaleera. Fakkeenyaaaf, wanti jiruufi jirenya ummata jeequu, kana akka xurii adda addaa qabiyyee uummataa irratti gadhiisuu, qilleensa naanno faaluu, sagalee maashinoota adda addaa garmalee olkaasaanii iyysiisuun, wantoota faalama naanno geessisan waan ta'aniif, gochoota kanneen raawwachuuun dhorkaa akka ta'e tumameera. Kana malees, summii ykn balfa faalama naanno geessisu fayyadamuudhaan ykn balfa warshaa keessa bahu to'achuu dhabuudhaan faya namaafi qabeenya kamiyyuu irratti rakkina yoo uumee ykn kan uumuu yoo ta'e; invasteerrii tarkaanfii sirreffama akka fudhatuuf bu'uura seeraan qajeelfamee, yoo kan hin raawwanne ta'e, bu'uura qajeelfama kanaan hayyamni investimentii hin haaromuuf ykn hayyamni kun akka haqamuu danda'u ni agarsiisa. Akkasumaas invasteerrii jiruufi jirenyaa uummataa wantoota jeeqaan yoo raawwatee argame, ykn qabeenya uumamaa mancaasee yoo argame, bu'uura qajeelfama kanaan hayyamni investimentii hin haaromuuf ykn hayyamni kun akka haqamuu danda'u ni agarsiisa. Dhuma irratti, qajeelfamichi ulaagaawan waliigalteen investimentii diigamuuf, ka'umsa ykn sababa ta'an keessa tokko Inasterichi xurii piroojeektii isaa keessaa bahu to'achuu dadhabuu isaa irraa kan ka'e qabeenya kamiyyuu irratti badii uumuu isaatiin hayyamni isaa kan haqamuu akka danda'u ni agarsiisa. Haala kanaan, qajeelfamni kun eegumsa naanno walqabatee gochoota faalama naanno geessisan raawwachuuun, ykn tarkaanfii sirrefama bu'uura seeraatiin fudhachuu dhabuun, wantoota hayyamni investimentii akka hin haormsamne godhan ykn hayyamni akka haqamuu sababa ta'an akka ta'eefi kun immoo bu'aa diigamuu waliigaltee investimentii hordofsiisan keessa tokko akka ta'e ni agarsiisa.

Gaaffii Marii

Bu'uura Qajeelfama Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naanno Oromiyaa, Lakk.1/2004 keewwata 7(2)(g, fi h)tiin sababoota hayyama investimentii haqsiisan keessaa isaan muraasni summii ykn balfa faalama naanno geessisuun fayyadamuuf ykn balfa warshaa keessaa bahu to'achuu dadhabuu miidhaa naanno irratti uumuu akka ta'eefi jiruufi jirenyaa uummataa yoo jeeqe ykn qabeenya uumamaa mancaasee yoo

argame, qaamni hojii bulchiinsa investimentii irratti aangoo qabu haala kana hubachuun tarkaanfii bulchiinsaa fudhachuu akka qabu ni dirqisiisa. Kanaaf, hoogganaan, ykn hojjetan mana hojii sochii investimentii kana to'achuuf aangoon seeraan kennname haalonni kunneen uumamu hubachuun akkaataa seeraan miidhaa naannoorra gahu xiqqeessuuf ykn hambisuuf, investerichi bu'uura seeraatiin tarkaanfii sirreeffamaa kan hin fudhanne yoo ta'e hayyama investimentii kana akka hin haaromne dhorkuu ykn hayyamicha haquuf dirqama qaba. Haa ta'u malee hoogganaan ykn hojjetaan mana hojii sochii investimentiin itti gaafatatumummaan ykn dirqamni kun irratti gatame, faallaa kanaan ta'e jedhee ofii isaatiif ykn nama biraatiif bu'aa hin malle argamsiisuuf, haalonni arman dura ibsamani raawwachuu otuu beekuu hayyama kan haaromse ykn haquu kan dhiise yoo ta'e, itti gaafatatumummaa yakkaa ni qabaata? Invasterichoo? Bu'uura seera kamiin gaafatamu?

6.3.4. Labsii To'annoo Faalama Naannoo 177/2012

Seerota kunuunsaafi eegumsa naannoo keessatti qooda olaanaa qaban keessaa tokko kan ta'eefi seerri faalama naannoo to'achuuf gahee olaanaa qabu, Labsii Faalama Naannoo to'achuuf baheedha. Labsiin kunis akkuma labsii kan feederaalaa sirni to'annoo faalama naannoo, naannicha keessatti sirna iftoominaafi itti gaafatatumummaa qabu diriirsuuf jecha akka bahu ta'eera. Kunis faalama naannoo irratti gahu hambisuuf ykn xiqqeessuuf hojii to'annoofi hordoffii faalama naannoo cimaa hojiirra oolchuun akka ta'e agarsiisa.

Haala kanaan, sochiiwwan hawaasummaafi misooma dinagdee naannicha keessatti gaggeeffamu kamiyyuu miidhaa akka hin geessisne to'achuufi miidhaa osoo hin geessisiinis haala itti naannoo waliin walsimuun hojiin misoomaa itti gaggeeffamu diriirsuuf labsichi akka bahu ta'eera. Labsichiis faalama naannoo xiqqeessuuf ykn hambisuuf qaamoleen hojii misooma investimentiifi piroojrktoota adda addaa gaggeessaan, mirgaafi dirqamoota isaan irratti gataman hubachuun, eegumsa naannoof xiyyeeffannoo guddaa kennuun akka hojjetan kan dirqisiisuudha. Haala kanaan, qaamni dirqama isaa bahachuun dhabuun, naannoofi fayyaa hawaasaa irratti

miidhaa geessise irratti bu'uura labsichaan sirni itti gaafatamummaa kan jiru ta'uufi tarkaanfiin sirreffamas fudhatamuu akka qabu ni agarsiisa.

Egaa haala kanaan, labsiin kun kaayyoo baheef galmaan gahuuf jecha 'faalama' jechuunifi 'to'annoo faalama naannoo' jechuun maal akka ta'an ibsuuf yaaleera. Kunis 'faalama' jechuun labsii kanaan yookiin seera birootiin, dirqama daangaa yookiin dhorkaa tumame cabsuudhaan haala fizikaalaa, keemikaalaa, albuudaa, ho'ina yookiin sirna lubbuu qabeeyyii yookiin amala naannoo jijiiruudhaan fayyaa namaafi lubbuu qabeeyyii kan birootiif haala hamaa kan ta'e yookiin ta'uu kan danda'u akka ta'e ni ibsa. Gama biraan, 'to'annoo faalama naannoo' jechuun piroketootaafi misoomni gaggeeffamu kamiyyuu naannoo irratti miidhaa akka hin geessisne hordofuu, deeggarsa ogummaa kennuu fi tarkaanfii sirreessaa fudhachuu akka ta'e ni agarsiisa.

Gama biraan labsiin kun wantootni faalama naannoo geessisan maal akka ta'an, sirni qabiinsa wantoota faalama naannoo geessisanii, haalli itti oomishamuu, kuufamuu, rabsamuu, geejjibsiifamuu fi maqfamuu qaban, faalama naannoo kana to'achuuf gaheen qaamoleen garaagaraa qaban maal akka ta'eefi sirni qaamni faalama naannoo geessise itti gaafatamuufi tarkaanfiin sirreffama fudhatamu ilaalcchisee haguuggii kennee jira. Kana malees ogeeyyiin faalama naannoo to'achuuf Abbaa Taayitichaan ramadaman gaheen hojiifi aangoon isaaniif kenname maal akka ta'eefi tarkaanfiileen isaan fudhachuu qabaniis kan hammatuudha.

Akkaataa kanaan, qaama seeraan aangoon kennameef irraa hayyama otuu hin argatin, gataa hamaa kamiyyuu maddisiisuu, kuusuu, geejjibuu, geejjibsiisuu ykn maqsuun dhorkaa dha.Haaluma walfakkaatuun, keemikaalota hamoo jedhamuun beekamaniis hayyama Abbaa taayitaatiin ykn qaama dhimmi ilaallatu irraa hayyama yoo argate malee oomishuu, qopheessuu, geejjibuu ykn rabsuun, kuusuun, ykn itti dhimma bahuun dhorkaadha. Kana malees meeshaalee keemikaalli hamaan keessa dhume kamiyyuu otuu kan miidhaa hin geessisne ta'uu isaa Abbaa Taayitaatiin hin mirkaneessin gurguruun, gatuun, awwaaluun, gubuun, namaaf kennuun itti fayyadamuuun dhorkaadha Wantoota Raadiyo Actiivii ta'anis, qotani baasuuf, kuusuuf, oomishuuuf, rabsuuf, geejjibuuf ykn itti fayyadamuuuf qaama dhimmi ilaallatu irraa

hayyama argachuun dirqama. Hayyamni kunis qaama aangoo qabuun kennamuun isaa Abbaa Taayitaatiin mirkanaa'u qaba.

Labsiin Lakk.177/2005, faalama naannoo xiqqeessuuf ykn hambisuuf qaamoleen hojii misooma investimentiifi piroojrktoota adda addaa gaggeessaan, mirgaafi dirqamoota isaan irratti gataman hubachuun, eegumsa naannoof xiyyeffannoo guddaa kennuu akka hojjetan kan dirqisiisuudha. Kana malees, Itti gaafatamtooniifi to'atoonni eegumsa naannoo sadarkaa sadarkaan jiran gahee hojii isaanii sirnaan bahachuun faalama naannoo ta'achuu qabu. Hojii isaanii bu'uura seerichaan bahachuu dhabuun immoo itti gaafatamummaa yakkaa isaan irratti fida. Akkasumaas, qaamni dirqama isaa bahachuu dhabuun, naannoofi fayyaa hawaasaa irratti miidhaa geessise irratti bu'uura labsichaan sirni itti gaafatamummaa kan jiru ta'uufi tarkaanfiin sirreeffamas fudhatamuu akka qabu tumaalee labsihaa keewwattoota 18 hanga 22 jira irraa hubachuun ni danda'ama.

Haala kanaan, hojii to'ataan eegumsa naannoo raawwatuun walqabatee, hojiilee eegumsa naannoo to'atichaan akka gaggeeffamaniif seeraan aangeeffama gufachisuun itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisa. Kunis, namni kamiyyuu, to'ataan eegumsa naannoo hojii isaa akka hin raawwanne kan gufachise, haala seera qabeessa ta'een waan gaafate kan hin raawwanne ykn ajaja kan hin raawwanne, to'ataan mooraa ykn dallaa ykn iddo kamiyyuu akka hin seenne kan dhorke, dookmeentii ykn galmee akka hin qoranne, footoo koppii akka hin kaafne, akka hin sakattane, akka hin waraabne kan dhorke ykn odeeffannoo kan dhorkate, kan dogoggoorse ykn odeeffannoo dogoggooraan kan kenne haala labsicha keewwata 18 (1-3) jallatti ibsameen yakkaan kan adabamuudha. Kanaafuu hojii to'anno faalama naannoon walqabatee to'ataan eegumsa naannoo gaggeessu gufachisu, qajeelfamoota ykn ajajoota seera qabeessaa raawwachuu dhabuun ykn odeeffannoo kennuu dhabuu ykn odeeffannoo dogoggoora kennuu yakkaan kan adabsiisuudha.

Kana malees, itti gaafatamtooni ykn to'atoonni eegumsa naannoo Abbaa Taayitaa sadarkaa sadarkaan jiraan gahee hojiifi itti gaafatamummaa isaanii bu'uura labsichaan bahachuu dhabuun itti gaafatamummaa yakkaa isaan irratti ni hordofsiisa. Haala kanaan, Itti gaafatamtootni Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo sadarkaa sadarkaan jiran

ykn to'atan eegumsa naannoo ta'e jedhee faayidaa hin mallee argachuuf, ykn nama biraatiif argamsiisuuf, jecha aangoo seeraan ala itti fayyadamuudhaan ragaa dogoggooraa yoo kenne ykn akka kennamu yoo taasise ykn ragaa dogoggooraa irratti hundaa'uudhaan murtii kenne ykn ragaa yoo balleesse yakkaan ni gaafatama.Kunis namni haala kanaan gochoota yakkaa raawwatee argame, hidhaa wagga sadii gadi hin taanee fi hidhaa wagga saddeet hin caalleen ykn adabbii maallaqaa qarshii kuma kudha shanii gadi hin taaneefi qarshii kuma soddoma hin caalleen ni adabama.

Gama biraan, dirqamoota faalama naannoo to'achuuf jecha Abbootii qabeenyaa ykn Dhaabbilee irratti gataman keessaa kanneen akka labsii kana hojii irra oolchuuf adeemsa hojii, oomisha, akaakuufi amala gataa, ykn odeeffannoo kan biro galmee irratti akka galmeessu gaafatamee osoo hin gaklmeessiin yoo hafe, ykn galmee irratti kan galmaa'e jijiiruun itti gaafatamummaa yakka kan hordofsiisuudha.Gochoota kana raawwachuunis adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhanii gadi hin taanee fi adabbii maallaqaa qarshii kuma digdama kan hin caalleen kan adabsiisuudha.

Akkasumaas namni gataa hamaa ykn wanta hamaa akkaataa labsii kanaaniifi seerota biroo dhimma kanaan walqabate keessatti haala tumameen kan hin qabne yoo ta'e, ibsa maxxanfamuu qabu dogoggoorsee kan maxxanse ykn kan hin maxxansine ykn gataa hamaa ilaachisee odeeffannoo kan dhorkate ykn gataa hamaa kan hin hayyamamne bakkaa bakkatti kan dabarse ykn dabarsuuf kan yaalee ykn kan gargaare ykn gargaaruuf kan yaale bu'uura labsii kanaan itti gaafatamummaa yakkaatiin ni adabama.Adabbii ilaachisees labsichii miidhaa olaanaa gataan ykn wanti hamaan kun naannoo irratti fidu gidduu galeessa godhachuun, tumaan seera yakkaa ykn labsiin sadarkaa feederaalaa kan gochoota kanneeniif adabbii caaluu hordofsiisuu yoo jiraate adabbii olaanaa kanaan adabamu akka qabu ni agarsiisa. Ta'uus bakka adabbii caalmaan seera yakkaa keessatti hin tumamneetti, raawwatan gochaa yakkaa nama uumamaa yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma digdamaa gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantamaan adabamuu akka qabu ni ibsa. Kana malees raawwataan gochaa yakkaa dhaabbata namummaan seeraan kennameef yoo ta'e immoo adabbichii adabbii maallaqaa ta'e, adabbii qarshii kuma shantamaa gadi hin taaneefi qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen adabamuu akka qabu ni tuma. Gama

biraan, gaggeessaan hojii dhaabbatichaas gochaa yakkaa kana raawwachuuudhaan balleessaa ta'ee yoo argame adabbii hidhaa waggaa sadii gadi hin taaneefi adabbii hidhaa waggaa jaha hin caalleen ykn adabbii maallaqaa qarshii kuma soddomaa gadi hin taaneefi qarshii kuma torbaatama hin caalleen ykn lamaaniinuu adabamu akka qabu ni agarsiisa.

Kana malees, bu'uura Labsii To'annoo Faalama Naannootiin, wantoota faaltota ta'an, wanta jajjaboo, dhangala'oo, gaasii, sagalee kanneen kallattiinis ta'ee al-kallattiin sadarkaa qulqullina naannoo jijiiruudhaan tajaajila naannicha irraa argamu danda'an kan miidhu ykn fayyaa namaa ykn lubbuu qabeeyyi biroo fi naannoo irratti miidhaa geessisu kan danda'an, kanneen akka summii, dhibee, foolii, ajaa, aaraa, qaayyoota, raadiyoo actiivii, sagalee, ho'ina hamaa ykn kan miidhaa biroo uumuu danda'an naannootti gadi lakkisuun dhorkaadha. Haala kanaan, dhorkaawan labsichaan teechipaman darbuun faaltota gara naannootti gadi lakkisuun itti gaafatamummaa yakkaa ni hordofsiisa. Akkaataa kanaan, namni dhorkaawan labsichaan tumaman darbuun faaltota kamiyyuu naannootti gadi lakkise, yoo nama uumamaa ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma tokkoo gadii hin taaneefi qarshii kuma shan hin caalleen ykn adabbii hidhaa waggaa tokko gadi hin taaneefi waggaa kudhaan hin caalleen ykn haalli itti lamaaniinuu adabamu kan jiru ta'uu isaa ni agarsiisa. gachaa yakkaa kana kan raawwate qaama seeraan namummaan kennameef yoo ta'e adammichi, adabbii maallaqaa qarshii kuma shanii gadihin taaneefi qarshii kuma digdamii shan hin caalleen adabamu akka qabu ni tuma. Kana malees, gaggeessaan hojii dhaabbatichaa gochaa yakkaa raawwatame kanaaf, adabbii hidhaa waggaa shan gadi hin taaneefi hidhaa waggaa kudhaan hin caalleen ykn adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin gadi hin taaneefi qarshii kuma kudhaan hin caalleen ykn lamaaniinuu adabamu akka danda'u ni agarsiisa. Ta'uus adabbiowan tumaa kana jalatti tarreeffamaan kaayyoowwan labsichi faalama naannoo to'achuuf xiyyeffannoo kenne galmaan gahuu ni danda'a kan jedhu ammaas dhimma qaama seera baastuun irra deebiin ilaalamu qabu akka ta'e tilmaamuun nama hin rakkisu. Qabxi kana ilaachisee leenjifamtootni marii keessatti kaasuun kan gabbisan ta'a.

Gama biraan, labsichi kaayyoo eegumsa naannoo galmaan gahuuf jecha adabbiwwan yakkaa irratti dabalataan, namni gochaawwan yakkaa raawwachuuun balleessummaan isaa mirkanaa'e, wanti badiin ittiin raawwatame kamyuu ajaja mana murtiin dhaalamuu akka qabu ykn karaa biraatiin maqfamu akka qabu agarsiisa. Kana malees, naannoo miidhaan irra gahees qulqulleessuun waan barbaachisuuf, baasii naannicha qulqulleessuuf oolu ykn baasii meeshaalee ykn keemikaalota maqsuuf bahes himatamaan kaffaluuf ni dirqama. Haa ta'u malee himatamaan naannoo miidhaan irra gahe akkaataa duraan tureetti deebisuu kan danda'u yoo ta'e, haala duraan tureetti deebisuuf ni dirqama. Yoo naannoo miidhaan irra gahe akkaataa duraan tureetti deebisuun hin danda'amu ta'e, himatamichi miidhaa dhaqqabsiiseef beenyaa gahaa ta'e akka kaffalu manni murtii ajaju ni danda'a.

Gaaffiilee Marii

Iyyata Dhaabbanni Bosonaafi Bineensota Bosonaa Damee Jimmaa, miidhaan faalama naannoo abbaa qabeenyaa adde Tigiisti Habtee kan horsiisa beelladaa irratti bobba'aan dhangala'oo fincaaniifi balfi horii mooraa isaanii bakka hojii oomishaa industirii bunaaf gamoo abbaa darbii afurii ijaaraa jiranitti dhangalaasuun akka naannoo hojii isaanii faalan, foolin balfa looniis naannichaa faaluun hojii dhaabbatichi gara fulduraatti hojjechuuf deemuu, buna qopheessuun (process) gochuun gabaa biyya alaaf erguuf jedhu irratti faalama fiduu danda'a jechuun Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Magaalaa Jimmaatiif dhiheesseen, Abbaan Taayitichaa dhimmicha qorachuun, **xalaayaa lakk.Bu~220/3726/2010 gaafa guyyaa 15/08/2010** Adde Tigiist Habteef barreesseen, haalliifi qulqullinni mooraa horsiisa loonii kun rakkoo hammataafi faalama qaqqabsiisu irra darbuun, hojii ijaarsaa Dhaabbata Bosonaafi Bineensota Bosonaa Oromiyaa, Damee Jimmaa ollaa isaa jiru irratti fincaaniifi balfa dhangala'aa itti yaasuun hojii kana gufachiisa jiraachuu ibsuun, tarkaanfiileen armaan gadii akka fudhataman ajajeera.

- a. Hatattamaan fincaan loonii gara Dhaabbata iyyataatti akka dhabdaniifi kan achii keessatti kuufamee argamuun akka qulqulleessaan,
- b. Mooraa dhuunfaa isaanii keessatti taankeerii of eegganno (safety tanker) qopheessuun dhangala'oo yaa'uu kana akka dhaabsiftan'

- c. Bakka tajaajila horsiisa loonii dhaabbiif isaan gargaaruutti dhaabbata horsiisa kana akka dabarsaan jechuun dhuma irratti bu'uura ajajamaniin kan hin raawwanne yoo ta'e, akaataa labsii lakk.177/2005tiin kan himatamaan ta'uu akeekkachiiseera.

Dhimma armaan olii kana ilaachisee, bu'uura ajaja Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Magaalaa Jimmaa kenneen waan hin raawwatamneef, iyiyataan himata idilee mana murtii olaanaa Godina Jimmaatti himannaa hariiroo hawaasaa dhiyyeeffateera. Himataanis himannoo gaafa 04/04/2011 barreeffameen, gamoo himataan keessatti buna ‘process’ godhee biyya alaatti erguuf ijaarsisaa jiru bukkeedhaa dhangala’oon dhoqqeefi fincaan horii bakka horsiisa loonii himatamtuu Adde Tigiist Habtee keessaa bahuun gara gamoo ijaaramaa jiru kanatti yaa’uun ykn dhangala’uun hojiin kun yeroon akka hin xumuramne taasisuun dhaabbanni ijaarsa kana gaggeessaa jiru sababa kanaan qarshii 235527.90 waan gaafateef qarshii kana akka kaffaltuuf, dhangala’oon kun hojii bunaa gara fulduraa gamoo kana keessatti hojjetamu irratti illee dhiibbaa uumuun foolii isaa jijiiruun gabaa addunyaa keessatti fudhatama akka hin qabaanne taasisa, jiidhaa uumminis umurii gamaa ijaaramuu gabaabsa, fooliin isaas hojjettoota irratti miidhaa kan uumuu, hawaasa naannoo irrattilee faalama naannoo dhaqqabsiisaa waan jiruuf, bakkichii wiirtuu magaalaa keessaafi bakka loon itti horsiifaman waan hin taaneef, hojii kana dhaabuun bakkicha akka gadi lakkistuufi dhangala’oo amma jiruus akka qulqulleessitu jechuun himateera.

Manni murtichaas himanna dhiyaate simachuun, himatamaan gama isaatiin bu'uura seeraan deebii akka kennuuf ajajeera. Himatamaanis mormii sadarkaa duraatiin, bu'uura labsii to'anno faalama naannootiin iyiyataan, qaama aangoo qabuuf dursa iyata dhiyyeeffachuun dhimmichaaf murtii argachuu akka qabu, murtii qaamni aangoo qabu kenne irraa yoo komii qabaate immoo yeroo baatii lama keessatti komii ofii mana murtii dhiyyeeffachuu qaba malee, himata kallattii dhiyyeessuu hin danda'u, qaamni aangoo qabuus murtii kanaan dura kenneera waan ta'eef yeroo baatii lama keessatti komii isaa waan hin dhiyyeeffanneef, himanni kun mormii sadarkaa duraan kufaa akka ta'u gaafateera. Deebii ijoo qabiyyee falmii ilaachisee kenniteen immoo, himatamtuu hojii horsiisa loonii qabiyyee ishee irratti hojjechaa kan jirtuufi hojiin

kun faalama qilleensaas ta'ee naannoo kan hin dhaqqabsiisne ta'uu, bu'uura KoomishiniiKoomishiniiEegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Magaalaa Jimmaa ajajeen taankeerii of eeggannoq opheessuun dhimmichi furmaata argateera, dhangala'oone gara mooraa (dallaa) himataatti yaa'uus hin jiru jechuun, bu'uura labsii to'annoo faalama naannoo lakk.177/2005 keewwata 5(4)tiin baasii qulqulleessuuf bahe akka bakka bu'u malee waa'ee beenyaa wanti ibsu waan hin jirreef, dhimmi kun seera beenyaan kan ilaalamu miti, himataarra miidhaan gahuus wanti agarsiisu hin jiru, tilmaama dhiyyateenis miidhaan qabatamaan gahe hin mirkanoofne,fi himataan baasii kana baasuus wanti agarsiisu hin jiru, miidhaan kun osoodhuma qaqqabeeyyuu badiin himatamtuun otuu beektuu raawwatte waan hin jirreef, waqtin sun arfaasaafi bakki horsiisa horiifi gamoon kun jiru caafeefi bo'iin lolaa kan hin jirree waan ta'eef, burqituu adda addaafi lolaan dhangala'oone naannoo irraa bakkee kana dhufu kan ciisuu waan ta'eef, dandeetti himatamtuun kan hafuu hin danda'amneefi miidhaan gara fulduraa gahuus waan hin beekamneef, baasiin baasees miidhaa hangi isaa hin beekamne waan ta'eef, beenyaan dhiyyeesse egeree hangi isaa hin beekamne waan ta'eef fudhatama fudhatama kan hin qabne ta'uu ibsuun, himannoon dhiyaate kufaa akka ta'uuf gaafateera.

Manni murtiis mormii sadarkaa duraa kufaa gochuun, ijoo dubbi qabateen, himatamtuun dhagala'oo dhoqqeefi fincaan loonii sarara ijaarsa dallaa himataa keessatti yookiin jalatti dhangalaastee jirti moo miti? Sababa kanaan baasiin himataan baasefi miidhaan irra gahe jira moo miti? Yoo jiraate hagam? Bakki horsiisa loonii himatamtuun itti gaggeessa jirtu akkaataa pilaanii magaalichaan bakkee hojii kanaaf ooluu danda'u moo miti? Kan jedhu irratti ragoolee bitaafi mirgaa dhagaheera.

Haala kanaan, ragooleen gama himataan dhagahaman, dhangala'oone dhoqqeefi fincaanii bakka horsiisa loonii himatamtuu keessa bahu gara dhaabbata himataa kanaatti yaa'uun yookiin dhangala'uun hojii ijaarsa piroojeektii himataan ijaarsisaa jiru irratti rakkoo uumuu, erga ijaarsi raawwatame illee diichii himataan hojjechise cabsuun gara dallaa himataatti gala jiraachuu, dallaa himataa dhodhoosuu (crack) gochuu, yeroo ijaarsi raawwatamu dhangala'oone kun boolla ijaarsaaf qotameetti guutuun paampiin dhaabbanni ijaarsa piroojeektii kana gaggeessa ture waraabsisaa

turuu, fooliin achii bahu hojjettoota dhaabbatichaa irratti rekkoo uumaa kan jiruufi hojii bunaa himataan kun hojjechuuf ijaarsa raawwachaa jiru fi mana kuusaa himataa bunni keessa jiruutti fooliin kun galuun dhamdhama bunichaa balleessuu kan danda'u akka ta'e, himataan kanaaf hanga isaa ibsuun rakkisaa ta'uus baasii adda addaa kan baasuufi dhaabbanni ijaarsa kana raawwatu sababa kanaan hojiin harkifateefi baasii dabalataa baaseef tilmaamee himataa kan gaafate ta'uu ragooleen ogeessonni ijaarsaa fi qulqullina bunaa ibsaniiru.

Ragooleen gama himatamtuu, namoonni lama dhiyaachuun jecha ragummaa isaanii kennaniin, duraan dhangala'oon dhoqqeefi fincaan loonii mooraa himatamtuu keessaa bahuun bakka amma himataan dallaa irratti ijaarsise keessa bahuun gara lagaatti kan galu ta'uu, erga himataan dallaa ijaarsissee immoo bo'iin kun cufamee dhangala'oon kun gara deemu dhabnaan himatamtuu taankeerii of eegganno hojjechiisuun keessatti kuusaa jiraachuu, fi yeroo ammaa gara dallaafi dhaabbata himataa kanatti yaa'aa kan hin jirre ta'uu, bakkichi burqituufi sarara bishaanii haalaan waan jiruuf, yeroo gannaan dhangala'oon naannoo sana ciisuun kanuma baratame ta'uufi erga himataan dallaa ijaarsissee immoo bo'iin duraan jiru waan cufameef rakkoo uumaa turuu ibsaniiru.

Kanarraa ka'uun, manni murtichaas dhimmicha qulqulleessuuf waajjiraalee dhimmichi ilaallatu qaamaan bakka himannaaf ka'umsa ta'e deemuun qulqulleessuun bu'aa isaa akka dhiyeessaan ajajeera. Koreen kunis qorannoo gaggeessuun dhimmicha kan qulqulleesse yommuu ta'u, gabaasa barreeffaman dhiyeesseen, dhangala'oon dhoqqeefi fincaan loonii mooraa himatamtuu keessa gara dhaabbata himataatti yaa'uun maashinoonni muka baqaqsan lama tajaajila akka hin kenninee taasisuu, ijaarsa gaggeeffamaa jiru irratti rakkoo uumaa turuu fi hojjettoota eegumsaa irratti fooliin isaa dhiibbaa uumuu, dhangala'oon kun amma illee dallaa himataa jalatti waliitti kuufamee waan jiruuf yeroo roobni roobu bulbulamee salphumatti dallaa himataa keessa galuu kan danda'u ta'uu, diichii inni ijaarsise irratti illee dhangala'oon kun dhagala'ee jiraachuu, dhangala'oon kun hojii himataan hojjechuuf ijaarsa raawwataa jiruufi hojjettoota dhaabbatichaa irratti dhiibbaafi rakkoo cimaa kan uumu waan ta'eef, hojii kana himataan gara fulduraa bakka kanatti sababa dhangala'oo fi

foolii dhangala'oo kana irraa ka'uun hojjechuu kan hin dandeenye ta'uu, miidhaa maallaqaan hanga ammaa gahe maashinoota hojii dhaaban suphisii suun baasii qarshii 50,000. Dhaabbanni ijaarsa gaggeessaa ture sababa kanaan baasii adda addaa baase qarshii 235,527.90 xalaayaa lakk.1/349/10 gaafa 07/09/2010 barreefameen himataa gaafachuu garuu himataan baasii kana kaffaluu isaa ragaan agarsiisu kan hin jirre ta'uu yoo ibsan, dabalataan xalaayaa lakk.Bu/220/162/2011 gaafa 26/06/2011 barreefameen haala pilaanii magaalichaan bakkeen himatamtun horsiisa loonii itti gaggeessa jirtu kan 'Maanufaakcheeriingi (Oomishaa) malee kan horsiisa loonii kan hin taane, himatamtun haala pilaanii magaalichaa faalleessuun hojjecha kan jirtu ta'uunis ibsameera.

Manni murtiis himannaa dhiyaate, falmii taasifameefi ragoolee bitaafi mirgaan dhiyaatan akkasumaas kallatti garagaraarraa ragaa dhiyaatee seera dhimmichaaf rogummaa qabu waliin qorachuun, dhangala'oon dhoqqeefi fincaan loonii akkasumaas fooliin mooraa horsiisa loonii himatamtuu keessaa bahu dhaabbataafi hojjettoota himataa irraan rakkoo cimaa kan uumaa tureefi jiru, gara fulduraas dhaabbachuu kan hin dandeenyeeifi hojii bunaa himataan hojjechuuf deemaa jiru irratti rakkoo kan uumu ta'uun ragaa ijaa ogeessotaafi qorannoo taasifameen kan mirkanaa'e waan ta'eef, bakkeen kunis pilaanii magaalichaan hojii himataan hojjechuuf ijaarsa raawwataa jiruuf kan qophaa'e malee hojii himatamtun hojjetaa jirtuun kan wal simu akka hin taane ogeessa qaama dhimmi ilaallatuun qulqullaau, dhangala'oon kun amma illee dallaa himataa jalatti waliitti qabamee jiraachuun ragaa ijaafi koree haala caalmaa qabuun waan qulqulla'eef, himatamtun dhangala'oo dhoqqeefi fincaan loonii dallaa himataa jalatti kuufame jiru, diichii himataan hojjechisee keessaafi irra jiru akkasumaas dallaa himataa keessa seenee jiru baasii mataa isheen qulqulleessuun hojii horsiisa loonii bakkichaatti adeemsisaa jirtu haa dhaabdu jechuun murteesseera.

Kana malees waa'ee baasii dhangala'oo qulqulleessuuf bahee ilaachisee, bu'uura labsii lakk.177/2005 keewwata 5(4)tiin baasiin qulqullinaaf bahe kan bakka bu'u, qaamaa ykn nama hojii qulqullinaa kanaaf baasii baaseef akka ta'e waan ibsuuf, baasii kana baasuun kan qulqulleesseefi sababa kana hojii irratti rakkoon kan irra gahee dhaabbata hojii ijaarsaa himataa gaggeessu waan ta'eef, dhaabbani kun immoo waliigalteen isaa

himataa waliin waan ta'eef, himataa kana kan gaafate ta'ullee, himataan hanga ammaa kaffaltiin raawwate waan hin jirreef, kaffaltiin gara fulduraatti kaffaluuf seerummaan gaafatame immoo qabatamummaa waan hin qabanneef, seerummaa gama kanaan gaafatame kufaa godheera. Miidhaa fulduraatti dhaabbataafi hojii himataan hojjechaa jiru fi hojjechuuf adeemsa irra jiru, hojjettoota himataa eegumsa irra jiran irra gahefi gara fulduraatti hojjettoota himataa hundumaa irra gahuu danda'u ittisuu ykn hambisuuf immoo himatantuun naannoo kana qulqulleessuun haala duraan tureetti akka deebistuufi hojii horsiisa loonii bakkichaatti gaggeessa jirtu akka dhaabdu jechuun murteesseera.

1. Bu'uura labsii lakk.177/2005, keewwata 2(1)tiin “Labsii kanaan yookiin seera birootiin *dirqama daangaa yookiin dhorkaa tumame cabsuudhaan ...*” hima jedhu keessatti gaaleen, ‘...*dirqama daangaa yookiin dhorkaa tumame cabsuudhaan...*’ jechuun kan ibsame kun maal jechuudha? Seerotni biroo kun isaan kami? Dirqamoota ykn dhorkaawan seerota Feederaalaatiin tumame ni hammata jettu? Maaliif?
2. Abbootiin Qabeenyaaifi Dhaabbileen dirqamoota ykn dhorkaawan Labsiin To'annoo Faalama Naannoo isaan irratti gatu kabajuufi qajeelfama labsichaa hordofuun faalama naannoo xiqqeessuuf dirqama qabu. Kunis wantoota hamaa naannootti gadi lakkisu akka hin qabneefi fayyummaa naannoo eegsisuuf, ogeessa ogummaa eegumsaa naannoo qabaachuu akka qabaniifi haala kanaan adeemsa hojii keessatti faalama naannoo to'achuuf dirqama qabu. Abbootiin qabeenyaa ykn Dhaabbilee bu'uura kanaan ogeessa ogummaa eegumsa naannootti dhimma bahuu dhaban irratti itti gaafatamummaan jiru maal?
3. Adeemsa tarkaanfii to'ataan eegumsa naannoo Abbaa Taayitaa fudhatu irratti, Abbaan qabeenyaa ykn Dhaabbileen tarkaanfii fudhatame irratti komii qaban, guyyaa tarkaanfichi fudhatame irraa eegaluun guyyoota hojii kudhaan keessatti komii isaanii Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijiirama Qilleensaa Naannootti dhiyeeffachuu akka qaban seerichi ni dirqisiisa. Abbaan Taayitichaas gama isaatiin guyyaa komiin kun isaaf dhiyaate irraa eegalee guyyoota hojii shan keessatti komii dhiyaate irrratti murtii kennuu qaba. Haala kanaan, murtiin

hin kennamne yoo ta'e ykn murtii kenname irratti komiin yoo jiraate, guyyaa murtiin itti kenname, ykn guyyaa murtiin itti kennamu qabu irraa eegalee guyyoota soddoma keessatti iyyata isaa mana murtii dhiyeeffachuu akka danda'u ni agarsiisa.

- A. Abbaan qabeenyaa ykn Dhaabbanni guyyaa jedhame keessatti yoo komii isaa hin dhiyefatiin bu'aa maal hordofsiisa?
 - B. Manni murtii komiin itti dhiyaatu kun mana murtii sadarkaa kamiiti? Manni murtii komii ilaaluus haala kamiin murtii kenna? Murtii kenname irraa hoo oliyyachuun ni danda'ama?
 - C. Komiin mana murtii dhiyaate kun yeroo daangaa seerichaan tumameen alatti yoo ta'e manni murtii tarkaanfii akkamii fudhata? SDFHH as irratti raawwatatumummaa ni qabaata jettu? Maaliif?
4. Ajaja Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Magaalaa Jimmaatiin kennamee labsii lakk.177/2005tiin waliin wal bira qabun rogummaafi fudhatatumummaa ajajichaa akkamiin ilaaltu?
 5. Mormii sadarkaa duraa himatantuun kaaste labsii lakk.177/2005 keeawata 17(2) waliin akkamiin ilaalam?
 6. Murtiin Mana Murtii Olaanaan kennamee labsii faalama naannoo to'achuuf bahe, labsii lakk.177/2005 waliin wal cinaa qabuun ciminaafi hanqinaa isaa irratti mari'adhaa!
 7. Faalama naannoofi miidhaa namoota ykn dhaabbilee dhuunfaa irra gahu hambisuuf, adeemsi manni murtii dhimmicha itti qulqulleessuu bu'aa maal qaba jettu?
 8. Bu'uura Heera Mootummaa Feederaalaatiinis ta'ee kan Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 37(1)tiin namni kamiyyuu dhimma murtiidhaan murtaa'u qabu mana murtiitti ykn qaama aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameetti dhiyeeffachuu murtii argachuuf, mirga heerawaa qaba. Gama biraan immoo bu'uuraa heerichaan namni kamiyyuu mirga naannoo qulqulluufi fayyaa isaatiif mijawa ta'e keessa jiraachuu qaba. Kanarraa ka'uun, namni kamiyyuu mirgi kun kan jalaa sarbame ykn ni miidhama jechuun amane, mirga mana murtiitti ykn qaama aangoo abbaa seerummaa qabu dhimmicha ilaaluun murtii kenuuf

aangoo qabuutti iyyachuun murtii haqaa argachuu qaba jechuudha. Gama biraan, labsiin To'annoo Faalama Naannoo Oromiyaa, namni kamuu dantaan isaa miidhamuu osoo argisiisuun hin barbaachisiin faalama naannoo irratti gahu ilaachisee eeruu Abbaa Taayitaaf kennuu ykn mana murtiitti oliyyata fudhachuu ykn himanna kallattii mana murtiitti dhiyeessuu akka danda'u ni agarsiisa. Bu'uura labsii kanaan, namni otuu dantaan ykn mirgi isaa jalaa hin sarbamiin himanna akka dhiyeessuu hayyamuun ykn aangeessuun qajeltoo heera mootummaa waliin wal hin faalleessuu? Akkamiin?

9. Miidhaawan naannoo irratti raawwataman xiqqeessuuf ykn hambisuuf, faalama naannoo to'achuun baay'ee murteessadha. Faalama naannoo to'achuuf kanneen gargaaraan keessa tokko immoo wantoota faaltota naannoo ta'an akka naannootti gadi hin lakkifamne dhorkuun tarkaanfii murteessaafi maaliin iyuu bakka kan hin buunedha. Bu'uura seera yakkaa walii galaan gochaawwan dhorkaa ta'an addaan baasuun akekkachisuufi bakka akekkachisni gahaa hin taaneetti immoo adabbii gochaa yakkaa raawwateen wal madaaluufi warreen yaada walfakkaatoo qaban akekkachisuu danda'u murteessuun barbaachisaa akka ta'e ni ibasa. Haala kanaan, tumaan keewwata 22, labsii lakk.177/2005, namni kamiyyuu wantoota faaltota ta'an naannootti gadi kan lakkise yoo ta'e yakkaan kan adabamu ta'uun ni tuma. Adabbiin tumaa kana jalatti ibsame, kaayyoo faalama naannoo to'achuuf akka naannoottis ta'ee biyyaatti qabame galmaan ni gaha jettanii yaadduu? Maaliif?
10. Akkaataa labsii lakk.177/2005, keewwata 5(1) jalatti tumameen, namni kamiyyuu 'sadarkaa eegumsa naannoo' bahe darbee yoo argame itti gaafatamummaa kan qabu ta'uun isaa tumameera. Namni kun 'sadarkaa eegumsa naannoo bahe' darbuun gochaa kan raawwate yoo ta'e itti gaafatamummaa yakkaa ni qabaata? Deebiin keessaan eeyyee yoo ta'e labsicha keewwata kam jalatti gaafatamuu qaba? Maaliif?
11. Yoo 'Sadarkaan eegumsa naannoo' hin baane ta'e akkamiin gaafatama? Faalama naannoo irra gahu xiqqeessuuf ykn hambisuuf hoo tarkaanfii akkamiitu sadarkaa kanatti fudhatamu qaba? Eenyuun?

Akkaataa labsii lakk.177/2005, keewwata 23(3)tiin, yoo naannoo miidhaan irra gahe akkaataa duraan tureetti deebisuun hin danda'amu ta'e, himatamichi miidhaa naannoo irra gaheef beenyaa gahaa ta'e akka kaffaluuf, manni murtii ajaju akka danda'u ni agarsiisa. Beenyaan gahaan kun eenyuuf kaffalama? Akkamiin?

6.3.5. Labsii Bosonaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 72/1995

Barbaachisummaan qabeenyi uumamaa akka waliigalaatti, addatti immoo bosonni gama hawaasummaa, dinagdeefi naannootiin akkasumaas siyaasaatiin sadarkaa addunyaaleessaafi naannootti qabu daraan olaanaadha. Kana malees, bosonni madaallii uumamaa eeguufi miidhaawwan hamaa haala waliigalaan naannoo irra gahu xiqqeessuu keessatti gumacha guddaa qaba. Kanaaf, akka addunyaatti, biyya keenyaas dabalatee, biyyoonni hedduun magarisummaa naannoo dabaluuf tarkaanfiwwan garaagaraa fudhachuu irratti argamu.

Kana malees, mirgootaafi bilisummaawwan bu'uuraa heera mootummaatiin beekamtiifi wabii eegumsa heera argatan keessa tokko, 'mirga lammileen' naannoo qulqulluufi fayyaaf mijawaa ta'e keessa mirga jiraachuuti. Akka qorannooleen tokko tokko agarsiisaniiiti, malli ykn tooftaan mirga naannoo qulqulluufi jirenyaaaf mijawaa ta'e keessa jiraachuu lammilee ittiin mirkaneessan keessa tokko bosona madaala uumama naannoo eeguun faalama qilleensaa, biyyeefi bishaanii xiqqeessu qabaachuufi bosona kanaas misoomsuu, kunuunsuufi sirnaan itti fayyadamuu akka ta'e ni agarsiisa.

Biyya keenya keessatti Heerri Mootummaa Feederaalaa waa'ee misoomaa, kunuunsuafi itti fayyadama bosonaa ilaachise kallattiidhaan haguuggi seera kennee hin jiru. Ta'uus waa'ee bosonaan wal qabatee tumaalee heerichaa keewwattota hidhata qaban ilaaluun ni danda'ama. Kunis kan hubatamu tumaa heerichaa keewwata 51(5)tiin kan tumame Mootummaan Feederaalaa seerota itti fayyadamaafi kunuunsa lafaafi qabeenyu uumamaa biroo baasuuf kan aangeessuu, kan afaan Ingiliffaan , "... enacts laws or the utilization and conservation of land and other natural resources." Jedhuufi kan bu'uura tumaa heericha keewwata 52(2)(D)tiin immoo Mootummaan Naannoolee seerota

Mootummaa feederaalaatiin bahan irratti hundaa'uun akka lafaafi qabeenya uumamaa biroo bulchaan kan aangeessu, kan afaan ingiliffaan "... administer land and other natural resources in accordance with federal laws." Jedhu ilaaluun ni danda'ama. Kanaaf, imaammanni, tarsiimoofi seeronni kunuunsa fi bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti sadarkaa kamittuu baniifi hojiirraa oolan akkaataa tumaalee heeraa kanneen ta'uu akka qaban agarsiisa. Kanaarraa ka'uun, gaaleen 'qabeenya uumamaa biroo' jedhu bosonaas kan hammatu ta'uu hubachuun nama hin rakkisu.

Haala kanaan, Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa, qabeenya naannichi ittiin miidhageefi badhaadhe keessa tokko bosona waan ta'eef, qabeenya kana sirnaan misoomsuun, kunuunsuufi faayidaa hawaas-dinagdee naannichaaf oolchuuf jecha, bu'uura heera mootummaa Feederaalaatiin walsimuun labsii lakk.72/1995 baasuun hojiirra akka oolu taasiseera.Labsiin kunis tarsiimoo misooma baadiyyaafi qonnaa giddugaleessa godhate galmaan gahuuf, misoomaa ariifataafi itti fufiinsa qabu naannicha keessatti fiduuf sochii taasifamu keessatti qabeenyi bosonaa gahee olaanaa waan qabuuf, bosona naannicha keessatti argamu misoomsuu, kunuunsuufi sirna itti fayyadama isaa diriirsuun barbaachisa akka ta'e ibsuun labsiin kun akka bahu ta'eera.

Gama biraan, mancaatiin bosonaa rakkolee naannoo, hawaasummaafi dinagdee guddaa fiduu waan danda'uuf, dhiibbaawan jijiirama qilleensaatiin dhufan xiqqeessuuniif, bosona misoomsuu, kunuunsuuniifi sirnaan ittin fayyadamuun rakkolee kanneen hir'isuuf qooda olaanaa qaba. Kana malees bosona misoomsuun, kunuunsuufi sirnaan itti fayyadamaun, dhiqama biyyee, gammoojjummaa fi badiinsa qinxeyyii (loss of biodiversity) hir'isuu keessatti gahee olaanaa qaba. Dabalataan bosonni madaala uumamaa eeguun oomishtummaafi calla oomisha qonnaa irraa argamu akka dabalamu taasisuun wabii midhaan nyaata mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa qaba. Kanaaf, seera misooma, kunuunsaafi itti fayyadama bosonaa baasuun hojiirra oolchuun baay'ee murteessaadha.

Haala kanaan, labsichi misooma, kunuunsaafi itti fayyadama bosona naannicha keessatti argamu karaa bu'aa qabeessa ta'een hojiirra oolchuuf, 'bosona' jechuun maal akka ta'e hiikkoo kennuuf yaaleera. Bu'uura kanaan, akkaataa labsicha keewwata 2(2) jalatti ibsameen, bosona jechuun akaakuu mukaa gosa tokkoo yookiin gosa adda addaa

uumamaan yookiin namaan kan misoome mukaafi kanneen muka fakkaatan kan keessatti argaman gurmuu mukaati, jechuun hiikeera.

Gama biraan, labsichi sirna misooma, kunuunsaafi itti fayyadama bosana naannichaa keessatti argamu karaa iftoominaafi itti gaafatamummaa qabuun hojiirra oolchuuf, gosa abbaa qabeenyummaa bosonaa bakka gurguddoo sadiitti quoduun beekamtii bu'uura seeraa waliin mirgaafi dirqama isaanii addaan baasuun tarreesse jira. Abbaan qabeenya bosonaa Dhuunfaas ta'ee kan Uummataa akkaataa dirqamoota labsicha keessatti tarreeffameen kunuunsuufi itti fayyadamuuf dirqama ni qabaatu.

Eegumsa, misoomaafi bulchiinsa bosona yeroo ammaa kana Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keeaatti argamuu ilaalchisee aangoofi gaheen hojii Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensa Naannoo Oromiyaati. Hojiiwwan ijoo eegumsa, misoomaafi bulchiinsa bosonaan walqabatee raawwatamu qaban isaan ijoo keessa muraasni bosona daangeessuu, bosona balaa ibiddaa, miidhaa ilbisootaafi dhukkuboota garaagaraa irraa eeguudha. Hayyama Abbaa Taayitichaan ala daangaa bosona keessa qubachuun dhorkaa waan ta'eef, namoonni seeraan ala daangaa bosonaa keessatti akka hin qubannee ittisuu qaba. Kana malees bosonni balaa ibiddaan akka hin barbadoofneef of eeggannoofi eegumsi taasifamuufii qaba. Namni kamiyyuu ibiddi bosona keessatti qabachuu isaa arge ariitiin Abbaa Taayitichaaf gabaasu akka qabu labsiin kun dirqama irratti gata.

Hojiiwwan ijoo eegumsa, misoomaafi bulchiinsa bosonaa keessaa tokko bosonni seeraan ala akka hin mancaaneef, sochii callaa qabeenya bosonaa irratti to'annoo taasisuudha. Kanaaf, hayyama Abbaa taayitaa malee callaa qabeenya bosonaa kuusuunis ta'ee bakkaa bakkaatti sochoosuun dhorkaadha. Kun immoo namni kamiyyuu callaa qabeenya bosonaa hayyama Abbaa taayitichaan ala kuusee argame ykn geejjibsiise ykn konkoolaachisaan bu'uura seerichaan ala waraqaa darbiinsaa seera qabeessa ta'e otuu hin qabaatiin sochoose yakkaan kan himatamaan ta'u.

Kana malees, Labsicha keewwata 14 jalatti akka ibsameetti bosona mootummaa Oromiyaa waliin walqabatee wantoota dhorkaa ta'an tarreeffamanii jiru. Haaluma kanaan, gosa mukoota eegamoo ta'anii, kanneen akka Heexoo, waddeessa, birbirsa,

hoomii fi gaattiraa biyyaa muruu yookiin itti fayyadamuun, akasumaas qabeenya bosonaa ciranii buna, chaatii dhaabuun, hojii qonnaa gaggeessuu fi kkf raawwachuu seeraan dhorkaadha. Bosona eegamaa keessatti muka kamiyyuu muruu, callaa mukaatti fayyadamuu ykn gochaa kana fakkaatan raawwachuuunii fi gosa muka adda addaa naannoo irratti miidhaa geessisuu danda'an bakkeewwan lafa qonnaa, madda bishaanii fi lubbu qabeeyyiin adda addaa jiraatanitti dhaabuun dhorkaa akka ta'e labsichi ni tuma.

Gama biraan, namni kamiyyuu hayyama barreffaman Abbaa Taayitaa irraa otuun argatiin, bosona mootummaa naannoo Oromiyaa keessaa muka kamiyyuu muruu, cilee qopheessuu, daangaa bosonaa keessa qubachuun, loon keessatti bobbaasuun, adamoo gaggeessuun, gaagura kanniisaa fannisuufi damma muruunifi qabeenya uumamaa fudhachuun dhorkaadha. Kana malees hojii qonnaa, hojii albuuda qotuu, ijaarsa karaa, hojii ijaarsa bishaaniifi jallisii akkasumaas hojiwwan kana fakkaatan hayyama Abbaa Taayitichaan ala adeemsisuun hin danda'amu.

Bu'uura kanaan, gochaan labsii kanaafi labsii kana raawwachisuuf dambiifi qajeelfama bahaniin dhorkamaan raawwachuuun itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisa. Haala kanaan, muka bosonaa kan mure, ykn bu'aa qabeenya bosonaa kan fudhate, kan qopheesse ykn akkaataa kamiinuu kan itti fayyadame, geejjiba kamiinuu kan geejibsiise, iddoo kamiittuu kuusee kan argame; mallattoo daangaa bosonaa kan balleesse, kan haqe ykn kan dogoggoorse; ibidda qabsiisuun ykn haala kamiinuu bosona irratti miidhaa kan geessise yoo ta'e, gochi inni raawwate kun tumaa seera yakkaa caalmaan kan adabsiisuu yoo jiraate malee, bu'uura labsii kanaan hidhaa wagga shanii hanga wagga kudha shanii akka adabamu tumameera. Qabeenyi bu'aa yakkaa dhaaluunakkuma jiruun ta'ee, raawwatan gochaa yakkaa gatii bosona manca'ee illee akka kaffaluuf adabbiin dabatalaan irratti murtaa'uu akka danda'u ni agarsiisa.

Haa ta'u malee, gochoota yakkaa bosonaafi bu'aa bosonaan walqabatee Naannoo Oromiyaa keessatti raawwataman ilaachisee, Labsiin lakk.72/1995 keewwatni 15 raawwatiinsa kan hin qabne ta'uu Dhaddachi Ijibbaataa MMWO murteesseera. Kunis murtii Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa, Dhaddachi Ijibbaataa Lakk. Galmee

303547 ta'e irratti dhaddacha gaafa 11/02/2012 ooleen kenneen, gochii yakkaa labsii lakk.72/1995, keewwata 15 irra darbuun naannichaa keessatti raawwataman, bu'uura labsii lakk.1065/2010 keewwata 26tiin gaafatmu qabu jechuun murtii dirqisiisaa kenneera. Dhaddachi Ijibaataa MMWO kunis ijoo dubbii, 'yakka bosona naannichaa keessatti raawwatamuun walqabatee seerri raawwatiinsa qabu Labsii Bosona Oromiyaa, Lakk.72/1995 keewwata 15(1) moo Labsii Misooma, Eegumsaafi Itti fayyadama Bosonaa Mootummaa Feederaalaa, Lakk.1065/2010 keewwata 26(1)dha?' qabachuun, xiinxala taasiseen, bu'uura heera mootummaa FDRI keewwata 51(5)fi 55(2, d) jalatti akka tumameetti, itti fayyadamaafi kunuunsa lafaa, fi qabeenya uumamaa bosona dabalatee aangoor seeraa baasuu kan qabu Mootummaa Feederaalaa ta'uufi naannooleen immoo bakka seerri Mootummaan Feederaalaa baase gahaa ta'uu dhabeetti, seera bulchiinsa lafaafi qabeenya uumamaa baasuu qaban ta'uu ibseera. Kana malees aangoon seera yakkaa baasuu kan Mootummaa Feederaalaa ta'uu aangoor heeraan ifatti kennamee ta'uufi kanuma bu'uureffachuun Manni Maree bakka Bu'oota Uummataa labsii lakk.1065/2010 baasuun, tumaalee yakka of keessa qabaniis kan baase yommuu ta'u, aangoon mootummaan naanno seera yakkaa baasuuf qabu dhimma ifatti mootummaa Feederaalaatiin hin haguugamne qofaa irratti ta'uu ibsuun, dhimma kana keessatti labsiin Mootummaa feederaalaan tumame kun ifatti haguugee waan jiruuf, tumaan Seera Naanno Oromiyaa (Labsiin Naanno) seera ofiitiin gochuma sana irra deebiin yakka taasisuun tumuu hin danda'u jechuun tumaan seeraa dhimmicha irratti raawwatiinsa qabu Labsii Bosona Feederaalaa Lakk.1065/2010 keewwata 26(1) jechuun murtii kenneera. Gama biraan, Manni Murtichaa murtii kana ilaalchisuun, ibsa kenneen, murtiin kun labsii Bosona Oromiyaa, keewwata 15(1) dhimma yakkaa irratti qofaa kan raawwatiinsa qabu akka ta'eefi guutummaa labsichaa dhimmoota biroo labsichaan tumaman kan hin ilaallane ta'uu ibseera.

Gaaffii Marii

Akkuma heera Mootummaa Feederaalaa keessatti ibsame bosonni qabeenya uumamaa (kanneen namaan misooman akkuma jiranitti ta'ani) beekamtiifi wabii eegumsaa heera mmotummaa argatan keessa isa tokko. Haala kanaan, Heerri Mootummaa Feederaalaa keewwata 40 (3) jalatti afaan ingiliffaan, 'The

right to ownership of rural and urban land, as well as all natural resources, is exclusively vested in the state and in the peoples of Ethiopia.’ Jechuun ibsee jira. Kana malees, Heerri Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 40(3) jalatti, ‘Mirgi abbummaa lafaafi qabeenya uumamaa baadiyyaas ta’ee magaalaa, kan mootummaafi uummataa qofaadha.’ Jechuun tumeera. Faallaa kanaan, labsii lakk.72/1995 keewwata 3 ykn Labsii Misooma, Kunuuunsaafi Itti Fayyadama Bosonaa Mootummaa Feederaalaa, lakk.1065/2010, keewwata 4 jalatti akka ibsameetti immoo, abbaa qabeenyummaa bosonaa ilaachisee, mirga abbaa qabeenyummaa bosona irratti namni dhuunfaa qabuuf beekamtiifi eegumsa seeraa taasise jira. Bu’uura kanaan, abbaan qabeenyaa namni dhuunfaa ykn dhaabbileen mirga waraqaa ragaa abbaa qabeenyumma (title deed) mirkaneessuu mootummaa irraa argachuuf akka qabaniifi bu’aawwan bosona kana irraa argamuus gabaa biyya keessatti ykn alaatti gurgurachuuf mirga kan qaban ta’uu ni agarsiisa.

Bu’uura labsiilee lameen keessatti ibsameen, seeronni kunneen mirga abbaa qabeenyummaa bosonaa nama dhuunfaaf ykn dhaabbileef beekamtiifi eegumsa seeraa taasisuun isaanii heeraan walitti bu’a jettu? Maaliif? Labsiilee fi tumaalee Heera Mootummaa Feederaalaafi Heera Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa waliin wal bira qabuun irratti mari’adha.

6.4. Eegumsa Naannoofi Gahee Qaamolee Garaagaraa

Hojiin eegumsaafi kunuunsa naannoo bu’aa qabeessa taasisuun haguuggii seeraa qofaa qabaachuun gahaa miti. Seerri gahumsaafi beekamtii eegumsa naannoof kennuu galma dhumaa seerichaa gahuu kan danda’u, qaamni gahumsaafi dandeetti seerichaa raawwachisuu qabu jiraachuun dirqama. Gama biraan dirqamotoa waliigalteewan seerota eegumsa naannoo idila addunyaan biyyoota miseensa ta’an irratti gataman keessa tokko qaama dhimma eegumsa naannoo irratti abbummaan hojjetu hundeessuufi gahoomsuudha.

Haala kanaan, biyyi keenya qaamolee eegumsaafi kunuunsaa naannoo irratti hojjetan aangoofi gahee hojii isaanii waliin sadarkaa Federaalaafi naannootti akka

hundeffaman ta'eera. Kanarrraa ka'uun KoomishiniiKoomishiniiEegumsa Naannoo Feederaalaa Labsii Lakk.09/1995 tiin yeroo jalqabaaf hundaa'eera.Labsiin kun qaamolee eegumsa naannoo hundeessuuf gahaa waan hin taaneef, labsiin lakk.1097/2018 haaraan akka bahu ta'eera. Labsiin lakk 1097/2018, kan Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Federaalaa hundeessuuf bahe, qaamni eegumsa naannoo to'atu sekteroota mootummaa keessatti akka hundeffamu ni akeeka. Sekteroota keessatti qaamni hundaa'u kunis hojiin sektericha keessatti hojjetamu bu'uura seerri eegumsa naannoof taasiseen ta'uu fi dhiisuu isaa to'ata. Qabatamaan garuu qaamni kuun sekteroota inni keessatti hundaa'e kan qubaan lakka'amanidha. Kanneen hundaa'anis akka federaalaatti (Abbaa Taayitaa Daandii Itoophiyaa, Koorpooreeshinii Humna Ibsaa Itiyoophiyaa fi Ministeera Bishaanii) qofa keessatti kan hundaa'eedha.

Bu'uura Labsii haaraa kanaan, hojii eegumsa naannoo qaama sadarkaa Feederaalaa qofaatti hundaa'een, hojicha galmaan gahuun waan hin danda'amneef, qaamoleen eegumsa naannoo irratti aangoofi itti gaafatamummaa hojii kanaa fudhatan sadarkaa Naannooleetti akka hundeffaman godhameera. Kanarrraa ka'uun Ajansiiwwan dhimma naannoo irratti hojjetan sadarkaa naannoolee akka hundeffamanii turaniifi yeroo ammaa kanaas gara Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaatti guddataniiru.

Kana malees hojii eegumsaa naannoo galma barbaadame gahuu kan danda'amu; yoo qaamoleen kallattiinis ta'ee alkallattiin hojii eegumsa naannoo keessatti qooda qaban qindoominaan hojjetaniidha. Qindoominni kunis sadarkaa caaseffamaa mootummaa bu'uura godhachuun, Feederaalaafi Naannoo akkasumaas caasaalee sadarkaan jiraniin waliin waliitti hidhamuufi wal dubbisuun haala sirnaawaa ta'ee gaheefi itti gaafatamummaa dhuunfaafi waloo bahachuu qabu. tokkoo osoo hin taane qindoominaan hojjechuu qaamolee adda addaa kan barbaaduudha. Fakkeenyaaaf, waajjiraalee hojiin isaanii dhimmaa naannoo waliin walitti hidhata qabu; kannen akka Biirroo Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa, Komishinii Investmentii Oromiyaa, Komishinii Eegumsa Naannoo, Bosona, fi Jijiirama Qilleensaa Mootummaa Federaalaa, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran waliin qindoomanii hojjechuun eegumsa naannoo mirkaneessuuf murteessaa dha. Kana

malees, Sekteroota sadarkaa sadarkaan jiran gidduu qindoominni gaariin jiraachuun murteessaadha. Fakkeenyaaf, waliin qindoomanii hojjechuuf walitti dhufeenyi Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa, Komishinii Investimentii Oromiyaa fi Biiroo Bulchiinsa Lafaa Oromiyaa, Waajjiraalee sadarkaa sadarkaan jiran waliin hariiroon hojiifi qindoominni gaariin jiraachuun murteessaadha.

Haala kanaan, kaayyoon ijoo barreeffama kana qaamolee eegumsa naannoo irratti kallattiinis ta'ee alkallattiin hojjetan hundaa sakatta'uun gahee hojii isaanii qacceessuu otuu hin ta'iin, qaamolee miidhaa naannoo irratti gahu hambisuu irratti kallattiin hojjetan tokko tokkoo ilaaluufi qaamoleen haqaa eegumsa naannoo mirkaneessuu keessatti gahee waan qabaniif, gahee isaanii haala gabaafi ifaa ta'een kutaa itti aanuu keessatti kaasuun kan ilaallu ta'a.

6.4.1. Komishinii Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Federaalaa

Qaamni kun duraan ATEN jedhamuun akka mootummaa federaalaatti kan hundaa'ee turedha. Fuul-dura labsii hundeeffama ATEN Federaalaa irraa, gama tokkoon misooma bosonaa irratti akka hojjetuu fi gama biraan ammoo eegumsa naannoo mirkaneessuuf dambiiwwan, to'anno fi eegumsa naannoo irratti akka hojjetu qaama of danda'eef kenuun barbaachisaa waan ta'eef Abbaa taayitichaa hundeessuun akka barbaachise fuul-dure labsii abbaa taayitichaa irratti ibsameera. Labsii kana keessatti abbaan taayitichaa dirqamaa fi aangoo akkamii akka qabu keewwata 6 irratti tarreffamee jira. Yeroo ammaa kana aangowanii fi dirqamotni labsii lakk. 1097/2018 (Labsii Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo) federaalaa hundeessuuf bahee tiin abbaa taayitichaaf kenname bu'uura labsii qaama raawwachiiftuu mootummaa federaalaa labsii lakk. 916/2015 keewwata 2(6) tiin gara Ministeera Eegumsa Naannoo fi Bosonaatti darbee ture. Haa ta'u malee aangoon kun bu'uura labsii qaama raawwachiiftuu feederaalaa yeroo ammaa kana hojiirraa jiruun, aangoon kun Komishinii Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaaf darbeera. Kanaafuu aangoowwanii fi dirqamootni moojulii kana keessaatti ilaalaman isaan labsii qaama raawwachiistuu mootummaa

federaalaa irra deebiin gurmeessuu fi aangoo isaanii murteessuuf bahe keessatti tarreeffaman ta'u.

Bu'uura Labsii Qaama Raawwachiistuu Mootummaa Feederaalaa irra deebiin gurmeessuun gahee hojii fi aangoo isaanii murteessuuf bahe, labsii lakk. 1097/2018 keewwata 32(3)tiin Komishiniin Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensa aangowanifi itti gaafatamummaa armaan gadiitti tarreeffaman kan qabaatu ta'a;

- Kaayyoowwan naannoo heera mootummaa fi qajeeltoowwan bu'uuraa Imaammata Naannoo biyyatti keessatti beekamtii argatan hojiitti akka hiikaman taasisuuf abbummaan ni qindeessa;
- Sirna itti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu diriirsuufi to'annoo gaggeessuu akkasumaas Imaammanni, tarsiimoowwan, seeronni, sagantaaleefi piroojeektonni mootummaanis ta'ee dhaabbilee dhuunfaan karoorfama gama guddina hawaasummaafi dinagdeetiin kan walsimu ta'uu sirna sakatta'iinsi itti gaggeeffamu diriirsuu;
- Sagantaawan haqa qabeessummaa hawaasummaa, diinagdeefi naannoo jajjabeessan qopheessuufi miidhaa sababa mancaatiifi haphachuu bosonaan hawaasa irratti dhufu xiqqeessuuf hojjechuu;
- Seekterootaafi Naannoolee hundaa keessatti qabeenya sagantaa diinagdee magariisaa dandamachisuuf ooluu qindeessuufi tajaajila ijaarsa dandeetti cimsuufi gorsaa kennuu;
- Sirna hojiiwan misoomaaaf karoorfaman osoo miidhaa naannoo irratti hin geessisiin guddina biyyatiif oolchuun danda'amu irratti seerota akkasumas tooftaawan (strategies) adda addaa baasuun; murtiin dhimma naannoo irratti kennamuun dura, sagantaan ykn piroojeektonni karoorfaman naannoo irratti miidhaa qabaachuu fi dhabuun isaanii adda baasuuf sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo qaama dhimmi ilaallatuun akka hojjetaman hordoffii fi to'annoo ni gaggeessa;
- Sagataawwaniifi qajeelfamoota waliigalteewan biyyi keenya seerota eegumsa naannoo keessummaa Qabeenya uumamaa, Gammoojjummaa, Bosona, Keemikaaloota Summaa'oo, Balfa Industuriwwaniifi kanneen biro ilaalchisuun ragaasiste raawwachisuuf oolaan qopheessuun, waliirra bu'iinsa aangoo,

qisaasama qabeenyaafi qaawwa hambisuun sadarkaa seekterootaafi mootummaa hundaatti hojiirraa akka oolu taasisuu;

- Mariwwan Waliigalteewan idil-addunyaa dhimma naannoofi jijiirama qilleensaa irratti taasifaam keessatti hirmaachuun, waliigalteewan akkasii biyyattiif faayidaa qaban akka ragga'aan gochuu keessatti abbummaan qindeessuu,
- Imaammataafi seerota eegumsa naannoo kan akka oomishtummaa, al-galee, qabiinsaafi itti fayyadama wantoota balafamoo ykn balfoota akkasumaas misoomaa sanyii fooyya'aa fi alaa galchuu, haala qabiinsaafi itti fayyadama isaanii irratti baasuun ni raawwachisa;
- Tooftaaleefi hojmaata itti fayyadama qabeenya uumamaa itti fufiinsa hin qabne jajjabeessan yookiin kanneen manca'ina yookiin faalama naannoo ittisuu danda'an jajjabeessaniif malli adabbiin ykn onnachiiftuun itti hojiirra oolu ni dirirsa,
- Sirna odeeffannoo eegumsa naannoo bu'aa qabeessa ta'e diriirsuuf adeemsa funaansa ragaalee, qabiinsaafi itti fayyadama isaas ni dirirsa;
- Haala naannoofi bosonaa akkasumaas diinagdee magariisaa dandamanna haala qilleensaa ilaalchisuun gabaasa yeroon qopheessuufi tamsaasuu;
- Sagantaa barnoota eegumsa naannoo idileen alaa babal'isuufi dhimmi eegumsa naannoo sagantaa sirna barnoota idilee keessatti akka hammatamuuf qaamolee dhimmi ilaallatu waliin qindoominaan ni hojjeta;
- Sirna misoomaafi itti fayyadama bosonaa xixiqqoofi gurguddaa leemmana qabiyyee dhuunfaa, hawaasaafi naannoo lageen qarqaraatti argamanii dabalatee ni dirirsa; raawwii isaas ni hordofa;
- Sirna raawwii eegumsa qabeenya uumamaa biyyattiifi haala itti fufiinsa qabuun itti fayyadamuu ni dirirsa;
- Sirna qabeenyi bosonaa manca'ee ture itti dhaabamuuufi faayidaa naannoofi diinagdeef ooluu danda'u hojiirra ni oolcha;

Haala kannaan, Komishiniin Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa, qaama sadarkaa Mootummaa feederaalaatti, hojii eegumsa naannoo abbummaa raawwachisuuf, aangoofi gaheen hojii kennameef yommuu ta'u; kaayyoowwan eegumsa naannoo sadarkaa biyyatti qabaman galmaan gahuuf, imaammata, tarsiimoo, sagantaaleeffi seeroota hojii eegumsa naannoo mirkaneessuufi milkeessuuf bahan karaa guutuun hojiitti hiiktu irraa eeggama. Kana malees, waliigalteewwan eegumsa naannoo biyyi keenya raggaasisteefi dirqamoota waadaalee kanneeniifi seerota biyya keenyaan gataman hojiirraa oolchuuf, qaamolee dhimmi ilaallatu sadarkaa addunyaafi biyyatti argaman waliin qindoominaan hojjechuutu irraa eegama.

Gama biraan, hojii eegumsa naannoo qabatamaan kan raawwatamu sadarkaa mootummaa naannooleetti waan ta'eef, sadarkaa kanatti qaamni hojii eegumsa naannoo abbummaan raawwatu, KoomishiniKoomishiniisadarkaa naannootti caasaa isaa waliin sadarkaan hundeffameera. Mata duree itti aanu jallatti gaheefi aangoo qaama kanaa haala waliigalaan kan ilaallu ta'a.

6.4.2. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa Naannoo Oromiyaa

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin, naannicha keessatti manneen hojii, hojiwwan adda addaa dhimmoota dinagdee, hawaasummaafi bulchiinsaa raawwatan, qindeessaniifi hoogganaan seeraan hundeffamu akka danda'an ni agarsiisa.Bu'uura kanaan erga heerri mootummaa naannichaa raggaa'een asitti Biirooleen, Komishinoonni, Abbaan Taayitaafi Jaarmiyaalee dinagdeefi Manneen hojii garaa garaa yerootti akka hundeffaman ta'eera. Jijiirama yeroodhaa gara yerootti taasifamaa tureen, naannicha keessatti manneen hojii mootummaa gahee hojiifi aangoo mataa mataa isaanii qabaachuun duran hundeffaman akka diigaman ykn waliitti makamaan ykn akka barbaachisummaa isaattiis qaamolee haaraan akka hundeffaman ta'eera. Fakkeenyaaaf, bu'uura labsii lakk.147/2009tiin Biiron Lafa Baadiyaafi Eegumsa Naannoo Oromiyaa gahee hojii fi aangoo bulchiinsa lafa baadiyaa naannichaa bulchuufi eegumsa naannoo naannichaa ilaalchisee abbummaan akka

hojjetuuf hundaa'ee ture. Bu'uura labsii kanaan, sadarkaa Naannoo Oromiyaatti, qaamni hojiwwan misoomaa naannicha keessatti gaggeeffaman naannoo irraatti miidhaa akka hingeessifne to'achuuf aangoo qabu Biirroo kana akka ta'e agarsiisa. Kana malees, Biirichi sagantaalee pirojektoota misoomaa kan mootummaas ta'ee kan nama dhuunfaa yeroo karoorfaman sakatta'iinsa dhiibbaa dursamee akka adeemsifamu taasisuu, ulaagaa sakatta'iinsa dhiibbaa naannoof barbaachisu qopheessuu, qaama barbaachisuuf kennuu fi hojiirra oolmaa isaanii to'achuuf aangoo fi dirqama qaba ture.

Yeroo ammaa kanaas, manneen hojii mootummaa naannichaa irra deebiin kan gurmaa'aniifi hundaa'an kan taasifame yommuu ta'u; bu'uura kanaan manni hojiin gaheefi aangoo eegumsa naannoo sadarkaa naannichaatti hoogganuufi raawwachuuuf hundeffame, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaati.Dhimmoota eegumsaafi kunuunsa naannootiin walqabatee kanaan dura labsiwwan, dambiifi qajeelfamoota garaagaraan qaamolee biroof kennamanii turan yeroo ammaa kana qaama kanaaf kan dabarfaman ta'uun beekamu qaba.Qaamni kun hojii eegumsa naannoo sadarkaa naannichaatti abbummaan mirkaneessuuuf itti gaafatatummaa ni qabaata.

Bu'uura Labsii Qaama Raawwachiistuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin gurmeessuun, gahee hojii fi aangoo isaanii murteessuuf bahe, labsii lakk. 213/2011 keewwata 37tiin KoomishiniiKoomishiniiEegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensa Naannoo Oromiyaa, aangowanifi itti gaafatatummaa armaan gadiitti tarreeffaman kan qabaatu ta'a:

- Tarsiimoo madaallii sadarkaa naannoo, qabeenya bosonaa, bineensa bosonaafi dinagdee magariisaa dandamanna jijiirama haala qilleensuun hojiirra akka oolu taasisu;
- Sagantaalee ijaarsa diinagdee magariisaa dandamanna jijiirama haala qilleensaafi eegumsa bosonaa qopheessuun hojiirraa oolchuu;
- Sochiiwwan misooma diinagdee keessatti seekteralee gadi lakkisii qilleensa gubataa (carbon emmisiiion) keessatti gahee olaanaa qaban karoora qopheessuun hojiirraa oolchuufi to'achuu”

- Uummanni naannoo bosonaa, paarkiifi dawoo bineensa bosonaa jiraatu sochii eegumsa naannoofi bosonaa akka hirmaatu, bu'aa irraa argamu irraas fayyadama akka ta'uuf qaama dhimmi ilaallatu waliin hojjechuu qaba;
- Hayyama gahumsa ogummaa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kennuu, haaromsuu, yoo barbaachisa ta'e argame haqu;
- Ulaagaalee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo qopheessuu, akka barbaachisummaa isaatti qaama dhimmi ilaallatuuf kennuu, hojiwwaan misoomaa kamiyyuu naannoo irratti dhiibbaa akka hin dhaqqabsiifneef to'achuu, haala kanaan piroojeektooni misoomaa kamiyyuu yammuu karoorfaman sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo dursee akka gaggeeffamu taasisuu;
- Dhaabbileen tajaajila adda addaa kennan ykn industriiwwan oomishaa naannicha keessa jiran dirqamoota seerota eegumsa naannoo, misoomaafi eegumsa bosonaa ilaachisee bahan kabajuu isaanii mirkaneessuu, mooraa dhaabata kamiyyuu seenuun saamuda fudhachuu, qorachuu, to'achuufi tarkaanfiilee sirreeffamaa fudhachuu ykn akka fudhatamu taasisuu;
- Balfaawan dhangala'oofi goggogaa ykn hafteewwan oomisha warshaalee fi hazbaan magaaloota keessaa bahu ikoolojii akka hin xureessine to'achuu, odiitii naannoo gaggeessuu, tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuufi akka fudhatamu taasisuu;
- Iddoon lubuu qabeeyyi akka hin miidhamneef to'achuu, bakka hanqinni uumameetti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu, akka fudhatamu taasisuu, qorannoo irratti hundaa'uunis paarkii, dawoo bineensota bosonaafi 'biosphere'n hundaa'ee akka kunuunfamu taasisu;
- Tooftaalee itti fayyadama qabeenya uumamaa itti fufiinsa hin qabne, manca'ina ykn faalama naannoo ittisuun danda'an irratti yaada dhiyeessuu, hojiirraa oolcha, ykn hojiirra oolmaa isaa hordofuu;
- Qaama naannoo, qabeenya bosonaafi uumamaa irratti miidhaa geessise kamiyyuu irratti tarkaanfii seeraa fudhachuufi akka fudhatamu taasisuu;
- Eegumsa naannoo, bosonaafi jijiirama haala qilleensa naannoo irratti qaamolee adda addaa waliin qindoominaan akka hojjetu;

- Sirna ragaaleefi odeeffannoo eegumsa naannoo, jijiirama haala qilleensaafi bosonaa ittiin waliitti qabamu diriirsuu, ragaaleefi odeeffannoo waliitti qabuu, gurmeessuu, kuusuu, bulchuufi akka barbaachisummaa isaatti qaama dhimmi ilaallatuuf kennuu;
- Sagantaa barnoota eegumsa naannoo idileen alaa babal'isuu akkasumaas dhimmoonni eegumsa naannoo barnoota idilee keessatti akka hammatamuuf qaama dhimmi ilaallatu waliin hojjechuufi kkf fa'i.

Walumaagalaatti, yeroo ammaa kana akka mootummaa naannoo Oromiyaatti, qaamni dhimma eegumsa naannoo irratti akka hojjetuuf aangoon labsiin kennameef Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaafi waajjiraalee isaa sadarkaan jiraniidha. Caasaaleen qaama kanaa sadarkaa sadarkaan jiran murtii dhimma naannoo irratti kennamu keessatti hawaasni naannoo akka hirmaatu, sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo qulqullinaan akka gaggeeffamuu fi madaalamu, bu'uura gaggeeffameenis gara hojiitti akka hiikamu, wantoota naannoo irratti miidhaa geessisan irratti to'anno fi hordoffii taasisuu, tarkaanfiwwan barbaachisan bu'uura seeraatiin fudhachuun eegumsi naannoo akka mirkanaa'u taasisuuf dirqama qabu. Haala kanaan, hojiwwan misoomaa hojjetaman kamiyyuu kan mootummaas ta'e kan nama dhuunfaa, miidhaa naannoo irratti osoo hin geessisiin ta'uu akka qabuu fi ummatni murtii dhimma naannoo irratti kennamu keessatti hirmaata akka ta'u taasisuun gahee hojii waajjiralee kanaati.

6.4.3. Gahee Abbaa Alangaafi Poolisii

Dhimmi eegumsa naannoo hirmanna qamolee mootummaa, miti mootummaafi hawaasa bal'aa kan barbaadu yoo ta'ees, irra caalmaan hojiirra ooluufi dhugoomu kan danda'u; yoo qaamoleen haqaa sadarkaan dhimma naannoof xiyyeffannoo kennuun karaa qindoominaa qabuun tarkaanfiilee seeraa fudhataniidha. Kunis qaamoleen haqaa sadarkaa mootummaa feederaalaafi naannootti jiran dhimma eegumsa naannoo xiyyeffannoo olaanaa kennuun heeraafi seeroota eegumsa naannoo mirkaneessuuf bahan akka kabajaman taasisuu qabu. Kanarraa ka'uun akka naannoo keenyaatti gaheen qaamoleen haqaa kan akka poolisii, Abbaa Alangaafi manni murtii eegumsaa

naannoo keessatti qaban maal akka ta'ee haala gabaabaa ta'een kutaa itti aanu jalatti kan ilaallu ta'a.

Akkuma beekamu biyya keenya keessatti eegumsaafi nageenya naannoo mirkaneessuuf seeronni hedduun sadarkaa Mootummaa Feederaalaafi naannootti bahuun hojiirra ooluutti argamu. Gama kanaan, seeronni bahan, kaayyoofi hojii eegumsa naannoo sadarkaa biyyaafi naannootti qabaman galmaan gahuuf, qaamolee garaagaraatti dhorkaawwaniifi dirqamoota ni gata. Dhorkaawwaniifi dirqamoota seerichaan gataman raawwachuu dhabuun immoo itti gaafatamummaa yakkaa, hariroo hawaasaa fi bulchiinsaa hordofsiisu. Haala kanaan, dhorkaawwaniifi dirqamoota seerota eegumsa naannoo darbuun raawwataman bu'aa itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisaan yoo ta'e qaamni dhimmicha abbummaan qorachuun himachuuf aangoo bu'uuraa qabu; poolisiifi Abbaan Alangaa itti gaafatamummaa seerota waliigalaafi seerotaa addaa naannootiin isaan irratti gataman yoo sirnaan kan bahatan ta'e, miidhaawan naannoo irratti raawwataman xiqqeessuun ykn hambisuuf, gahee isaan eegumsa naannoo keessatti qaban bahachuu malu.

Haala kanaan, seeronni eegumsa naannoo biyya keenyaas ta'ee naannoo keenyaa himannaakaa, yakkoota naannoo irratti raawwataman jajjabeessuun akka waan tarsiimoo eegumsa naannoofi fayyaa hawaasaa mirkaneessuutti itti dhimma bahaan kan jiran ta'uu, seerota kana irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis kan agarsiisuu miidhaawan naannoo irratti raawwataman tarkaanfiwwan bulchiinsaafi hariroo hawaasaa fudhachuun akkuma jirutti ta'ee; itii gaafatamummaa yakkaa fudhaachuunis hojii eegumsa naannoo milkeessuu keessatti shoora olaanaa kan qabu ta'uu isaa tumaalee adabbii hordofsiisaan seerota kanneen keessatti hammataman ni agarsiisu.

Kanarraa ka'uun seerri yakkaa biyya keenyaa, wantoota fayyaafi eegumsaa naannoo ilaalphisuun dhorkaman raawwachuun ykn tarkaanfiilee ykn of eggannoowwan fudhatamu qaban fudhachuun dhabuun itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisu ta'uu agarsiisa. Kunis dhukkuboota fayyaa lubbuu qabeeyyiwwani (nama, beellada, miidhaan, bosona) miidhaan itti yaaduun ykn dagannoon daddabarsuun ykn tamasaasuun yakkaan adabbii kan hordofsiisuudha. Gochaan kunis bu'uura hiikkaafi maalummaa naannootiin walcinaa qabuun yoo ilaallee, gochoota yakkaa nageenya

naannoo (lubbuu qabeeyiwwan) irratti raawwataman waan ta'eef, akkaataa haala raawniifi sadarkaa cimina yakkichaan adabbii kan hordofsiisaniidha.

Gama biraan, faalama naannoo madda bishaan dhugaatii namaa yookiin beelladootaa irraatti geessisuun dhorkaa waan ta'eef, itti gaafatatummaa yakkaa hordofsiisa. Keesumaa yakki kun boollawan bishaanii, kuusaalee, burqaawan, galowwan bishaanii, lageen ykn haroowwan irratti itti yaaduun wantoota fayyaa miidhaniin faaluun ykn summeessuun kan raawwate yoo ta'e, hidhaa cimaa hanga waggaa kudha shanii gahuun adabsiisu akka danda'u ni tuma.kana malees, gochaan yakkaa kun dagannoon kan raawwate yoo ta'ees, akka haala cimina yakkichaatti adabbii hidhaa salphaa ykn maallaqaan kan adabiisu akka ta'ees ni agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun, namni kamiyyuu lubbuu ykn fayyaa beelladootaa balaarra buusuuf yaaduun wantoota summaa'aa yookiin miidhaa geessisanii bakkee dheedichaa yookiin dirree kan faale yoo ta'e yakkaan ni adabsiisa.

Tumaan seera yakkaa keewwanni 519 addumatti, seera rogummaa qabu jechuun seeraa eegumsaa naannoo ykn seera faalama naannoo to'achuuf bahe kamiyyuu darbuun namni wantoota naannoo faaluu danda'an kan gara naannootti gadi gadhiisuun yakkaa kan adabsiisuudha. Akka tumaa kana irraa hubatamutti faalamichi lubbuu yookiin fayyaa namootaa yookiin naannoorratti miidhaa olaanaa kan geessise yoo ta'e, adabbii hidhaa cimaa hanga waggaa kudhanii gahuun adabamuu akka danda'uufi balleessichi gochaa kanaan tumaa seera yakkaa adabbii olaanaa hordofsiisu kan cabse yoo ta'e, tumaaleen seera yakkaa waa'ee yakkota dachaaf tumamaan raawwatatummaa kan qaban ta'uu agarsiisa.Kana malees, kosiifi wantoota biroo balafamoo ta'an bu'uura seera rogummaa qabaniin sirnaan qabuu dhabuun ykn tarreeffama maxxanfamuu qabu ilaachisee kan hin maxxansine yookiin kan hin hayyamamne kan naannesse yakkaan ni gaafatama.Gochoota sakatta'a dhiibbaa naannoo waliin wal faallessan raawwachuunis itti gaafatatummaa yakkaa hordofsiisa. Haala kanaan, namni kamuu pirojektti sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisu, qaama aangoo qabu irraa hayyama osoo hin argatiin hojiirra kan oolche yookiin dhimma kana ilaachisee gabaasa sobaa kan dhiyeesse hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen adabsiisuu akka danda'u tumame jira. Tumaan kunis kan agarsiisu

seerri yakkaa biyya keenyaa hojii eegumsa naannoo mirkaneessuu keessatti tarkaanfii jalqabaa fudhatamu qabu, sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo bu'uura seeraan dirqamni itti gatame raawwachuuun murteessaa akka ta'e hubachiisa.

Gama biraan, Naannoo irratti miidhaa geessisuun adabbii hordofsiisuu akka danda'u seera yakkaa keessatti qofaa osoo hin taane seerota eegumsa naannoo sadarkaa feederaalaafi naannoo keenyaa keessatti bahan irratti ibsamee jira. Fakkeenyaaf, Labsiin Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Oromiyaa, keewwata 19 jalatti balleessaa fi adabbii jechuun gochoota dhorkamaniifi dirqamoota labsichaan gataman raawwachuu dhabuun itti gaafatamummaa yakkaa kan hordoofsiisu ta'uu ni agarsiisa. Qabxii kana ilaalchisuun kutaa armaan dura keessatti bal'inaan waan ilaalleef, irra deebiin ibsuun barbaachisa miti. Balleessaniifi adabbiilee hordofsiisuu boqonnaa kana kutaa 3.3.2 ilaala.

Haaluma walfakkaatuun, Labsiin Lakk.177/2005, faalama naannoo xiqqeessuuf ykn hambisuuf qaamoleen hojii misooma investimentiifi piroojrktoota adda addaa gaggeessaan, mirgaafi dirqamoota isaan irratti gataman hubachuun, eegumsa naannoof xiyyeffannoo guddaa kenuun akka hojjetan kan dirqisiisuudha. Kana malees, Itti gaafatamtoonniifi to'atoonni eegumsa naannoo sadarkaa sadarkaan jiran gahee hojii isaanii sirnaan bahachuun faalama naannoo ta'achuu qabu. Hojii isaanii bu'uura seerichaan bahachuun dhabuun immoo itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisu ta'uu isaa tumaalee labsichaa irraa hubachuun ni danda'ama. Kunis qaamni dirqama isaa bahachuun dhabuun, naannoofi fayyaa hawaasaa irratti miidhaa geessise irratti bu'uura labsichaan sirni itti gaafatamummaa kan jiru ta'uifi tarkaanfin sirreeffamas fudhatamuu akka qabu tumaalee labsihaa keewwatoota 18 hanga 24 jira irraa hubachuun ni danda'ama.

Walumaagalaatti, gochoonni yakkaa haala armaan dura ibsameen, seera yakkaa irraa eegaluun seerota adda addaa haala addaan eegumsa naannootiif bahan keessatti ibsaman qorachuufi himachuun, hojii olaantummaa seeraa mirkaneessuu miidhaa naannoo irratti gahuu malu xiqqeessuu ykn hambisuu keessatti gaheen Poolisiifi Abbaa Alangaa olaanaa akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Haala kanaan, qaamoleen kun yakkoota naannoo irratti raawwataman qoratanii gara mana murtiitti dhiyeessuun,

qaamolee naannoo irratti miidhaa geessisan irratti balleessummaafi adabbii barsiisa kennisiisuun hojii eegumsa naannoo mirkaneessuuf tattaaffii taasisamu keessatti gahee isaanii bahachuu qabu.

6.4.4. Eegumsa Naannoo keessatti Gahee Mana Murtii

Manneen Murtii naannoo keenyaa, mirgootaafi bilisummaawwan bu'uraa Heera Federaalaafi Mootummaa Naannoo Oromiyaafi seerota heeraa raawwachisuuf bahaniin beekamtiifi eegumsa argatan kabachiisuu keessatti shoora eenyuun iyyuu bakka hin bu'amne qabu.Kana malees waldhabdeen namoota garaa garaa gidduutti yommuu uumamu, adeemsaafi sirna seeraan diriire hordofuun murtii haqa qabeessa kenuun olaantummaan seeraa mirkaneessuuf dirqama ergama hundeffamaa qabu.

Bu'uura kanaan, mirgoota Heera Federaalaafi Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin beekamtii argataniifi kabajamu qaban keessaa tokko, mirga lammileen naannoo qulqulluufi jirenyaaaf mijataa ta'e keessa jiraachuuti. Mootummaa dabalatee namni kamiyyuu mirga kana kabajuuf ni dirqama. Sababa hojiilee misoomaafi sagantaawwan mootummaan raawwatuun namoonni naannoo jiraatan irraa kan buqqa'an yoo ta'e, mootummaan dirqama beenyaa gahaafi bakka jirenyaa mijawaa ta'ee isaan qubsiisu kan qabu akka ta'ee heerichaafi seera kana raawwachisuuf bahe irraa hubachuun ni danda'ama. Mirgoonni kunneen kan sarbaman yoo ta'e, manneen murtii mirgoonni kun bu'uura seeraatiin akka kabajaman gochuuf gahee olaanaa qaba. Kunis bu'uura heera mootummaa keewwata 13(1) jalatti tumamen, qaamni aangoon abbaa seerummaa kennameef, jechuun manneen murtii sadarkaan jiran, mirga lammileen naannoo qulqulluufi jirenyaaaf mijataa ta'e keessa jiraachuu kabajuufi kabachiisuu ifti gaafatamumaafi dirqama heera mootummaa irraa madde ni qabaatu.

Bu'uura seera yakkaa biyya keenyaaatiin, wantoota fayyaafi eegumsaa naannoo ilaalchisuun dhorkaman raawwachuun ykn tarkaanfiilee ykn of eggannoowwan fudhatamu qaban fudhachuun dhabuun ifti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisuu ta'uu agarsiisa. Dhimmoonni yakkaa ta'an immoo mana murtii idileetiin furmaata seera argatu. Haala kanaan gochaaleen yakkaa tumaa seera yakkaa jalatti ibsaman,

raawwatamuun yoo argaman manneen murtii xiyyeffannoona ilaluuun murtii haqa qabeessa ta'eefi karaa kaayyoo eegumsa naannoo galmaan gahuun hojiitti hiikamu qaba.

Gama biraan, labsiilee eegumsa naannoo mirkaneessuuf sadarkaa Mootummaa Federaalaafi Naannoo keenyaatti bahan yoo ilaalle, labsicha raawwachisuufi eegumsaafi nageenya naannoo mirkaneessuu keessatti manneen murtii gahee kan qaban akka ta'e ni agarsiisu. Fakkeenyaaaf Labsiin Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Federaala yakkota naannoo irratti raawwataman kanneen seera yakkaan tumaman akka jirutti ta'anii, gochoonni yakkaa labsii kana darbuun raawwataman maal akka ta'aniifi adabbii kan hordofsiisan ta'uu tumeera. Haaluma walfakkaatuun, Labsiin To'annoo Faalama Naannoo Federaalaas gochaawan bu'uura labsichaa dhorkaa ta'aniifi dirqamoota gataman raawwachuu dhabuun itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisu akka ta'ee, kutaa labsichaa mata duree balleessaawwaniifi adabbiwwan jedhu jalatti tarreesse jira.

Kana malees, labsiin lakk.176/2005 Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ilaachisuun haala armaan dura ibsuuf yaalameen, gochaawan dhorkamaniifi itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisan labsicha keewwata 19 jalatti adabbii isaanii waliin tumeer jira. Manni murtiis bu'uura tumaa kanaan gochaawan yakkaa kan raawwataman yoo ta'e, himatamaa yakkaa irratti murtii balleessummaafi adabbiwwan barsiisoo ta'aan tarkaanfiiwan biroo seerichaafi seerota eegumsa naannoona akka fudhatamu tumaman waliin murteessuu qaba. Akkasumaas bu'uura Labsiin Lakk.177/2005, labsii faalama naannoo to'achuuf baheen, qaamni dirqama isaa bahachuun dhabuun, naannoofi fayyaa hawaasaa irratti miidhaa geessise irratti bu'uura labsichaan sirni itti gaafatamummaa kan jiru ta'uufi tarkaanfiin sirreeffamas fudhatamuu akka qabu tumaalee labsihaa keewwattoota 18 hanga 22 jira irraa hubachuun ni danda'ama. Haala kanaan gochaaleen itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisan kunneen manneen murtiitiin bu'uura seerichaafi kaayyoo eegumsa naannoo labsichi galmaan gahuuf bahe mirkaneessuun hojiirra oolu qabu.

Dhuma irratti qabxiin hubatamu qabu, eegumsa naannoo ilaachisee gochoonni yakkummaan gaafachisan, seera yakkaa biyya keenyaa yeroo ammaa kana hojiirra

jiruufi labsiilee sadarkaa Mootummaa Feederaalaafi naannootti bahaniin, dhimma ykn gochaa walfakkaatan yakkummaan kan gaafachisu akka ta'eefi adabbiin isaanii tumaalee laman jalatti argamu garaagarummaan qabuuf, himannaan tumaa seera isa kamiin kennamuu qabaafi murtii balleessummaafi adabbiins tumaa keewwata seera isa kam jalatti kennamu qaba gaaffiin jedhu ka'uu mala. Gaaffii kanaaf deebii kenuun dura tumaalee seerota lameeni ilaaluun dirqama. Kunis seerri yakkaa keewwanni 3, seerri yakkaa kun yoo jiraates, seeronni biroo raawwatinsa qabaachuu akka danda'an beekamtii ni kenna. Haaluma walfakaatuun, labsiin lakk.177/2005, keewwatni 21, seera yakkaatiin caalmaatti kan adabsisu yoo ta'e malee, namni gochaawan yakkaa keewwata kana jalatti ibsaman raawwate, bu'uura tumaa kanaan kan adabamu akka ta'e ni agarsiisa. Gama biraan, gochaan yakkaa raawwatame kan tumaa kana jalatti haguugame yoo ta'ees, seerri yakkaa balleessicha dabbii caaluun kan adabu taanaan seerri yakkaa keewwatni adabbii olaanaa tumu sun raawwatamummaa akka qabu agarsiisa.

Gaaffii Marii

Mirgootaafi bilisummaan bu'uura heera mootummaafi seerotaan beekamtiifi eegumsi taasifameef, manneen murtii kabachisuu keessatti dirqama sadarkaa jalqabaa qabu. Bu'uura heera mootummaa feederaalaafi naannoo keenyaa keewwata 26tiin namni kamiyyuu jireenyi dhuunfaa isaa kabajamuuf akka qabu mirga bu'uura heeraa qaba. Mirgi kun sakatta'amuu mana jirenyaa, qaamaafi qabeenya isaa, akkasumaas qabeenyi qabiyyee dhuunfaa isaa jalatti argamu kan hammatu akka ta'e ni tuma. Haaluma walfakaatuun Seerri Deemsa falmii yakkaa biyya keenyaas mannifi qabiyyeen nama dhuunfaa ajaja mana murtiin malee sakatta'amu akka hin qabne ni tuma. Haa ta'u malee, labsiin lakk.177/2005, keewwata 13(4) jalatti, abbaa qabeenya ykn gaggeessaa dhaabbilee beeksisuun hojii isaa kan gufachiisu ta'ee yoo itti argame, mooraa ykn dhaabbata kamiyyuu seenuun hojii to'annoogaggeessuuf, abbaa qabeenya ykn gaggeessaa dhaabbatichaa otuu hin beeksisiin ykn ajaja mana murtii osoo hin qabatiin gara mooraa ykn bakka hojii dhaabbilee kamiyyuu seenuun sakatta'uu akka danda'u ni tuma.

1. Heerri Mootummaa keewwatni 26 fi Labsiin lakk.177/2005, keewwatni 13(4) waliitti bu'a jettu? Maaliif?
2. To'ataan naannoo haala armaan dura ibsameen mooraa ykn qabiyyee dhaabbilee beekamtii abbaa qabeenyatiin ykn hojii gaggeessaan ala yeroo sakattoo adeemsisu, wardiyoota eegumsa moorichaa ykn qabiyyee dhaabbilee eeguuf itti gaafatamummaa seeraa qabaniin yoo dhorkame tarkaanfii maalii fudhachuu qaba? Labsicha keewwatni 18 waardiyoota itti gaafatamummaa isaanii bahachuuf, hojii to'atichaa gufachisaan irratti raawwatinsa ni qabaata? Maaliif?

MADDOOTA BARREEFFAMICHAA

I. Seerota

1. The Environmental Policy of Ethiopia, April 1997.
2. Environmental Pollution Control Proclamation, Procl. No. 300/2002, Neg. Gaz., 9th Year, No.2.
3. The Constitution of the FDRE OF 1995, Neg. Gaz., 1st Year, No.1
4. Environmental Impact Assessment Proclamation, Procl. No299/2002, Neg. Gaz., 9thYear, No 11.
5. Environmental Protection Organs Establishment Proclamation, Procl. No. 1097/2018, Neg.Gaz., 9th Year, No.7.
6. Proclamation to Provide the Definitions of Powers and Duties of Executive Organs, proclamation No.1097/2018.
7. Draft Bio-safety Proclamation Biological Diversity Convention Ratification Proclamation No. 98/1994, Neg. Gaz., Year 53, No.88.
8. African Charter on Human and Peoples' Right, Adopted on June 27, 1981 OAUDoc./1982.

9. Report of the World Commission on Environment and Development [the BrutlandReport] Our Common Future 43 (1987)
- 10.The Bio Declaration on Environment and Development, Held at Rio de Janeiro from3 to 14 June.
- 11.The First United Nation Conference Environment and Development, Held inStockholm in June 1997.
- 12.The Rio Declaration on Environment and Development, Held in Rio de Janeiro from3to 14 June 1992.
- 13.The World Charter for Nature, Adopted and Solemnly Proclaimed by the UN GeneralAssembly, on 28 Oct, 1982.
- 14.Declaration on Financing Global Environment and Development, Held inTokyo from 15 to 17 April 1992.
- 15.Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe Labsii Lakk 46/1994, Magalata Oromiyaa,
- 16.Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuuu, Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Labsii Lakk. 213/2011
- 17.Labsii Sakata'iinsa Dhiibbaa Haala Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaalab.lakk.176/2012, Magalata Oromiyaa, Finfinnee, Sadaasa 2005.
- 18.Labsii Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijiirama Qilleensaa fi Labsii lakk.176/20012.
- 19.Labsii Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin murteessuuf bahe, lakk.138/2000, Magalata Oromiyaa, Muddee, bara 2000.
- 20.Qajeelfama Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, lakk.1/2004.
- 21.Labsii To'anno Faalama Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf bahe, labsii Lakk.177/2005, Magalata Oromiyaa, Finfinnee, Sadaasa 2005.
- 22.Environmental Protection Authority Establishment Proclamation, Proclamation No.09/1995,

23. Proclamation No.1097/2018, Environmental Protection Organs Establishment Proclamation.
24. Labsii Biiroon Lafa Baadiyaafi Eegumsa Naannoo Oromiyaa hubdeessuuf bahe, lakk.147/2009,
25. Seera Yakkaa Mootummaa Feederaalaa Dimookiraatawaa Rippaabiliaka Itiyoophiyaa Labsii Lakk 414/2004,
26. Labsii Gurmaa'ina, Aangoofi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Lak.216/2011,
27. Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo federaalaa,lak.299/2002,
28. Labsii To'anno Faalama Naannoo Federaalaa, lak.300/2002,

II. Kitaabotaafi Barruulee Barruulee Adda Addaa

1. Waaqgaarii Dullumeefi Azzanee Indaallammaa, Rakkoolee Eegumsa Naannoo Mirkaneessuu Keessatti Mul'atan: Haala Qabatama Naannoo Oromiyaa, Sadaasa, 2009, Adaamaa.
2. UNEP, Cultural and Spiritual Values of Biodiversity: A Complementary Contribution to the Global Biodiversity Assessment, Compiled and Edited by Darrell Addison Posey, Oxford Centre for the Environment, Ethics and Society, Mansfield College, University of Oxford, Uk, London, 1999, Published by Intermediate Technology Publications
3. Dr. Dejene Girma, The Chance to improve the system of EIA in Ethiopia: A look at the new investment proclamation, Oromia law journal vo.3, no. 1
4. Environmental Impact Assessment in Ethiopia: Laws and Practices, A Dissertation Submitted in Partial Fulfillment of the Requirements for the Degree of Doctor of Philosophy in the Department of Interdisciplinary Studies, in the graduate School of The University of Alabama, 2012.
5. *Integrating Environment And Development:* 1972–2002, UNEP, (available online)
6. *Environmental Law Teaching Material Tsegai Berhane and Merhatbeb Teklemedhn Mekelle University Faculty of Law, April 2008.*

7. Mostafa Kamal Tolba, *Arab Environment: Future Challenges, Chapter 2: Integrating Environment in Development Planning* (available online)
8. Lyuba Zarsky (editor), *International Investment for Sustainable Development: Balancing Rights and Rewards*, Earthscan, 2005
9. Jackie Venning and John Higgins (editors) *Towards Sustainability: Emerging Systems for Informing Sustainable Development*, UNSW Press, 2001
10. Neil Carter, *The Politics of the Environment: Ideas, Activism, Policy*, Cambridge University Press, 2001
11. Tom Bigg (editor), *Survival for a Small Planet: The Sustainable Development Agenda*, Earthscan, 2004
12. Dejene Girma Janka, Environmental Impact Assessment in Ethiopia: Laws and Practices, ProQuest, Ann Arbor, USA, 2012 (available online)
13. Dejene Girma Janka, The Chance to Improve the System of EIA in Ethiopia: A Look at the New Investment Proclamation, Oromia Journal of Law, Vol. 3, No. 1, 2014 (available online)
14. Dejene Girma Janka, The Place of Environmental Protection in the Growth and Transformation Plan of the Federal Democratic Republic of Ethiopia, Oromia Journal of Law, 2013 (available online)
15. FDRE ‘Constitution’, Proc. 1/1995
16. Investment Proclamations, Proc. 769/2012 and Proc. 849/2014
17. Business Licensing and Registration Proclamations, Proc. 686/2010 and Proc. 801/2013
18. Petroleum Proclamation, Proc. 838/2014
19. Energy Proclamation, Proc. 810/2013
20. Mining Operations Proclamation, Proc. 678/2010
21. Precious Minerals Proclamation, Proc. 651/2009
22. Land Use Laws (like Urban Lands Lease Holding Proclamation, Proc. 721/2011)
23. "Environmental-protection dictionary definition / environmental-protection defined". *yourdictionary.com*. Retrieved 2018-11-21.

- 24.** "What is ENVIRONMENTAL PROTECTION? definition of ENVIRONMENTAL PROTECTION (Black's Law Dictionary)". *The Law Dictionary*. 2012-10-19. Retrieved 2018-11-21.
- 25.** Karamanos, P., Voluntary Environmental Agreements: Evolution and Definition of a New Environmental Policy Approach. *Journal of Environmental Planning and Management*, 2001. 44(1): p. 67-67-84.
- 26.** Blackman, A., Can Voluntary Environmental Regulation Work in Developing Countries? Lessons from Case Studies. *Policy Studies Journal*, 2008. 36(1): p. 119-141.
- 27.** *The California Institute of Public Affairs (CIPA) (August 2001). "An ecosystem approach to natural resource conservation in California". CIPA Publication No. 106. InterEnvironment Institute. Archived from the original on 2012-04-02. Retrieved 10 July 2012.*
- 28.** Mitchell, R.B., International Environmental Agreements: A Survey of Their Features, Formation, and Effects. *Annual Review of Environment and Resources*, 2003. 28(1543-5938, 1543-5938): p. 429-429-461.
- 29.** Harding, R., Ecologically sustainable development: origins, implementation and challenges. *Desalination*, 2006. 187(1-3): p. 229-239
- 30.** Jonathan Verschuur (1993). "Environmental Law, Articles". arno.uvt.nl/. Retrieved 10 Sep 2020.
- 31.** *Earth Trends (2003). "Biodiversity and Protected Areas-- Tanzania" (PDF). Earth Trends Country Profiles. Vrije Universiteit Brussel. Retrieved 10 July 2012.*
- 32.** *Jessica Andersson; Daniel Slunge (16 June 2005). "Tanzania – Environmental Policy Brief" (PDF). Tanzania – Environmental Policy Brief. Development Partners Group Tanzania. Archived from the original (PDF) on 2012-07-10. Retrieved 10 July 2012.*
- 33.** Goldstein, G., Legal System and Wildlife Conservation: History and the Law's Effect on Indigenous People and Community Conservation in Tanzania, The Georgetown International Environmental Law Review, 2005. Georgetown University Law Center (Spring).

- 34.Pallangyo, D.M. (2007). "Environmental Law in Tanzania; How Far Have We Gone?".LEAD: Law, Environment & Development Journal 3 (1).
- 35.Tanzania Government. "Environment Tanzania". Tanzania Government. Retrieved 20/9/2011.
- 36.*Zhang, Kunmin; Wen, Peng (2008). "Review on environmental policies in China: Evolvement, features, and evaluation". Environ. Sci. Engin. China. 2 (2): 129–141. doi:10.1007/s11783-008-0044-6.*
- 37.*Zhang, Kun-min; Wen, Zong-guo. (2008). "Review and challenges of policies of environmental protection and sustainable development in China". Journal of Environmental Management. 88: 1249–1261. doi:10.1016/j.jenvman.2007.06.019.*
- 38.*Chunmei, Wang; Zhaolan, Lin. (2010). "Environmental Policies in China over the past 10 Years: Progress, Problems and Prospects". International Society for Environmental Information Sciences 2010 Annual Conference (ISEIS). 2: 1701–1712. doi:10.1016/j.proenv.2010.10.181.*

III. Dhimmoota

1. Action-Professionals' Association for the People [APAP] Vs. Environmental Protection Authority.
2. CERAC Vs Nigerian Government and the Oil Giant Shell.
3. International Court of Justice in the Legality of Nuclear Weapons Case, 1996.ICJRep. 4.
4. Minor Opposa Vs Secretary of the Department of Environmental and NaturalResource. [G.R. No. 101083, July 30, 1993.
5. Dhimma Falmii hariiroo hawaasaa, himataa Dhaabbata Bosonaafi Bineensota Bosonaa, Damee Jimmaafi himtamtuu Adde Tigiisti Habtee gidduu tureen, Mana Murtii Olaanaa Godina Jimmaa, lakk galmee 43684.